# Hisnul Muslim

# حصن المسلم

<oromo- الأورومية >

Qopheessaan: **said bin Ali binwahfi alqahxaaniyyi**

Kan hiike: **Gaalii Abbaaboor Abbaaguumaa**

**Gulaala – ustaz Jamaal Muhammad Ahmad**

# حصن المسلم

سعيد بن علي بن وهف القحطاني

ترجمة: غالي أبابور أبا غوما

مراجعة: جمال محمدأحمد

إِنَّ الحَمْدَ لِلَّهِ، نَحْمَدُهُ، وَنَسْتَعِينُهُ،

## Dursa

Dhugumatti faaruun hunduu kan Rabbiiti. Isa faarsina. Isa gargaarsifannas. Araaramas isarraa barbaanna. Hamtuu lubbuu keenyaatiifi yakka hojii keenyaa irraa Rabbitti maganfanna. Nama Rabbiin isa qajeelche wanti jallisu hin jiru. Nama inni jallise wanti qajeelchu hin jiru. “Dhugaan gabbaramaan isa malee hin jiru; Inni tokkicha hiriyaa hin qabne” jechuu ragaan baha. Akkasuma Muhammad (saw) gabricha Rabbiifi ergamaa Isaa ta’uu ragaan baha. Rahamanni Rabbiifi nageenyi Isaa isaan, maatii isaanii, sahaabota isaaniifi warra hanga Guyyaa Qiyaamaatti haala gaariin isaan hordofan irra haa jiraatu.

Ittiin aansuudhaan kun kitaaba gabaabaa ani kitaaba kiyya isa dheeraa “Zikrii, du’aa’iifi ruqaa Qur'aanaafi hadiisaa” jedhamu irraa gabaabseedha. Akka imala keessatti baadhachuun isaa salphatuufin kutaa zikrii qofa irraa gabaabse.

Barruu zikrii qofarrattin gabaabbadhe. Wabii isaa kitaaba jalqabaa irratti argame keessaa tokko yookiin lama dubbachuu irrattin gabaabbadhe.

Namni sahaabaa hadiisicha odeesse yookiin wabii dabalataa baruu fedhe gara kitaaba isa jalqabaatti deebi’uu qaba. Rabbii guddaa maqoolee Isaa gaggaariifi amaloota Isaa ol aanaa ta’een akka inni waan Isaaf jecha hojjatame, jiruu kiyya keessattiifi ergan du’eellee kan ani itti fayyadamu, nama dubbiseefi maxxansellee fayyadu taasisun kadha. Kan kana godhuu danda’u isa qofa waan ta’eef. Rahmanni Rabbiifi nageenyi Isaa Nabiyyii, maatii isaanii, sahaabota isaaniifi warra hanga Guyyaa Qiyaamaatti haala gaariin isaan hordofan irra haa jiraatu.

Qopheessaa

Ji’a Safarii bara 1409 ALH gulaale.

## Sadarkaa Zikriin qabu

Rabbiin ol ta'e ni jedhe: “na yaadadhaa; anis isinin yaadadha. Na galateeffadhaa natti hin kafarinaa.” (Albaqaraa: 152).

“Yaa warra amantan yaadannoo baay’ee Rabbiin yaadadhaa.” (Al-Ahzaab: 41)

“Dhiirolee baay’ee Rabbiin yaadataniifi dubartii Rabbiin yaadatan, Rabbiin araaramaafi mindaa guddaa isaaniif qopheesseera.” (AL-Ahzaab: 35)

“Lubbuu kee keessatti gadi of qabaafi sodaataa, sagalee ol hin fuudhaminiin ganamaafi galgala Gooftaa kee faarsi. Dagattoota irraas hin ta’in.” (Al-Anfaal: 205)

وَقَالَ النَّبِيُّ ﷺ: ((مَثَلُ الَّذِي يَذْكُرُ رَبَّهُ، وَالَّذِي لاَ يَــذْكُرُ ربَّهُ، مَثَلُ الحَيِّ وَالميِّتِ))

Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “fakkeenyi nama Rabbii isaa yaadatuufi isa Rabbii isaa hin yaadannee fakkeenya jiraataafi du’aati.” Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

وَقَالَ ﷺ: ((أَلاَ أُنبِّئُكُم بِخَيْرِ أَعْمَالِكُمْ، وَأَزْكَاهَا عِنْدَ مَلِيكِكُمْ، وَأَرْفَعِهَا فِي دَرَجَاتِكُمْ، وَخَيْرٍ لَكُمْ مِنْ إِنْفَاقِ الذَّهَبِ وَالوَرِقِ، وَخَيْرٍ لَكُمْ مِنْ أَنْ تَلْقَوْا عَدُوَّكُمْ فَتَضْرِبُوا أَعْنَاقَهُمْ وَيَضْرِبُوا أَعْنَاقَكُم))؟قَالُوا بَلَى. قَالَ:

((ذِكْرُ اللَّهِ تَعَالَى))

Ammas Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “dhaga’aa! Mee caalaa hojii keessanii, Rabbii keessan birattis akkaan qulqulluu, sadarkaa keessanis kan akkaan ol kaaftu, warqiifi meeta sadaqachuurra kan isiniif caaltuufi isin diina keessan qunnamtanii morma isaanii rukutuufi isaan morma keessan rukutuu irra kan isiniif caalu isinitti himuu?” Eeyyee jedhan. “Inni zikrii Rabbii ol ta’eeti” jedhan.[1]

وَقَالَ ﷺ: ((يَقُولُ اللَّهُ تَعَالَى: أَنَا عِنْدَ ظَنِّ عَبْدِي بِي، وَأَنَا مَعَهُ إِذَا ذَكَرَنِي، فَإِنْ ذَكَرَنِي فِي نَفْسِهِ، ذَكَرْتُهُ فِي نَفْسِي، وَإِنْ ذَكَرَنِي فِي مَلأٍ ، ذَكَرْتُهُ فِي مَلأٍ خَيْرٍ مِنْهُمْ، وَإِنْ تَقَرَّبَ إِلَيَّ شِبْراً، تَقَرَّبْتُ إِلَيْهِ ذِرَاعاً، وَإِنْ تَقَرَّبَ إِلَيَّ ذِرَاعاً، تَقَرَّبْتُ إِلَيْهِ بَاعاً، وَإِنْ أَتَانِي يَمْشِي أَتَيْتُهُ هَرْوَلَةً

Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “Rabbiin ol ta'e ni jedha: ‘ani bakka gabrichi kiyya itti na yaaden jira. Ani yeroo inni na yaadate isa waliinin jira. Yoo inni lubbuu isaa keessatti na yaadate lubbuu kiyya keessattin isa yaadadha. Yoo inni jamaa’aa keessatti na yaadate jamaa’aa isaan caalan keessattin isa yaadadha. Yoo inni

[1] Tirmiziifi Ibn Maajaatu gabaasan. Sahiih Attirmizii 3/139 ilaali.

taakkuu natti dhihaate dhundhuman itti dhihaadha. Yoo inni dhundhuma natti dhihaate harka guutuun isatti dhihaadha. Yoo deemaa natti dhufe sussukkiinin isatti dhufa."[2]

عَبْدِ اللَّهِ بْنِ بُسْرٍ ﷺ أَنَّ رَجُلاً قَالَ: يَا رَسُولَ اللَّهِ، إِنَّ شَرَائِعَ الإِسْلاَمِ قَدْ كَثُرَتْ عَلَيَّ، فَأَخْبِرْنِي بِشَيْءٍ أَتَشَبَّثُ بِهِ. قَالَ: ((لاَ يَزَالُ لِسَانُكَ رَطْباً مِنْ ذِكْرِ اللَّهِ))(3)،

Abdullaah bin Busr irraa odeeffamee (ra) ni jedhe: namni tokko "yaa Ergamaa Rabbii sharii'aan Islaamaa narratti baay'attee waan ani qabadhu natti himi" jedhe. Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: "arrabni kee Rabbiin zakkaruu irraa hin qoorin."[4]

وَقَالَ ﷺ: ((مَنْ قَرَأَ حَرْفاً مِنْ كِتَابِ اللَّهِ فَلَهُ بِهِ حَسَنَةٌ، وَالْحَسَنَةُ بِعَشْرِ أَمْثَالِهَا، لاَ أَقُولُ: (الم%) حَرْفٌ، وَلَكِن: أَلِفٌ حَرْفٌ، وَلاَمٌ حَرْفٌ، وَمِيْمٌ حَرْفٌ))

Ammas Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: "kitaaba Rabbii irraa namni qubee tokko dubbise mindaa tokko qaba. Mindaan immoo fakkii ishee kudhaniin kaffalamti. 'Alif Laam Miim' qubee

---

[2] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

[4] Tirmiziifi Ibn Maajaatu gabaase.

tokko hin jedhu; garuu Alif qubeedha Laamis qubee Miimis qubeedha.”[5]

وَعَنْ عُقْبَةَ بْنِ عَامِرٍ ﵁ قَالَ: خَرَجَ رَسُولُ اللَّهِ ﷺ وَنَحْنُ فِي الصُّفَّةِ، فَقَالَ: ((أَيُّكُمْ يُحِبُّ أَنْ يَغْدُوَ كُلَّ يَوْمٍ إِلَى بُطْحَانَ، أَوْ إِلَى الْعَقِيقِ، فَيَأْتِيَ مِنْهُ بِنَاقَتَيْنِ كَوْمَاوَيْنِ فِي غَيْرِ إِثْمٍ وَلاَ قَطِيعَةِ رَحِمٍ))؟ فَقُلْنَا: يَا رَسُولَ اللَّهِ نُحِبُّ ذَلِكَ. قَالَ: ((أَفَلاَ يَغْدُو أَحَدُكُمْ إِلَى الْمَسْجِدِ فَيَعْلَمَ، أَوْ يَقْرَأَ آيَتَيْنِ مِنْ كِتَابِ اللَّهِ ﷿ خَيْرٌ لَهُ مِنْ نَاقَتَيْنِ، وَثَلاثٌ خَيْرٌ لَهُ مِنْ ثَلاَثٍ، وَأَرْبَعٌ خَيْرٌ لَهُ مِنْ أَرْبَعٍ، وَمِنْ أَعْدَادِهِنَّ مِنَ الإِبِلِ))[(6)].

Uqbaa bin Aamir irraa odeeffamee (ra) ni jedhe: Ergamaan Rabbii (saw) osoo nuti warra suffaa keessa jirruu nurratti bahanii “isin keessaa eenyutu guyyaa hundaa gara Buxhaan yookiin Aqiiq dhaqee haala yakkaafi firooma kutuu hin qabneen gaala gooba dhedheertuu lama fudhatee dhufuu jaalata?” jedhan. “Yaa Ergamaa Rabbii sana ni jaalanna” jenne. Ergamaan Rabbii (saw) “tokkoon keessan gara masjidaa deemee kitaaba Rabbii irraa aayata lama barachuun yookiin qara’uun gaala lama irra isaaf caala; sadii gaala sadii irra caala. Afuris gaala afur irra caala. Gaala

[5] Tirmiziitu gabaase. Albaaniin Sahiih Aljaami’iin keessatti sahiiha godheera.

lakkoofsa hanga isaanii ni caalu."[7]

وَقَالَ ﷺ: ((مَنْ قَعَدَ مَقْعَدَاً لَمْ يَذْكُرِ اللَّهَ فِيهِ، كَانَتْ عَلَيْهِ مِنَ اللَّهِ تِرَةٌ، وَمَنِ اضْطَجَعَ مَضْجِعاً لَمْ يَذْكُرِ اللَّهَ فِيهِ كَانَتْ عَلَيْهِ مِنَ اللَّهِ تِرَةٌ))

Ammas Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: "namni taa'icha tokko taa'ee isa keessatti Rabbiin hin zakkarin hoongoon Rabbiin biraa ta'e isa mudata. Namni ciisicha wahii ciisee isa keessatti Rabbiin hin zakkarin gaabbii Rabbiin biraa ta'etu isarra jiraata."[8]

وقال ﷺ: ((مَا جَلَسَ قَوْمٌ مَجْلِسَاً لَمْ يَذْكُرُوا اللَّهَ فِيهِ، وَلَمْ يُصَلُّوا عَلَى نَبِيِّهِمْ إِلاَّ كَانَ عَلَيْهِمْ تِرَةً، فَإِنْ شَاءَ عذَّبَهُمْ، وَإِنْ شَاءَ غَفَرَ لَهُمْ))[(9)].

Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: "ummanni taa'icha isa keessatti Rabbiin hin zakkarreefi Nabiyyii irratti rahmata hin buusin taa'an hoongoon Rabbi biraa ta'e isaan irra jiraatu malee hin hafu. Rabbiin yoo fedhe isaan adaba yoo fedhe isaaniif araarama."[10]

---

[7] Muslimtu gabaase.
[8] Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin Sahiih Aljaami'iin keessatti sahiiha godheera.

[10] Tirmiziitu gabaase.

وَقَـالَ ﷺ: ((مَـا مِنْ قَوْمٍ يَقُومُونَ مِنْ مَجْلِسٍ لاَ يَـذْكُرُونَ اللَّهَ فِيهِ إِلاَّ قَامُوا عَنْ مِثْلِ جِيفَةِ حِمَارٍ، وَكَانَ لَهُمْ حَسْرَةً))(11).

Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: "ummanni taa'icha isa keessatti Rabbiin hin zakkarre irraa ka'an akka waan raqa harree irraa ka'aaranuu ta'an malee hin hafan. Gaabbiin (sheenaan) isaan irra jiraata."[12]

## 1 – أَذْكَارُ الاسْتِيقَاظِ مِنَ النَّوْمِ

## 1. Zikrii yeroo hirriba irraa dammaqanuu

1-(1) ((الحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي أَحْيَانَا بَعْدَ مَا أَمَاتَنَا، وَإِلَيْهِ النُّشُورُ))(13).

1- "Faaruun kan Rabbii erga nu ajjeesee fayyisee nu jiraachiseeti."[14]

2-(2) ((لاَ إِلَـهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَـــرِيكَ لَهُ، لهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الحَمْدُ، وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ، سُبْحَانَ اللَّهِ، وَالحَمْدُ لِلَّهِ، وَلاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ، وَاللَّهُ أَكبَرُ، وَلاَ حَوْلَ وَلاَ قُوَّةَ إِلاَّ بِـاللَّهِ الْعَلِيِّ الْعَظِيمِ، رَبِّ اغْفِرْ لِي))(15).

---

[12] Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin Sahiih Aljaami'iin keessatti sahiiha godheera.

[14] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

2- “Dhugaan gabbaramaan Allaah malee hin jiru. Inni tokkicha shariika hin qabneedha.
3- Mootummaan kan isaati. Faaruunis kan Isaati. Inni waan hundaa danda’aadha. Rabbiin qulqullaa’e. Faaruun kan Rabbiiti. Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Rabbiin hundarra guddaadha. Tooftaafi humnis Rabbii ol ta’aa guddaa irraa malee hin argamu. Yaa Rabbi naaf araarami.”[16]

3-(3) ((الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي عَافَانِي فِي جَسَـــدِي، وَرَدَّ عَلَيَّ رُوحِي، وَأَذِنَ لِي بِذِكْرِهِ))(17).

4- “Faaruun kan Rabbii isa qaama kiyya nagaa godhee lubbuu kiyya natti deebisee isa yaadachuu naaf eeyyameeti.”[18]
5- “Uumuu samiifi dachii, wal bakka bu’uu halkaniifi guyyaa keessa warra sammuu qabaniif mallattooleetu jira. [Isaan] warra dhaabatanii, taa’anii, cinaacha isaanii irrattis Rabbiin faarsanii “yaa Gooftaa keenya! Ati kana taphaaf

[16] Nama kana jedhe araaramni isaaf godhama; yoo kadhate isaaf owwaatama. Yoo ka’ee wuduu’atee salaate irraa qeebalama. Bukhaariitu gabaase.

[18] Tirmiziitu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

hin uumne, qulqulloofte, adabbii ibiddaa irraa nu baraari" jedhaa uumama samiifi dachii keessatti xiinxalaniidha. “Gooftaa keenya! Ati nama ibidda seensifte dhugumatti isa salphifteetta. Miidhaa hojjattootaaf gargaaraan hin jiru. Gooftaa keenya! dhugumatti nuti lallabaa ‘Gooftaa keessanitti amanaa’ jechuun iimaanaaf lallabu dhageenyee amanneerra. Gooftaa keenya! badii keenya nuuf araarami; hamtuuwwan keenyas nurraa harcaasi; warra qulqulluu wajjinis nu ajjeesi. Gooftaa keenya! Waan ergamtoota kee irratti waadaa nuuf seente nuuf kenni. Guyyaa Qiyaamaas nu hin salphisin. Dhugumatti Ati waadaa hin faallessitu" [jedhaa xiinxalaniidha]. Gooftaan isaaniis “Ani dalagaa nama isin irraa dalagee kan dhiiraas ta’ee dhalaa hin balleessu. Gariin keessan garii irraayyi" jechuun isaaniif owwaate. Isaan godaanan, manneen isaanii irraa baafaman, kan karaa kiyya keessatti rakkifamanii lolaniifi ajjeefaman, dhugumatti hamtuuwwan isaanii isaan irraa harcaaseen ashaakiltii laggeen jala ishee yaatu isaan seensisa. Mindaa Rabbiin biraa ta’e

[mindeffaman]. Rabbiin isa bira mindaa gaariitu jira. Dachii keessa garagaggaluun warra kafaranii si hin gowwoomsin. [Kun] qananii muraasa. Ergasii teessoon isaanii jahannami. Afatichi waa fokkate! Garuu isaan Gooftaa isaanii sodaatan ishee keessatti hafoo ta'anii isaaniif ashaakiltiilee laggeen ishee jala yaatutu jira. Affeerraa Rabbiin biraa ta'e [affeeraman]. Waan Rabbiin biraatu qulqullootaaf caalaadha. Warra kitaabaa irraa kan Rabbiif of gadi qaban, keeyyattoota Rabbii maallaqa xiqqaan hin jijjiirranne ta'anii warra Rabbitti, waan gara keessanitti buufameefi waan gara isaaniitti buufametti amanantu jiru. Warri sun isaaniif mindaan isaanii Gooftaa isaanii bira jira. Dhugumatti, Rabbiin qormaanni isaa ariifataadha. Yaa warra amantan! Obsaa; obsaan [diinota keessan] injifadhaa; karaa Rabbii keessattis of hidhaa. Akka milkooftaniif jecha Rabbiin sodaadhaa."[19]

[19] Aayata Aali Imraan: 190 – 200 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

## 2-6 - دُعَـــاءُ لُبْسِ الثَّـــوْبِ

## 2. Du’aa’ii huccuu uffachuu

5- ((الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي كَسَـانِي هَذَا (الثَّوْبَ) وَرَزَقَنِيهِ مِنْ غَيْرِ حَوْلٍ مِنِّي وَلَا قُوَّة...))[20].

7- “Faaruun kan Rabbii huccuu kana na uffisee tooftaafi humna ana biraa ta’een maleetti naaf kenneeti.”[21]

## 3 - دُعَاءُ لُبْسِ الثَّوْبِ الجَدِيدِ

## 3. Du’aa’ii huccuu haaraa uffachuu

6- ((اللَّهُمَّ لَكَ الْحَمْدُ أَنْتَ كَسَوْتَنِيهِ، أَسْأَلُكَ مِنْ خَيْرِهِ وَخَيْرِ مَا صُنِعَ لَهُ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّهِ وَشَرِّ مَا صُنِعَ لَهُ))[22].

8- Yaa Rabbi faaruun keeti. Situ isa na uffise. Toltuu isaatiifi toltuu inni tolfameef irraan si kadha. Hamtuu isaatiifi hamtuu inni tolfameef irraa sittin maganfadha.[23]

---

[21] Nasaa’iin qofti osoo hafuu warra sunana arfaniitu gabaasan.

[23] Abuu daawudtu gabaase.

## 4 – الدُّعَاءُ لِمَنْ لَبِسَ ثَوْباً جَدِيداً

## 4. Du’aa’ii nama huccuu haaraa uffateef godhamu

7-(1) ((تُبْلِي وَيُخْلِفُ اللَّهُ تَعَالى))(24).

9- “Kun sirraa dhumee Rabbiin bakka haa buusu.”[25]

**8-(2) ((اِلْبَسْ جَدِيداً وَعِشْ حَمِيداً وَمُتْ شَهِيداً))(26).**

10- Haaraa uffadhu. Rabbiin faarsaa jiraadhu. Wareegamii du’i.[27]

## 5 – مَا يَقُولُ إِذَا وَضَعَ ثَوبَهُ

## 5. Waan yeroo huccuu baasan jedhamu

**6. 9- ((بِسْمِ اللَّهِ))(28).**

11- Maqaa Rabbiitiin[29]

---

[25] Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

[27] Ibn Maajaatu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

[29] Tirmiziitu gabaase.

## 6 – دُعَاءُ دُخُولِ الْخَلاءِ

## 7. Du’aa’ii yeroo mana fincaanii seenanii

10- (([بِسْمِ اللَّهِ] اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنَ الْخُبْثِ وَالْخَبائِثِ))(30).

12- Maqaa Rabbiitiin; yaa Rabbi ani jaarsa jinniifi jaartii jinnii irraa sittin maganfadha.[31]

## 7 – دُعَاءُ الْخُرُوجِ مِنَ الْخَلاء

## 8. Du’aa’ii yeroo mana fincaaniitii bahanuu

**9. 11- ((غُفْرَانَكَ))(32).**

13- Araarama keen [barbaada].[33]

## 8 – الذِّكْرُ قَبْلَ الْوُضُوءِ

## 10. Zikrii wuduu dura godhamu

**11. 12- ((بِسْمِ اللَّهِ))(34).**

14- Maqaa Rabbiitiin.[35]

---

31 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

33 Nasaa’iin qofti osoo hafuu warra arfantu gabaasan.

35 Abuu Daawud, Ibn Maajaahfi Ahmadtu gabaasan.

## 9 – الذِّكْرُ بعدَ الفَرَاغِ مِنَ الوُضُوءِ

## 12. Zikrii wuduu booda godhamu

13-(1) ((أَشْهَدُ أَنْ لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ وَأَشْهَدُ أَنَّ مُحَمَّداً عَبْدُهُ وَرَسُولُهُ..))(36).

15- “Dhugaan gabbaramaan Rabbii tokkicha hiriyaa hin qabne malee akka hin jirre ragaan baha. Muhammadis gabrichaafi ergamaa Isaa ta’uu ragaan baha.”[37]

14-(2) ((اللَّهُمَّ اجْعَلنِي مِنَ التَّوَّابِينَ وَاجْعَلْنِي مِنَ الْمُتَطَهِّرِينَ))(38). 16-

17- “Yaa Rabbi warra tawbachuu baay’isuufi qulqulleeffannaa baay’isuu irraa nu taasisi.”[39]

15-(3) ((سُبْحانَكَ اللَّهُمَّ وَبِحَمْدِكَ، أَشْهَدُ أَنْ لاَ إِلَهَ إِلاَّ أَنْتَ، أَسْتَغْفِرُكَ وَأَتوبُ إِلَيْكَ))(40).

18- “Yaa Rabbi faaruu keetii waliinin si qulqulleessa. Si malee dhugaan gabbaramaan hin

---

[37] Muslimtu gabaase.

[39] Tirmiziitu gabaase.

jiru. Araaraman sirra barbaada. Tawbadhees gara keettin deebi'a."[41]

## 10 – الذِّكْرُ عِنْدَ الْخُرُوجِ مِنَ الْمَنْزِلِ

## 13. Zikrii yeroo manaa bahan jedhamu

16-(1) ((بِسْـــمِ اللَّهِ، تَوَكَّلْـتُ عَلى اللَّهِ، وَلَا حَوْلَ وَلَا قُوَّةَ إِلاَّ بِاللَّهِ))(42).

19- "Maqaa Rabbiitiin. Rabbirratti hirkadhe. Tooftaafi humni Rabbiin biraa malee hin argamu."[43]

17-(2) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ أَنْ أَضِـلَّ، أَوْ أُضَـلَّ، أَوْ أَزِلَّ، أَوْ أُزَلَّ، أَوْ أَظْلِمَ، أَوْ أُظْلَمَ، أَوْ أَجْهَلَ، أَوْ يُجْهَلَ عَلَيَّ))(44).

20- "Yaa Rabbi ani jallachuu yookiin jallifamuu, mucucaachuu yookiin mucuceeffamuu, miidhuu yookiin miidhamuu, wallaalumaan nama miidhuu yookiin miidhamuu irraa sittin maganfadha."[45]

---

[41] Nasaa'iitu hojii halkaniifi guyyaa keessatti gabaase.

[43] Abuu Daawudiifi Tirmiziitu gabaasan.

[45] Warra sunanaa arfantu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

## 11 - الذِّكْرُ عِندَ دُخُولِ المَنْزِلِ

## 14. Zikrii yeroo mana seenan jedhamu

18- ((بِسْـمِ اللَّهِ وَلَجْنَا، وَبِسْـمِ اللَّهِ خَرَجْنَا، وَعَلَى اللَّهِ رَبِّنَا تَوَكَّلْنَا، ثُمَّ لِيُسَلِّمْ عَلَى أَهْلِهِ))(46).

21- "Maqaa Rabbiitiin seennee maqaa Rabbiitiin baane. Rabbii keenya irrattis hirkanneerra." Ergasii salaamtaa jedha.[47]

## 12 - دُعَاءُ الذَّهَابِ إِلَى المَسْجِدِ

## 15. Du'aa'ii yeroo masjida deemanuu

19- ((اللَّهُمَّ اجْعَلْ فِي قَلْبِي نُوراً، وَفِي لِسَانِي نُوراً، وَفِي سَمْعِي نُوراً، وَفِي بَصَـــرِي نُوراً، وَمِنْ فَوْقِي نُوراً، وَمِنْ تَحْتِي نُوراً، وَعَنْ يَمِينِي نُوراً، وَعَنْ شِـــمَالِي نُوراً، وَمِنْ أَمَامِي نُوراً، وَمِنْ خَلْفِي نُوراً، وَاجْعَلْ فِي نَفْسِـي نُوراً، وَأَعْظِمْ لِي نُوراً، وَعَظِّم لِي نُوراً، وَاجْعَـلْ لِـي نُوراً، وَاجْعَلْنِي نُوراً، اللَّهُمَّ أَعْطِنِي نُوراً، وَاجْعَلْ فِي عَصَبِي نُوراً، وَفِي لَحْمِي نُوراً، وَفِي دَمِي نُوراً، وَفِي شَعْرِي نُوراً، وَفِي بَشَرِي نُوراً))(48).

22- Yaa Rabbi qalbii kiyya keessa ifaa godhi. Arraba koo keessas ifaa, dhageettii koo keessas

---

[47] Abuu Daawudtu gabaase. Ibn Baaz sanada Isaa Tuhfat Al-Akhbaar keessatti Hasan godhan.

ifaa, agartuu koo keessas ifaa, gubbaa kiyyas ifaa, jala kootis ifaa, mirga koo irraanis ifaa, bitaa kiyya irraanis ifaa, fuuldura kootis ifaa, duuba kiyyaanis ifaa, lubbuu koo keessas ifaa taasisi. Ifaa guddaa naaf godhi. Ifaa naaf guddisi. Ifaa naaf godhi. Ifaa na godhi. Yaa Rabbi ifaa naaf kenni. Hidda kiyya keessas ifaa taasisi. Foon kiyya keessas ifaa taasisi. Dhiiga kiyya keessas ifaa taasisi. Rifeensa kiyya keessas ifaa taasisi. Qaama kiyya keessas ifaa taasisi."[49] "yaa Rabbi qabrii kiyya keessatti ifaa naaf taasisi. … lafee kiyya keessas ifaa taasisi."[50] [ifaa naaf dabali; ifaa naaf dabali; ifaa naaf dabali.][51] "Ifaa irratti ifaa naaf kenni."[52]

## 13 – دُعَاءُ دُخُولِ المَسْجِد

## 16. Du'aa'ii yeroo masjida seenanuu

20- ((يَبْدَأُ بِرِجْلِهِ اليُمْنَى))(53)، وَيَقُولُ: ((أَعُوذُ بِاللَّهِ العَظِيمِ، وَبِوَجْهِهِ الكَرِيمِ، وَسُلْطَانِهِ القَدِيمِ، مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ))(54) [بِسْمِ اللَّهِ، وَالصَّلَاةُ](55)

[49] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.
[50] Tirmiziitu gabaase.
[51] Bukhaariitu Adab Almufrad keessatti gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.
[52] Ibn Hajartu Fat-h Albaarii keessatti dubbate.
(53)

المستطاب، ص 706. )

[وَالسَّلَامُ عَلَى رَسُولِ اللَّهِ](56) ((اللَّهُمَّ افْتَحْ لِي أَبْوَابَ رَحْمَتِكَ))(57).

23- Shayxaana abaaramaa irraa Rabbii guddaatti, fuula Isaa kabajamaafi taayitaa Isaa turaa ta'ettin maganfadha."[58] "Maqaa Rabbiitiin;[59] rahmataafi nageenyi Ergamaa Rabbii irra haa jiraatu. [60] Yaa Rabbi hulaa rahmata keetii naaf bani."[61]

## 14 - دُعَاءُ الْخُرُوجِ مِنَ الْمَسْجِدِ

## 17. Du'aa'ii yeroo masjidaa bahanuu

21-((يَبْدَأُ بِرِجْلِهِ الْيُسْرَى))(62) وَيَقُولُ: ((بِسْمِ اللَّهِ وَالصَّلَاةُ وَالسَّلَامُ عَلَى رَسُولِ اللَّهِ، اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ مِنْ فَضْلِكَ، اللَّهُمَّ اعْصِمْنِي مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ))(63).

24- "Maqaa Rabbiitiin; rahmataafi nageenyi ergamaa Rabbii irra haa jiraatu. Yaa Rabbi ani tola kee irraan si kadha. Yaa Rabbi shayxaana abaaramaa irraa na tiksi."[64]

---

[58] Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.
[59] Ibn assunniitu gabaase.
[60] Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.
[61] Muslimtu gabaase.

[64] Wabii tare ilaali.

# 15 – أَذكَارُ الأَذَانِ

## 18. Zikrii yeroo azaanaa godhamu

**19. 22- (1) يقُولُ مِثْلَ مَا يَقُولُ المُؤَذِّنُ إِلاَّ فِي ((حَيَّ عَلَى الصَّلَاةِ وَحَيَّ عَلَى الْفَلَاحِ)) فَيقُولُ: ((لاَ حَوْلَ وَلاَ قُوَّةَ إِلاَّ بِاللَّهِ))(65).**

25- Fakkii waan mu'azzinni jedhuu jedha. Garuu "hayya alassalaafi hayya alal falaah" irratti qofa "tooftaafi humni Rabbiin biraa malee hin argamu" jedha.[66]

23- (2) يَقُولُ: ((وَأَنَا أَشْهَدُ أَنْ لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ وَأَنَّ مُحَمَّداً عَبْدُهُ وَرَسُولُهُ، رَضِيتُ بِاللَّهِ رَبّاً، وَبِمُحَمَّدٍ رَسُولاً، وَبِالْإِسْلاَمِ دِيناً))(67) ((يَقُولُ ذَلِكَ عَقِبَ تَشَهُّدِ الْمُؤَذِّنِ))(68).

26- Ni jedha: "anis akka dhugaan gabbaramaan Rabbii tokkicha hiriyaa hin qabne malee hin jirreefi muhammadis gabricha Rabbiifi ergamaa Isaa ta'uu ragaan baha. Allaahn gabbaramaa

---

[66] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

keenya ta’uu, Muhammad ergamaa ta’uufi Islaamni amantii kiyya ta’uu jaaladheera.”[69] Kan inni kana jedhu yeroo mu’azzinni shahaadaa lamaan jedhee xumure.[70]

24-(3) ((يُصَلِّي عَلَى النَّبِيِّ صلي الله عليه وسلم بَعْدَ فَرَاغِهِ مِنْ إِجَابَةِ الْمُؤَذِّنِ))(71).

27- Booda haala kanaan azaana jawaabee xumuree Nabiyyii (saw) irratti salawaata buusa.[72]

25-(4) يَقُولُ: ((اللَّهُمَّ رَبَّ هَذِهِ الدَّعْوَةِ التَّامَّةِ، وَالصَّلاَةِ الْقَائِمَةِ، آتِ مُحَمَّداً الْوَسِيلَةَ وَالْفَضِيلَةَ، وَابْعَثْهُ مَقَاماً مَحمُوداً الَّذِي وَعَدْتَهُ، [إِنَّكَ لاَ تُخْلِفُ الْمِيعَادَ]))(73).

28- Sana booda ni jedha: “yaa Rabbii waamicha guutuu kanaafi salaata dhaabamaartuu! Muhammadiif wasiilaafi kabajaa kenne. Sadarkaa kabajamaa isaaf waadaa seente irrattis

[69] Muslimtu gabaase.
[70] Ibn Khuzeymaatu gabaase.

[72] Muslimtu gabaase.

isa kaasi. [Ati waadaa hin faallessitu waan ta’eef]”[74]

29- 26-(5) ((يَدْعُو لِنَفسِـــهِ بَيْنَ الْأَذَانِ وَالإِقَامَةِ فَإِنَّ الدُّعَاءَ حِينَئِذٍ لاَ يُرَدُّ))(75).

30- Azaanaafi iqaamaa jidduu du’aa’ii godha. Du’aa’iin yeroo kanaa hin didamu waan ta’eef.[76]

## 16 - دُعَـــاءُ الاسْـــتِفْتَاحِ

## 20. Du’aa’ii salaanni ittiin banamu

27-(1) ((اللَّهُمَّ بَاعِدْ بَيْنِي وَبَيْنَ خَطَايَايَ كَمَا بَاعَدْتَ بَيْنَ الْمَشْـرِقِ وَالْمَغْرِبِ، اللَّهُمَّ نَقِّنِي مِنْ خَطَـايَـايَ كَمَـا يُنَقَّى الثَّوْبُ الْأَبْيَضُ مِنَ الدَّنَسِ، اللَّهُمَّ اغْسِلْنِي مِنْ خَطَايَايَ، بِالثَّلْجِ وَالْماءِ وَالْبَرَدِ))(77).

31- “"Yaa Rabbi! Akka jidduu bahaafi lixaa wal irraa fageessite jidduu kootiifi jidduu dilii kootii wal irraa fageessi (cubbuu irraa na fageessi). Yaa Rabbi! Akka uffanni adiin xurii irraa qulqullaahutti anas dilii koo irraa na qulqulleessi.

[74] Bukhaariitu gabaase. Inni hammattuu lamaan keessaa kan Bayhaqiiti. Sanada isaa Ibn Baaz tuhfatul Akhyaar keessatti hasan godheera.

[76] Tirmiziifi Abuu Daawudtu gabaasan.

Yaa Rabbi! dilii koo irraa cabbii, bishaaniifi cabbiidhaan na dhiqi.”[78]

28-(2)((سُـبْحَانَكَ اللَّهُمَّ وَبِحَمْدِكَ، وَتَبَارَكَ اسْـمُكَ،وَتَعَالَى جَدُّكَ،وَلاَ إِلَـهَ غَيْرُكَ))(79).

32- “Yaa Rabbi faaruu keetii wajjinin si qulqulleessa; maqaan kee bu'aan isaa baay'ate, ulfinni keetis olta’e, si malee dhugaan gabbaramaan biraa hin jiru.”[80]

29-(3) ((وَجَّهْتُ وَجْهِيَ لِلَّذِي فَطَرَ السَّمَوَاتِ وَالأَرْضَ حَنِيفاً وَمَا أَنَا مِنَ الْمُشْرِكِينَ، إِنَّ صَلاَتِي، وَنُسُكِي، وَمَحْيَايَ، وَمَمَاتِي لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ، لاَ شَرِيكَ لَهُ وَبِذَلِكَ أُمِرْتُ وَأَنَا مِنَ الْمُسْلِمِينَ. اللَّهُمَّ أَنْتَ المَلِكُ لاَ إِلَهَ إِلاَّ أَنْتَ، أَنْتَ رَبِّي وَأَنَا عَبْدُكَ، ظَلَمْتُ نَفْسِي وَاعْتَرَفْتُ بِذَنْبِي فَاغْفِرْ لِي ذُنُوبِي جَمِيعاً إِنَّهُ لاَ يَغْفِرُ الذُّنوبَ إِلاَّ أَنْتَ. وَاهْدِنِي لِأَحْسَنِ الأَخْلاقِ لا يَهْدِي لِأَحْسَنِها إِلاَّ أَنْتَ، وَاصْرِفْ عَنِّي سَيِّئَهَا، لاَ يَصْرِفُ عَنِّي سَيِّئَهَا إِلاَّ أَنْتَ، لَبَّيْكَ وَسَعْدَيْكَ، وَالْخَيْرُ كُلُّهُ بِيَدَيْكَ، وَالشَّرُّ لَيْسَ إِلَيْكَ، أَنَا بِكَ وَإِلَيْكَ، تَبارَكْتَ وَتَعَالَيْتَ، أَسْتَغْفِرُكَ وَأَتُوبُ إِلَيْكَ))(81).

33- “Ani haalan gara tawhiidaa dabee jiruun fuula kiyya gara Isa samiifi dachii uumeetti deebiseera. Salaanni kiyya, ibaadaan kiyya, jiruun kiyyaafi duuti kiyya Rabbii gooftaa

[78] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

[80] Warra sunanaa afrantu gabaasan.

aalamaatiifi. Shariikni isaaf hin jiru. Kanattin ajajames. Ani Muslima irraayi. Yaa Rabbi mootiin suma qofa; dhugaan gabbaramaan si malee hin jiru. Ati Gooftaa kiyya ani gabricha keeti. Lubbuu kiyya miidheera. Yakka kiyyas amaneera. Dilii koo hundaa naaf araarami. Kan dilii araaramu si malee waan hin jirreef. Yaa Rabbi gara amala gaariitti na qajeelchi. Gara akkaan gaarii isheetti si malee kan qajeelchu hin jiru. Hamtuu ishee immoo narraa deebisi; hamtuu ishee si malee kan narraa deebisu waan hin jirreef. Owwaadhe. Milkuunis kan keeti. Toltuun hunduu sirka jira. Hamtuun gara keetii miti. Ani siinin jira gara keettin deebi’a. Guddattee ol taate. Araaraman sirra barbaada; gara keettin deebi’a.”[82]

30-(4) ((اللَّهُمَّ رَبَّ جِبْرَائِيلَ، وَمِيكَائِيلَ، وَإِسْرَافِيلَ، فَاطِرَ السَّمَوَاتِ وَالأَرْضِ، عَالِمَ الْغَيْبِ وَالشَّهَادَةِ أَنْتَ تَحْكُمُ بَيْنَ عِبَادِكَ فِيمَا كَانُوا فِيهِ يَخْتَلِفُونَ. اهْدِنِي لِمَا اخْتُلِفَ فِيهِ مِنَ الْحَقِّ بِإِذْنِكَ إِنَّكَ تَهْدِي مَنْ تَشَاءُ إِلَى صِرَاطٍ مُسْتَقِيمٍ))[83].

34- “Yaa Allaah gooftaa Jibriil, Mikaa’eeliifi Israafiil! Uumaa samiifi dachii! Beekaa fagoofi

[82] Muslimtu gabaase.

dhihoo kan taate! Ati waan gabroonni kee irratti wal dhabaa turan keessatti murtii kennita. Haqa waan keessatti wal dhabameef na qajeelchi. Ati abbaa feete karaa sirriitti qajeelchita waan taateef."[84]

31-(5) ((اللَّهُ أَكْبَرُ كَبِيرَاً، اللَّهُ أَكْبَرُ كَبِيراً، اللَّهُ أَكْبَرُ كَبِيراً، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ كَثِيراً، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ كَثِيراً، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ كَثِيراً، وَسُبْحَانَ اللَّهِ بُكْرَةً وَأَصِيلاً)) ثَلاثاً ((أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ: مِنْ نَفْخِهِ، وَنَفْثِهِ، وَهَمْزِهِ))(85).

35- "Rabbiin guddate guddina ol aanaa (x3). Faaruun kan Rabbiiti; faaruun baay'een (x3). Ganamaafi galgala qulqullina isaan malun Isa qulqulleessa." Kana hundaa si'a sadii jedha. Achiin "shayxaana irraa Rabbittin maganfadha: boona isaa irraa, walaloo isaafi isa inni nama kuffisu irraa."[86]

32-(6) ((اللَّهُمَّ لَكَ الْحَمْدُ(87)، أَنْتَ نُورُ السَّمَوَاتِ وَالأَرْضِ وَمَنْ فِيهِنَّ، وَلَكَ الْحَمْدُ أَنْتَ قَيِّمُ السَّمَوَاتِ وَالأَرْض وَمَنْ فِيهِنَّ، [وَلَكَ الْحَمْدُ أَنْتَ رَبُّ السَّمَواتِ وَالأَرْضِ وَمَنْ فِيهِنَّ] [وَلَكَ الْحَمْدُ لَكَ مُلْكُ السَّمَوَاتِ وَالأَرْض وَمَنْ فِيهِنَّ] [وَلَكَ الْحَمْدُ أَنْتَ مَلِكُ السَّمَوَاتِ وَالأَرْضِ] [وَلَكَ الْحَمْدُ] [أَنْتَ الْحَقُّ، وَوَعْدُكَ الْحَقُّ،

[84] Muslimtu gabaase.

[86] Muslimtu gabaase.

وَقَوْلُكَ الْحَقُّ، وَلِقَاؤُكَ الْحَقُّ، وَالْجَنَّةُ حَقٌّ، وَالنَّارُ حَقٌّ، وَالنَّبِيُّونَ حَقٌّ، وَمحَمَّدٌ ﷺ حَقٌّ، وَالسَّاعَةُ حَقٌّ] [اللَّهُمَّ لَكَ أَسْلَمتُ، وَعَلَيْكَ تَوَكَّلْتُ، وَبِكَ آمَنْتُ، وَإِلَيْكَ أَنَبْتُ، وَبِكَ خاصَمْتُ، وَإِلَيْكَ حاكَمْتُ. فَاغْفِرْ لِي مَا قَدَّمْتُ، وَمَا أَخَّرْتُ، وَمَا أَسْرَرْتُ، وَمَا أَعْلَنْتُ] [وَمَا أَنْتَ أَعْلَمُ بِهِ مِنِّي] [أَنْتَ المُقَدِّمُ، وَأَنْتَ المُؤَخِّرُ لاَ إِلَهَ إِلاَّ أَنْتَ] [أَنْتَ إِلَهِي لاَ إِلَهَ إِلاَّ أَنْتَ] [وَلاَ حَوْلَ وَلاَ قُوَّةَ إِلاَّ بِاللَّهِ]))(88).

36- “Yaa Rabbi faaruun kan keeti ati ifaa samii, dachiifi warra isaan keessa jiraniiti. Ammas faaruun kan keeti ati jiraachisaa samii, dachiifi warra isaan keessa jiraniiti. Ammas faaruun kan keeti ati Gooftaa samii, dachiifi warra isaan keessa jiraniiti. Ammas faaruun kan keeti mootummaan samii, dachiifi warra isaan keessa jiranii keeti. Ati mootii samiifi dachiiti faaruun keeti. Ammas faaruun keeti. Ati dhugaadha. Baallamni keetis dhugaadha. Jechi keetis dhugaadha. Qunnamtiin keetis dhugaadha. Jannannis dhugaadha. Ibiddis dhugaadha. Nabiyyoonnis dhugaadha. Muhammadis (saw) dhugaadha. Qiyaamaanis dhugaadha. Yaa Rabbi siif ajajameera. Sirratti hirkadheeras. Sittis amane. Gara keettis deebi’e. Maqaa keetiin falme. Murtiis gara keetti barbaade. Waan ani dabarse, waan ani booda aanses, waan ani iccitii

godheefi mullises naaf araarami. Ati dura buufta booda aansitas waan ta'eef. Dhugaan gabbaramaan si malee hin jiru. Ati gooftaa kootii dhugaan gabbaramaan si malee hin jiru."[89]

## 17 – دُعَـــاءُ الرُّكُـــوعِ

## 21. Du'aa'ii rukuu'aa

33-(1) ((سُبْحانَ رَبِّيَ الْعَظِيمِ)). ثلاث مرَّاتٍ(90).

37- "Rabbiin kiyya guddaan qulqullaa'e." (x3)[91]

34-(2) ((سُبْحَانَكَ اللَّهُمَّ رَبَّنَا وَبِحَمْدِكَ، اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِي))(92).

38- "Yaa Rabbi faaruu keetii waliinin si qulqulleessa. Yaa Rabbi naaf araarami."[93]

35-(3) ((سُبُّوحٌ، قُدُّوسٌ، رَبُّ المَلاَئِكَةِ وَالرُّوحِ))(94).

39- "[Rabbiin] shariika irraa qulqulleeffamaa, hanqina irraa qulqulleeffamaa, Rabbii Jibriiliifi maleykotaati."[95]

36-(4) ((اللَّهُمَّ لَكَ رَكَعْتُ، وَبِكَ آمَنْتُ، وَلَكَ أَسْـلَمْتُ، خَشَـعَ لَكَ

89 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

91 Warra sunanaa arfaniifi Ahmadtu gabaase.

93 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

95 Muslimiifi Abuu Daawudtu gabaasan.

سَمْعِي، وَبَصَـــــــــرِي، وَمُخِّي، وَعَظْمِي، وَعَصَبِي، [وَمَا استَقَلَّتْ بِهِ قَدَمِي]))(96).

40- "Yaa Rabbi siif rukuu'a godhe; sittis amane. Siif ajajameeras. Dhageettiin, agartuun, dhukti, lafeen, hiddiifi wanti miilli kiyya ittiin dhaabbate siif xinnaateera."[97]

41- 37-(5) ((سُبْحَانَ ذِي الْجَبَرُوتِ، وَالْمَلَكُوتِ، وَالْكِبْرِيَاءِ، وَالْعَظَمَةِ))(98).

42- "Rabbiin abbaan humnaa, mootummaa, guddinaafi ol ta'iinsaa qulqullaa'e."[99]

## 18 - دُعَاءُ الرَّفْعِ مِنَ الرُّكُوعِ

## 22. Du'aa'ii yeroo rukuu'a irraa ka'anuu

38-(1) ((سَمِعَ اللَّهُ لِمَنْ حَمِدَهُ))(100).

43- "Rabbiin Nama Isa faarseef dhaga'e."[101]

39-(2) ((رَبَّنَا وَلَكَ الْحَمْدُ، حَمْداً كَثيراً طَيِّباً مُبارَكاً فِيهِ))(102).

97 Muslimiifi arba'aatu gabaasan.

99 Abuu Daawudiifi Nasaa'iitu gabaasan.

101 Bukhaariitu gabaase.

44- “Rabbii keenya faaruun keeti. Faaruu baay’ee, gaarii, barakaan ishee keessa jirun [si faarsa].”[103]

40-(3) ((مِلْءَ السَّمَوَاتِ وَمِلْءَ الأَرْضِ، وَمَا بَيْنَهُمَا، وَمِلْءَ مَا شِئْتَ مِنْ شَيءٍ بَعْدُ. أَهلَ الثَّنَاءِ وَالْمَجْدِ، أَحَقُّ مَا قَالَ الْعَبْدُ، وَكُلُّنَا لَكَ عَبْدٌ. اللَّهُمَّ لاَ مَانِعَ لِمَا أَعْطَيْتَ، وَلاَ مُعْطِيَ لِمَا مَنَعْتَ، وَلاَ يَنْفَعُ ذَا الجَدِّ مِنْكَ الجَدُّ))(104).

45- “Guutuu samii, guutuu dachiifi waan jidduu isaan lamaanii jiranuun [si faarsa]. Guutuu waan ati feete waan kanaan ala jiruu. [Ati] abbaa faaruufi guddinaati. Akkaan dhugaan wanti gabrichi kee dubbatee, nuti hunduu siif gabrichaa, ‘yaa Rabbi waan ati kennite wanti dhorgatu hin jiru; waan ati dhorgattes kennaan hin jiru. Abbaa qabeenyaa adabbii kee irraa qabeenyi isaa homaa hin fayyadu.”[105]

---

103 Bukhaariitu gabaase.

105 Muslimtu gabaase.

## 19 - دُعَـــاءُ السُّجُـــودِ

## 23. Du’aa’ii sujuudii

**41.24-(1) ((سُبْحَانَ رَبِّيَ الأَعْلَى)) ثلاث مرَّاتٍ(106).**

46- “Rabbiin kiyya ol ta’aan qulqullaa’e.” Si’a sadii[107]

42-(2) ((سُبْحَانَكَ اللَّهُمَّ رَبَّنَا وَبِحَمْدِكَ، اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِي)) (108).

47- “Yaa Rabbi faaruu keetii waliinin si qulqulleessa. Yaa Rabbi naaf araarami.”[109]

43-(3) ((سُبوحٌ، قُدُّوسٌ، رَبُّ المَلَائِكَةِ وَالرُّوحِ)) (110).

48- “[Rabbiin] shariika irraa qulqulleeffamaa, hanqina irraa qulqulleeffamaa, Rabbii Jibriiliifi maleykotaati.”[111]

49- 44-(4) ((اللَّهُمَّ لَكَ سَجَدْتُ وَبِكَ آمَنْتُ، وَلَكَ أَسْلَمْتُ، سَجَدَ وَجْهِيَ لِلَّذِي خَلَقَهُ، وَصَوَّرَهُ، وَشَقَّ سَمْعَهُ وَبَصَرَهُ، تَبَارَكَ اللَّهُ أَحْسَنُ الْخَالِقِينَ))(112).

---

107 Arba’aafi Ahmadtu gabaasan.

109 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

111 Muslimiifi Abuu Daawudtu gabaasan.

50- “Yaa Rabbi siif sujuude. Sitti amanes. Siif ajajame. Fuulli kiyya kan isa uumee, isa bocee, dhageettiifi agartuu isaaf godheef sujuudeera. Rabbiin akkaan gaaromsee uumaa ta’e toltuun isaa baay’ateera.”[113]

45-(5) ((سُــبْحَــانَ ذِي الْجَبَرُوتِ، وَالْمَلَكُوتِ، وَالْكِبْرِيَــاءِ، وَالْعَظَمَةِ)) (114).

51- “Rabbiin abbaan humnaa, mootummaa, guddinaafi ol ta’iinsaa qulqullaa’e.”[115]

46-(6) ((اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِي ذَنْبِي كُلَّــهُ: دِقَّــهُ وَجِلَّــهُ، وَأَوَّلَــهُ وَآخِرَهُ، وَعَلاَنِيَّتَهُ وَسِرَّهُ))(116).

52- “Yaa Rabbi yakka kiyya hunda, xiqqoofi guddaa isaa, jalqabaafi dhuma isaa, mullataafi dhokataa isaa naaf araarami.”[117]

47-(7) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِرِضَــاكَ مِنْ سَــخَطِكَ، وَبِمُعَافَاتِكَ مِنْ عُقوبَتِكَ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْكَ، لاَ أُحْصِــي ثَنَاءً عَلَيْكَ، أَنْتَ كَمَا أَثْنَيْتَ عَلَى نَفْسِكَ))(118).

113 Muslimtu gabaase.

115 Abuu Daawudiifi Nasaa’iitu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

117 Muslimtu gabaase.

53- “Yaa Rabbi dallansuu kee irraa jaalala keetti, adabbii kee irraa nageenya keettin maganfadha. Sirraa sumattin maganfadha. Faaruu sirratti godhamu lakkaa’ee hin xumuru. Ati akkuma lubbuu kee faarsiteedha.”[119]

## 20 – دُعَاءُ الجِلْسَةِ بَيْنَ السَّجْدَتَيْنِ

## 25. Du’aa’ii jidduu sujuuda lamaanii

48-(1) ((رَبِّ اغْفِرْ لِي، رَبِّ اغْفِرْ لِي))(120).

54- “Yaa Rabbi naaf araarami! Yaa Rabbi naaf araarami.”[121]

49-(2) ((اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِي، وَارْحَمْنِي، وَاهْدِنِي، وَاجْبُرْنِي، وَعَافِنِي، وَارْزُقْنِي،

55- “Yaa Rabbi naaf araarami. Na mararfadhu. Na qajeelchi. Na suphi. Nagaa na godhi. Na soori. Ol na kaasi.”[122]

---

[119] Muslimtu gabaase.

[121] Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

[122] Arba’aatu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

## 21 - دُعَاءُ سُجُودِ التِّلاَوَةِ

## 26. Du’aa’ii sujuudii yeroo Qur'aanni qara’amuu

**27. 50-(1) ((سَجَدَ وَجْهِيَ لِلَّذِي خَلَقَهُ، وَشَقَّ سَمْعَهُ وَبَصَرَهُ بِحَوْلِهِ وَقُوَّتِهِ، (فَتَبَارَكَ اللَّهُ أَحْسَنُ الْخَالِقِينَ)))(123).**

**28. 51-(2) ((اللَّهُمَّ اكْتُبْ لِي بِهَا عِنْدَكَ أَجْراً، وَضَعْ عَنِّي بِهَا وِزْراً، وَاجْعَلْهَا لِي عِنْدَكَ ذُخْراً، وَتَقَبَّلْهَا مِنِّي كَمَا تَقَبَّلْتَهَا مِنْ عَبْدِكَ دَاوُدَ))(124).**

56- “Fuulli kiyya kan tooftaafi humna Isaatiin isa uume, isa boce, dhageettiifi agartuu isaaf godheef sujuudeera. Rabbiin akkaan gaaromsee uumaa ta’e toltuun isaa baay’ateera.”[125]

51-(2) ((اللَّهُمَّ اكْتُبْ لِي بِهَا عِنْدَكَ أَجْراً، وَضَعْ عَنِّي بِهَا وِزْراً، وَاجْعَلْهَا لِي عِنْدَكَ ذُخْراً، وَتَقَبَّلْهَا مِنِّي كَمَا تَقَبَّلْتَهَا مِنْ عَبْدِكَ دَاوُدَ))(126).

57- “Yaa Rabbi Si biratti mindaa ittiin naaf barreessi. Isheedhaan badii narraa harcaasi.

[125] Tirmizii, Ahmadiifi Haakimtu gabaasan. Al-Haakim sahiiha godhee Zahabiinis isa deeggare.

Isheedhaan si biratti kuusaa naaf godhi. Akka gabricha kee Daawud irraa qeebalte narraa qeebali.”[127]

## 22 – التَّشَــــــــــهُّدُ

## 29. Tashahhuda

52- ((التَّحِيَّاتُ لِلَّهِ، وَالصَّـلَواتُ، وَالطَّيِّباتُ، السَّـلاَمُ عَلَيْكَ أَيُّهَا النَّبِيُّ وَرَحْمَـةُ اللَّهِ وَبَرَكَـاتُـهُ، السَّـــلاَمُ عَلَيْنَـا وَعَلَى عِبَـادِ اللَّهِ الصَّـــالِحِينَ. أَشْـــهَدُ أَنْ لاَ إِلَـهَ إِلاَّ اللَّهُ وَأَشْـــهَدُ أَنَّ مُحَمَّداً عَبْدُهُ وَرَسولُهُ))(128).

58- “Kabajaan, salaatonni (ibaadaan adda addaa) fi dubbiin gaggaariin hunduu kan Rabbiiti. Yaa Nabiyyichaa! Nageenyi sirra haa jiraatu; Rahmanni Rabbiitiifi barakaan isaas. Nageenyi nuufi gabroottan Rabbii gaggaarii irra haa jiraatu. 'Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiruu' ragaan ba'a. Muhammadis gabricha Rabbiifi ergamaa isaa ta'uu ragaan ba'a.”[129]

[127] Tirmiziifi Alhaakimtu gabaasan. Al-Haakim sahiiha godhee Zahabiinis isa deeggare.

[129] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

23 – الصَّلاةُ عَلَى النَّبيِّ ص بَعْدَ التَّشَهُّدِ

## 30. Tashahhuda booda Nabiyyii (saw) irratti salawaata buusuu

53-(1) ((اللَّهُمَّ صَـلِّ عَلَى مُحَمَّدٍ، وَعَلَى آلِ مُحَمَّدٍ، كَمَا صَلَّيتَ عَلَى إِبْرَاهِيمَ، وَعَلَى آلِ إِبْرَاهِيمَ، إِنَّكَ حَمِيدٌ مَجِيدٌ، اللَّهُمَّ بَارِكْ عَلَى مُحَمَّدٍ وَعَلَى آلِ مُحَمَّدٍ، كَمَا بَارَكْتَ عَلَى إِبْرَاهِيمَ وَعَلَى آلِ إِبْرَاهِيمَ، إِنَّكَ حَمِيدٌ مَجِيدٌ))(130).

59- "Yaa Rabbi akkuma Ibraahiimiifi maatii Ibraahiim irratti Rahmata buufte Muhammadiifi Maatii Muhammad irratti Rahmata buusi; Ati faarfamaa guddaa waan taateef. Ammas akkuma Ibraahiimiifi maatii Ibraahiim irratti barakaa buufte Muhammadiifi Maatii Muhammad irratti barakaa buusi; Ati faarfamaa guddaa waan taateef."[131]

54-(2) ((اللَّهُمَّ صَـلِّ عَلَى مُحَمَّدٍ وَعَلَى أَزْوَاجِهِ وَذُرِّيَّتِهِ، كَمَا صَلَّيْتَ عَلَى آلِ إِبْرَاهِيمَ. وَبَارِكْ عَلَى مُحَمَّدٍ وَعَلَى أَزْوَاجِهِ وَذُرِّيَّتِهِ، كَمَا بَارَكْتَ عَلَى آلِ إِبْرَاهِيمَ. إِنَّكَ حَمِيدٌ مَجِيدٌ))(132).

[131] Bukhaariitu gabaase.

60- "Yaa Rabbi akkuma maatii Ibraahiim irratti Rahmata buufte Muhammad, niitolii isaaniitiifi ilmaan isaanii irratti Rahmata buusi. Ammas akkuma maatii Ibraahim irratti barakaa buufte Muhammad, niitolee isaaniifi ilmaan isaanii irratti barakaa buusi. Ati faarfamaa guddaa waan taateef."[133]

24 – الدُّعَاءُ بَعْدَ التَّشَهُّدِ الأَخِيرِ قَبْلَ السَّلاَمِ

### 31. Du'aa'ii tashahhuda boodaa keessatti salaamtaa dura godhamu

55-(1) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنْ عَذَابِ الْقَبْرِ، وَمِنْ عَذَابِ جَهَنَّمَ، وَمِنْ فِتْنَةِ الْمَحْيَا وَالْمَمَاتِ، وَمِنْ شَرِّ فِتْنَةِ الْمَسِيحِ الدَّجَّالِ))(134).

61- "Yaa Rabbi ani adabbii qabriifi adabbii jahannamaa irraa sittin maganfadha. Mokkoroo jireenyaafi du'aa irraa, akkasumas mokkoroo Masiih Addajjaal irraa sittin maganfadha."[135]

56-(2) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَعوذُ بِكَ مِنْ عَذَابِ الْقَبْرِ، وَأَعوذُ بِكَ مِنْ فِتْنَةِ الْمَسِيحِ الدَّجَّالِ، وَأَعوذُ بِكَ مِنْ فِتْنَةِ الْمَحْيَا وَالْمَمَاتِ. اللَّهُمَّ

---

133 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

135 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

إِنِّي أَعوذُ بِكَ مِنَ الْمَأْثَمِ وَالْمَغْرَمِ))(136).

62- “Yaa Rabbi ani adabbii qabrii irraa sittin maganfadha. Mokkoroo Masiih Addajjaal irraas sittin maganfadha. Mokkoroo jireenyaafi du’aa irraas sittin maganfadha. Yaa Rabbi ani yakkaafi hidaan qabamuu irraa sittin maganfadha.”[137]

57-(3) ((اللَّهُمَّ إِنِّي ظَلَمْتُ نَفْسِي ظُلْماً كَثِيراً، وَلاَ يَغْفِرُ الذُّنوبَ إِلاَّ أَنْتَ، فَاغْفِرْ لِي مَغْفِرَةً مِنْ عِنْدِكَ وَارْحَمْنِي، إِنَّكَ أَنْتَ الغَفورُ الرَّحيمُ))(138).

63- “Yaa Rabbi! Ani miidhaa baay'ee lubbuu koo miidheera; si malee kan dilii araaramu hin jiru. Kanaafuu, araarama si biraa ta'e naaf araarami. Ati araaramaa mararfataa waan taateef."[139]

58-(4) ((اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِي مَا قَدَّمْتُ، وَمَا أَخَّرْتُ، وَمَا أَسْرَرْتُ، وَمَا أَعْلَنْتُ، وَمَا أَسْرَفْتُ، وَمَا أَنْتَ أَعْلَمُ بِهِ مِنِّي. أَنْتَ الْمُقَدِّمُ، وَأَنْتَ الْمُؤَخِّرُ لاَ إِلَهَ إِلاَّ أَنْتَ))(140).

64- “Yaa Rabbi waan ani hojjadhee dabarseefi booda aanse, waan ani iccitiifi mullisee hojjadhe,

---

137 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

139 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

waan ani daangaa tareefi waan ati qofti narraa beektu naaf araarami. Situ dura buusa; sumatu booda aansas. Dhugaan gabbaramaan si malee hin jiru."[141]

59-(5) ((اللَّهُمَّ أَعِنِّي عَلَى ذِكْرِكَ، وَشُكْرِكَ، وَحُسْنِ عِبادَتِكَ))(142)

65- "Yaa Rabbi si yaadachuu, si galateeffachuufi ibaadaa kee gaaromsuu keessatti na gargaari."[143]

60-(6) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنَ الْبُخْلِ، وَأَعوذُ بِكَ مِنَ الْجُبْنِ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ أَنْ أُرَدَّ إِلَى أَرْذَلِ الْعُمُرِ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ فِتْنَةِ الدُّنْيَا وَعَذَابِ الْقَبْرِ))(144).

66- "Yaa Rabbi ani doynummaa irraa sittin maganfadha. Lunnummaa irraas sittin maganfadha. Umurii isa gadi kufaatti deebifamuu irraas sittin maganfadha. Mokkoroo addunyaafi adabbii qabrii irraas sittin maganfadha."[145]

141 Muslimtu gabaase.

143 Abuu Daawudiifi Nasaa'iitu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

145 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

61-(7) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ الْجَنَّةَ وَأَعُوذُ بِكَ مِنَ النَّارِ))(146).

67- “Yaa Rabbi ani jannata si kadheen ibidda irraa sitti maganfadha.”[147]

62-(8) ((اللَّهُمَّ بِعِلْمِكَ الغَيْبَ وَقُدْرَتِكَ عَلَى الْخَلْقِ أَحْيِنِي مَا عَلِمْتَ الْحَيَاةَ خَيْراً لِي، وَتَوَفَّنِي إِذَا عَلِمْتَ الْوَفَاةَ خَيْراً لِي، اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ خَشْيَتَكَ فِي الْغَيْبِ وَالشَّهَادَةِ، وَأَسْأَلُكَ كَلِمَةَ الْحَقِّ فِي الرِّضَا وَالْغَضَبِ، وَأَسْأَلُكَ الْقَصْدَ فِي الْغِنَى وَالْفَقْرِ، وَأَسْأَلُكَ نَعِيماً لاَ يَنْفَدُ، وَأَسْأَلُكَ قُرَّةَ عَيْنٍ لاَ تَنْقَطِعُ، وَأَسْأَلُكَ الرِّضَا بَعْدَ الْقَضَاءِ، وَأَسْأَلُكَ بَرْدَ الْعَيْشِ بَعْدَ الْمَوْتِ، وَأَسْأَلُكَ لَذَّةَ النَّظَرِ إِلَى وَجْهِكَ، وَالشَّوْقَ إِلَى لِقَائِكَ فِي غَيرِ ضَرَّاءَ مُضِرَّةٍ، وَلاَ فِتْنَةٍ مُضِلَّةٍ، اللَّهُمَّ زَيِّنَا بِزِينَةِ الإِيمَانِ، وَاجْعَلْنَا هُدَاةً مُهْتَدِينَ))(148).

68- “Yaa Rabbi beekumsa kee fagootiifi dandeettii kee uumama irratti qabduun waan jireenyi anaaf gaarii ta’uu beektuun na jiraachisii yeroo duuti anaaf gaarii ta’uu beektutti na ajjeesi. Yaa Rabbi ani fagoofi dhihootti si sodaachuun si kadha. Yeroo jaalalaafi dallansuus haqa dubbachuun si kadha. Durummaafi hiyyummaa keessattis giddu gala ta’uun si kadha. Qananii hin dhumnes sin kadha. Gammachuu ijaa kan hin cinnes sin kadha. Murtii booda jaalalan si kadha.

[147] Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

Du’a booda jireenya gaariin si kadha. Gara fuula keetii ilaaluu mi’eeffachuufi, rakkoon na miidhuufi mokkoroon na jallisu dhibamuu waliin [du’ee] si qunnamuuf hawwuun si kadha. Yaa Rabbi faaya iimaanaatiin nu bareechii qajeeloo qajeelchoo nu taasisi.”[149]

63-(9) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْــأَلُكَ يَا أَللَّهُ بِأَنَّكَ الْوَاحِدُ الْأَحَدُ الصَّــمَدُ الَّذِي لَمْ يَلِدْ وَلَمْ يولَدْ، وَلَمْ يَكنْ لَـهُ كُفُواً أَحَدٌ، أَنْ تَغْفِرَ لِي ذُنُوبِي إِنَّكَ أَنْتَ الْغَفُورُ الرَّحِّيمُ))(150).

69- “Yaa Allaah ani ‘Ati tokkicha hirkoo hundaa, kan hin dhalleefi hin dhalanne, wanti tokkollee fakkaataa Isaaf hin taane’ ta’uu keetiinin yakka kiyya cufa naaf araaramuu si kadha. Situ araaramaa mararfataadha waan taateef.”[151]

64-(10) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْـأَلُكَ بِأَنَّ لَكَ الْحَمْدَ لاَ إِلَهَ إِلاَّ أَنْتَ وَحْدَكَ لاَ شَــرِيكَ لَكَ، الْمَنَّانُ، يَا بَدِيعَ السَّــمَوَاتِ وَالْأَرْضِ يَا ذَا الْجَلاَلِ وَالْإِكْرَامِ، يَـا حَيُّ يَـا قَيُّومُ إِنِّي أَسْــــأَلُكَ الْجَنَّـةَ وَأَعُوذُ بِـكَ مِنَ النَّارِ))(152).

---

[149] Nasaa’iifi Ahmadtu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

[151] Nasaa’iifi Ahmadtu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

70- “Yaa Rabbi ani “faaruun kan kee ta’uudhaan, dhugaan gabbaramaan si malee hin jiru ati tokkicha hiriyaa hin qabne, tola oolaa ta’uu keetiin’ yaa Rabbii uumaa samiifi dachii! Abbaa guddinaafi kabajaa! Yaa jiraataa waan hunda to’ataa! Ani jannatan si kadha ibidda irraa sittin maganfadha.”[153]

65-(11) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْــأَلُكَ بِأَنِّي أَشْــهَدُ أَنَّكَ أَنْتَ اللَّهُ لاَ إِلَهَ إِلاَّ أَنْتَ الأَحَدُ الصَّــمَدُ الَّذِي لَمْ يَلِدْ وَلَمْ يُولَدْ وَلَمْ يَكُنْ لَهُ كُفُواً أَحَدٌ)) (154)
.

71- “Yaa Rabbi ani ‘Ati Allaah dhugaan gabbaramaan si malee hin jirre, ati tokkicha hirkoo waa hundaa kan hin dhalleefi hin dhalanne, wanti tokkollee isaaf fakkaataa hin taane ragaa bahuudhaanin’ si kadha.”[155]

---

[153] Arba’aatu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

[155] Abuu Daawud, Tirmiziifi Ibn Maajaatu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

25 – الأَذْكَارُ بَعْدَ السَّلاَمِ مِنَ الصَّـلاَةِ

## 32. Zikrii yeroo salaata irraa salaamtaa bahanii

66-(1) ((أَسْـتَغْفِرُ اللَّهَ (ثَلاَثَاً) اللَّهُمَّ أَنْتَ السَّـلاَمُ، وَمِنْكَ السَّـلاَمُ، تَبَارَكْتَ يَا ذَا الْجَلاَلِ وَالْإِكْرَامِ))(156).

72- "Yaa Allaah naaf araarami" si'a sadii jedha. Ergasii "yaa Rabbi situ nagaadha. Nageenyi si biraa argamas. Yaa abbaa guddinaafi kabajaa khayriin kee baay'ateera."[157]

67-(2) ((لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَـــرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَـــيْءٍ قَدِيرٌ [ثلاثاً]، اللَّهُمَّ لاَ مَانِعَ لِمَا أَعْطَيْتَ، وَلاَ مُعْطِيَ لِمَا مَنَعْتَ، وَلاَ يَنْفَعُ ذَا الْجَدِّ مِنْكَ الجَدُّ))(158).

73- "Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Inni tokkicha hiriyaa hin qabneedha. Mootummaan kan isaati. Faaruunis kan Isaati. Inni waan hundaa danda'aadha. Yaa Rabbi waan ati kennite dhorgataan hin jiru. Waan ati dhorgatte immoo kennaan hin jiru. Abbaa

[157] Muslimtu gabaase.

qabeenyaa adabbii kee irraa qabeenyi isaa hin fayyadu."[159]

68-(3) ((لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ، وَلَهُ الْحَمدُ، وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ. لاَ حَوْلَ وَلاَ قُوَّةَ إِلاَّ بِاللَّهِ، لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ، وَلاَ نَعْبُدُ إِلاَّ إِيَّاهُ، لَهُ النِّعْمَةُ وَلَهُ الْفَضْلُ وَلَهُ الثَّنَاءُ الْحَسَنُ، لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ مُخْلِصِينَ لَهُ الدِّينَ وَلَوْ كَرِهَ الكَافِرُونَ))(160).

74- "Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Inni tokkicha hiriyaa hin qabneedha. Mootummaan kan isaati. Faaruunis kan Isaati. Inni waan hunda irratti danda'aadha. Tooftaafi humni Rabbiin biraa malee hin argamu. Dhugaan gabbaramaan Allaah malee hin jiru. Isa malee hin gabbarru. Qananiin kan isaati. Tollis kan Isaati. Faaruun gaariinis kan isaati. Dhugaan gabbaramaan Isa malee hin jiru. Odoma kaafiroonni jibbanuu keessaan qulqulleessaa [kana ragaa baana]."[161]

69-(4) ((سُبْحَانَ اللَّهِ، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ، وَاللَّهُ أَكْبَرُ (ثلاثاً وثلاثين) لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ))(162).

159 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

161 Muslimtu gabaase.

75- “Rabbiin qulqullina [isaan malu qulqullaa’e]; Faaruun kan Rabbiiti. Rabbiin waan hundarra guddate.” Si’a soddomii sadii jedha. “Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Inni tokkicha hiriyaa hin qabneedha. Mootummaan kan isaati. Faaruunis kan Isaati. Inni waan hundaa danda’aadha.”[163]

76- “Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa Akkaan Rahmata Godhaa Ta’eetiin. Jedhi: "Inni Allaah (gabbaramaa dhugaa) tokkicha. Allaahn hirkoo waa hundaati. Hin dhalle hin dhalannes. Wanti tokkollee fakkaataa Isaaf hin taane.”

Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa Akkaan Rahmata Godhaa Ta’eetiin. Jedhi: "Gooftaa bariittin maganfadha. Hamtuu waan Inni uumee irraa, Hamtuu dukkanaa yeroo dukkanaa’e irraas, Hamtuu guduunfaa keessatti tuftu irraas, Hamtuu haasidii yeroo inni hassadu (waanyu) irraas (Rabbittin maganfadha jedhi).”

Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa Akkaan Rahmata Godhaa Ta’eetiin. Jedhi: "Gooftaa

[163] Muslimtu gabaase. Namni salaata hunda booda kana jedhe yakki isaa odoma hanga oomocha garbaa ta’ee isaaf dhiifama. Muslimtu gabaase.

namaattin maganfadha. Mootii namaatti, Gabbaramaa namaatti, Hamtuu waswaasii dhokatuufi mul'atuu[164] irraa, Isa qoma namaa keessa waswaasu irraa, Jinniifi nama irraa kan ta'e (irraan maganfadha)."[165]

آية الكرسي

77- "Rabbiin Isa malee haqaan gabbaramaan hin jiru. Inni jiraataadha; waan hundaan dhaabbataadha. Mugaatiis ta'ee hirribni Isa hin qabatu. Wanti samii keessa jiruufi wanti dachii keessa jiru hundi kan Isaati. Inni hayyama Isaatiin ala Isa biratti araarsu eenyuma? Waan fuuldura isaaniitiifi waan duuba isaaniis ni beeka. Beekumsa Isaa irraas waan Inni fedhetti malee hin marsanu. Kursiin Isaa samiifi dachii irra bal'ateera. Isaan lamaan tiksuun Isa hin

164 Nama hunda irrattuu shayxaanni qalbii isaa irratti luugama godhatee taa'u qindeeffameera. Yeroo namni Rabbiin dagate isa waswaasee badiitti kakaasa. Yeroo inni Rabbiin yaadatee zikrii adda addaa godhe irraa fagaatee dhokata. Kan Nabiyyii (saw) qofatu islaama'ee inni toltuutti malee isaan hin ajaju. "Khannaas" jechuun isa yeroo namni Rabbiin yaadate dhokatu.

165 Abuu Daawudiifi Nasaa'iitu gabaasan. Suuraan kun sadan "mu'awwazataynii" jedhamu.

dadhabsiisu. Inni ol ta’aa, guddaadha.”[166] Salaata hunda booda jedhama.

72-(7) ((لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ يُحْيِي وَيُمِيتُ وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ)) عَشْرَ مَرّاتٍ بَعْدَ صَلاةِ

78- “Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Inni tokkicha hiriyaa hin qabneedha. Mootummaan kan Isaati. Faaruunis kan Isaati. Ni jiraachisa ni ajjeesas. Inni waan hunda irratti danda’aadha.” Booda salaata Maghribaafi Subhii si’a kudhan jedhama.[167]

73-(8) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ عِلْماً نافِعاً، وَرِزْقاً طَيِّباً، وَعَمَلاً مُتَقَبَّلاً)) بَعْدَ السّلامِ مِنْ صَلاَةِ الفَجْرِ(168).

79- “Yaa Rabbi ani beekumsa fayyadu, soorata gaariifi hojii qeebalamaan si kadha.” Booda salaata Maghribaa irraa salaamtaa bahee jedha.[169]

---

166 Nama salaata hunda booda isa qara’e jannata galuu irraa wanti isa dhorge du’uu dhabuu qofa. Nasaa’iifi Ibn Assunniitu gabaasan. Albaaniin Sahiih Aljaami’iin keessatti sahiiha godheera.

167 Tirmiziifi Ahmadtu gabaasan.

169 Ibn Maajaatu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

## 26 - دُعَاءُ صَلاَةِ الاسْتِخَارَةِ

## 33. Du’aa’ii salaata Istikhaaraa[170]

74- قَالَ جَابِرُ بْنُ عَبْدِ اللَّهِ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُمَا: كَانَ رَسُولُ اللَّهِ × يُعَلِّمُنَا الاسْتِخَارَةَ فِي الْأُمُورِ كُلِّهَا كَمَا يُعَلِّمُنَا السُّورَةَ مِنَ الْقُرْآنِ، يَقُولُ: ((إِذَا هَمَّ أَحَدُكُمْ بِالْأَمْرِ فَلْيَرْكَعْ رَكْعَتَيْنِ مِنْ غَيْرِ الْفَرِيضَةِ، ثُمَّ لْيَقُلْ: اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْتَخِيرُكَ بِعِلْمِكَ، وَأَسْتَقْدِرُكَ بِقُدْرَتِكَ، وَأَسْأَلُكَ مِنْ فَضْلِكَ الْعَظِيمِ؛ فَإِنَّكَ تَقْدِرُ وَلاَ أَقْدِرُ، وَتَعْلَمُ وَلاَ أَعْلَمُ، وَأَنْتَ عَلاَّمُ الْغُيُوبِ، اللَّهُمَّ إِنْ كُنْتَ تَعْلَمُ أَنَّ هَذَا الأَمْرَ - وَيُسَمِّي حَاجَتَهُ - خَيْرٌ لِي فِي دِينِي وَمَعَاشِي وَعَاقِبَةِ أَمْرِي – أَوْ قَالَ: عَاجِلِهِ وَآجِلِهِ - فَاقْدُرْهُ لِي وَيَسِّرْهُ لِي ثمَّ بَارِكْ لِي فِيهِ، وَإِنْ كُنْتَ تَعْلَمُ أَنَّ هَذَا الْأَمْرَ شَرٌّ لِي فِي دِينِي وَمَعَاشِي وَعَاقِبَةِ أَمْرِي – أَوْ قَالَ: عَاجِلِهِ وَآجِلِهِ – فَاصْرِفْهُ عَنِّي وَاصْرِفْنِي عَنْهُ وَاقْدُرْ لِيَ الْخَيْرَ حَيْثُ كَانَ، ثُمَّ أَرْضِنِي بِهِ))(171).

وَمَا نَدِمَ مَنِ اسْتَخَارَ الْخَالِقَ، وَشَاوَرَ الْمَخْلُوقِينَ الْمُؤْمِنِينَ وَتَثَبَّتَ فِي أَمْرِهِ،

اية

80- Jaabir bin Abdullaah (ra) ni jedhe: Ergamaan Rabbii (saw) akka suuraa Qur'aanaa nu barsiisanutti waan hunda keessattuu istikhaaraa (filannoo kadhachuu) nu barsiisu turan. Ni

[170] Salaanni Istikhaaraa salaata yeroo dhimmi lama namarratti wal makate isa gaarii akka Rabbiin nama filachiisuuf salaatamuudha.

jedhan: “tokkoon keessan yeroo dhimmi wahii isa yaachise salaata waajibaatiin ala raka’aa lama haa salaatu. Ergasii haa jedhu: ‘yaa Rabbi ani beekumsa keetiinin si filachiifadha. Dandeettii keetiinin dandeettii si kadha. Tola kee guddaa irraas sin kadha. Ati ni dandeessa ani hin danda’u. Ati ni beekta ani hin beeku. Ati beekaa fagooti. Yaa Rabbi yoo dhimmi kun, maqaa dhahee, naaf amantii kiyya keessatti, jiruufi booda kiyya keessatti gaarii ta’e isa naaf murteessii naaf laaffisi. Ergasii barakaa keessa naaf kaa’i. Yoo wanti kun amantii kiyya, jireenya kiyyaafi booda kiyyaaf hamaa ta’uu kan beektu ta’e isa narraa deebisii anas isarraa deebisi. Bakkuma jirutti toltuu naaf murteessi. Ergasii isaan na jaaladhu.”[172]

Namni Rabbiin filachiifatee, mu’umintoota maryachiisee dhimma isaa mirkaneeffate hin gaabbu. Rabbiin ol ta'e ni jedhe: “dhimmicha keessatti isaan mariyachiisi. Yeroo murteeffatte Rabbirratti hirkadhu.”[173]

---

[172] Bukhaariitu gabaase.
[173] Suuraa Aali Imraan: 159.

## 27 - أَذْكَارُ الصَّبَاحِ وَالْمَسَاءِ

## 34. Zikriiwwan ganamaafi galgalaa

الْحَمْدُ لِلَّهِ وَحْدَهُ، وَالصَّلاَةُ وَالسَّلاَمُ عَلَى مَنْ لاَ نَبِيَّ بَعْدَهُ(174).

Faaruun kan Rabbii tokkichaati. Rahmanniifi nageenyi, Nabiyyii xumuraa irra haa jiraatu:

آية الكرسي

"Shayxaana rahmata Rabbii irraa fageeffamaa ta'e irraa Rabbittin maganfadha: Rabbiin Isa malee haqaan gabbaramaan hin jiru. Inni jiraataadha; waan hundaan dhaabbataadha. Mugaatiis ta'ee hirribni Isa hin qabatu. Wanti samii keessa jiruufi wanti dachii keessa jiru hundi kan Isaati. Inni hayyama Isaatiin ala Isa biratti araarsu eenyuma? Waan fuuldura isaaniitiifi waan duuba isaaniis ni beeka. Beekumsa Isaa irraas waan Inni fedhetti malee hin marsanu. Kursiin Isaa samiifi dachii irra bal'ateera. Isaan lamaan tiksuun Isa hin dadhabsiisu. Inni ol ta'aa, guddaadha."[175]

---

[175] Suurat Albaqaraa: 255. Namni ganama ishee jedhe hanga dhihutti jinnii irraa tikfama. Namni galgala ishee jedhe immoo hanga ganamaatti jinnii irraa tikfama. Alhaakimtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

المعوذات

81- “Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa Akkaan Rahmata Godhaa Ta’eetiin. Jedhi: "Inni Allaah (gabbaramaa dhugaa) tokkicha. Allaahn hirkoo waa hundaati. Hin dhalle hin dhalannes. Wanti tokkollee fakkaataa Isaaf hin taane.”

Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa Akkaan Rahmata Godhaa Ta’eetiin. Jedhi: "Gooftaa bariittin maganfadha. Hamtuu waan Inni uumee irraa, Hamtuu dukkanaa yeroo dukkanaa’e irraas, Hamtuu guduunfaa keessatti tuftu irraas, Hamtuu haasidii yeroo inni hassadu (waanyu) irraas (Rabbittin maganfadha jedhi).”
Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa Akkaan Rahmata Godhaa Ta’eetiin. Jedhi: "Gooftaa namaattin maganfadha. Mootii namaatti, Gabbaramaa namaatti, Hamtuu waswaasii dhokatuufi mul’atuu[176] irraa, Isa qoma namaa

[176] Nama hunda irrattuu shayxaanni qalbii isaa irratti luugama godhatee taa’u qindeeffameera. Yeroo namni Rabbiin dagate isa waswaasee badiitti kakaasa. Yeroo inni Rabbiin yaadatee zikrii adda addaa godhe irraa fagaatee dhokata. Kan Nabiyyii (saw) qofatu

keessa waswaasu irraa, Jinniifi nama irraa kan ta'e (irraan maganfadha)." (Hundaawuu si'a sadii qara'a)[177]

77-(3) ((أَصْبَحْنَا وَأَصْبَحَ الْمُلْكُ لِلَّهِ[(178)]، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ، لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ، رَبِّ أَسْأَلُكَ خَيْرَ مَا فِي هَذَا الْيَوْمِ وَخَيرَ مَا بَعْدَهُ[(179)]، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّ مَا فِي هَذَا الْيَوْمِ وَشَرِّ مَا بَعْدَهُ، رَبِّ أَعُوذُ بِكَ مِنَ الْكَسَلِ وَسُوءِ الْكِبَرِ، رَبِّ أَعُوذُ بِكَ مِنْ عَذَابٍ فِي النَّارِ وَعَذَابٍ فِي الْقَبْرِ))[(180)].

82- "Nuti bariisifanne. Mootummaanis kan Rabbii ta'ee bule.[181] Faaruun kan Rabbiiti. Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Inni tokkicha hiriyaa hin qabneedha. Mootummaan kan isaati. Faaruunis kan Isaati. Inni waan hunda irratti danda'aadha. Yaa Rabbi ani toltuu guyyaa[182] har'aa keessa jiruufi toltuu

islaama'ee inni toltuutti malee isaan hin ajaju. "Khannaas" jechuun isa yeroo namni Rabbiin yaadate dhokatu.

177 Nama ganamaafi galgalaa si'a sadii isaan kana qara'e waan hundarraa isa geessi. Abuu Daawudiifi Tirmiziitu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

181 Galgala immoo dhiisifane mootummaanis kan Rabbii ta'e dhiisifate jedha.

182 Galgala immoo toltuu halkan kana keessa jiru jedha.

booda isaa jiru sin kadha. Sherrii guyyaa harraa keessa jiruufi sherrii booda isaatii jiruu irraa sittin maganfadha. Yaa Rabbi taatiyoo (nuffaa)fi dulluma hamaa irraa sittin maganfadha. Yaa Rabbi adabbii ibidda keessaatiifi adabbii qabrii keessaa irraa sittin maganfadha.”[183]

78-(4) ((اللَّهُمَّ بِكَ أَصْـبَحْنَا، وَبِكَ أَمْسَـيْنَا[(184)]، وَبِكَ نَحْيَا، وَبِكَ نَمُوتُ وَإِلَيْكَ النُّشُورُ))[(185)].

83- Yaa Rabbi siin bariisifannee siin dhiisifanne.[186] Siin jiraannee siin duuna. Deebiinis garuma keeti.”[187]

79-(5) ((اللَّهُمَّ أَنْـتَ رَبِّي لاَ إِلَـهَ إِلاَّ أَنْـتَ، خَلَقْتَنِي وَأَنَـا عَبْدُكَ، وَأَنَا عَلَى عَهْدِكَ وَوَعْدِكَ مَا اسْـتَطَعْتُ، أَعُوذُ بِكَ مِنْ شَـرِّ مَا صَـنَعْتُ، أَبُوءُ[(188)] لَكَ بِنِعْمَتِكَ عَلَـيَّ، وَأَبُوءُ بِذَنْبِي فَاغْفِرْ لِي فَإِنَّهُ لاَ يَغْفِرُ الذُّنوبَ إِلاَّ أَنْتَ))[(189)].

---

183 Muslimtu gabaase.

186 Galgala immoo siin dhiisifannee siin bariisifanne jedha.
187 Tirmiziitu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

84- “Yaa Rabbi ati gooftaa kiyya. Situ na uumee ani gabricha keeti. Ani hangan danda’een baallamaafi waadaa keerran jira. Hamtun hojjadhe irraa Rabbittin maganfadha. Qananii ati natti oolte nan mirkaneessa. Yakka kiyyas nan amana. Kan yakka araaramu si qofa waan ta’eef naa araarami.”[190]

80-(6) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَصْبَحْتُ[191] أُشْهِدُكَ، وَأُشْهِدُ حَمَلَةَ عَرْشِكَ، وَمَلاَئِكَتِكَ، وَجَمِيعَ خَلْقِكَ، أَنَّكَ أَنْتَ اللَّهُ لاَ إِلَـهَ إِلاَّ أَنْتَ وَحْدَكَ لاَ شَرِيكَ لَكَ، وَأَنَّ مُحَمَّداً عَبْدُكَ وَرَسُولُكَ)) (أربعَ مَرَّاتٍ)[192].

85- Yaa Rabbi ani si ragaa taasifataa, baattota Arshii keetii, maleykota keetiifi uumama kee hunda akka ati Allaah taate, si malee haqaan kan gabbaramu akka hin jirre, tokkicha hiriyaa hin qabneefi Muhammad gabricha keetiifi ergamaa kee ta’uu ragaa baasifataan bariisifadhe.[193]” (si’a afur jedha).[194]

[190] Namni galgala qalbii isaatiin ishee dhugeessee jedhe halkan sana irraa du’e jannata seena. Ganamas akkuma kana. Bukhaariitu gabaase.

[193] Galgala immoo dhiisifadhe jedha.

[194] Namni ogga bariisifatu yookiin dhiisifatu kana si’a afur jedhe Rabbiin ibidda irraa bilisa isa godha. Abuu Daawudtu gabaase. Ibn Baaz sanada isaa Hasan godheera.

81-(7) ((اللَّهُمَّ مَـا أَصْــبَحَ بِي[195] مِنْ نِعْمَـةٍ أَوْ بِـأَحَدٍ مِنْ خَلْقِكَ فَمِنْكَ وَحْدَكَ لاَ شَرِيكَ لَكَ، فَلَكَ الْحَمْدُ وَلَكَ الشُّكْرُ))[196].

86- Yaa Rabbi qananii irraa wanti ana yookiin uumama kee irraa nama tokko waliin bule[197] sima qofa biraayyi. Ati tokkicha hiriyaa hin qabneedha. Faaruun keeti; galannis kan keeti."[198]

82-(8) ((اللَّهُمَّ عَافِنِي فِي بَدَنِي، اللَّهُمَّ عَافِنِي فِي سَــمْعِي، اللَّهُمَّ عَـافِـنِـي فِــي بَصَــــرِي،لاَ إِلَــهَ إِلاَّ أَنْــتَ. الــلَّــهُـمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنَ الْكُفْرِ، وَالفَقْرِ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ عَذَابِ القَبْرِ، لاَ إِلَهَ إِلاَّ أَنْتَ)) (ثلاث مرَّاتٍ)[199].

87- Yaa Rabbi qaama kiyya keessatti nagaa naa godhi. Yaa Rabbi dhageettii kiyya keessatti nagaa na godhi. Yaa Rabbi agartuu kiyya keessatti nagaa na godhi. Dhugaan gabbaramaan si malee hin jiru. Yaa Rabbi ani kufriifi hiyyummaa irraa sittin maganfadha. Adabbii

---

197 Galgala yoo ta'e immoo oole jedha.

198 Namni ganama ishee jedhe shukrii guyyaa sanaa guuteera. Namni galgala ishee jedhe immoo shukrii halkan sanaa guuteera. Abuu Daawudiifi Nasaa'iitu gabaasan. Ibn Baaz sanada isaa Hasan godhan.

qabrii irraas sittin maganfadha. Dhugaan gabbaramaan si malee hin jiru.” (si’a sadii jedha).[200]

83-(9) ((حَسْــــــبِــــيَ اللَّهُ لاَ إِلَـــــهَ إِلاَّ هُـــوَ عَـــلَـــيْـــهِ تَـــوَكَّـــلْـــتُ وَهُـــوَ رَبُّ الْـــعَـــرْشِ الْعَظِيمِ)) (سَبْعَ مَرّاتٍ)(201).

88- “Gahaan kiyya Allaahdha. Dhugaan gabbaramaan Isa malee hin jiru. Isarratti hirkadheera. Inni abbaa arshii guddaati.”(si’a torba jedha).[202]

84-(10) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْــأَلُكَ الْعَفْوَ وَالْعَافِيَةَ فِي الدُّنْيَا وَالآخِرَةِ، اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْـأَلُكَ الْعَفْوَ وَالْعَافِيَةَ: فِي دِينِي وَدُنْيَايَ وَأَهْلِي، وَمَالِي، اللَّهُمَّ اسْتُرْ عَوْرَاتِي، وَآمِنْ رَوْعَاتِي، اللَّهُمَّ احْفَظْنِي مِنْ بَينِ يَدَيَّ، وَمِنْ خَلْفِي، وَعَنْ يَمِينِي، وَعَنْ شِـــمَـــالِي، وَمِنْ فَوْقِي، وَأَعُوذُ بِعَظَمَتِكَ أَنْ أُغْتَالَ مِنْ تَحْتِي))(203).

89- Yaa Rabbi ani addunyaafi aakhiraatti dhiifamaafi nageenyan si kadha. Yaa Rabbi ani

[200] Abuu Daawudiifi Ahmadtu gabaasan. Ibn Baaz sanada Isaa Tuhfat Al-Akhbaar keessatti Hasan godhan.

[202] Nama ganamaafi galgala si’a torba ishee jedhe dhimma addunyaafi aakhiraa waan isa yaachisu Rabbiin isaaf gaha. Abuu Daawudtu gabaase. Shu’ayb Al-Arnaa’uuxiin sanada isaa hasan godhe.

amantii, addunyaa, maatiifi qabeenya kiyya keessatti dhiifamaafi nageenyan si kadha. Yaa Rabbi qaama kiyyas naa satari. Sodaa irraas nagaa na godhi. Yaa Rabbi fuuldura kiyyaan, duuba kiyyaan, mirga kiyyaan, bitaa kiyyaafi gubbaa kiyyaan na tiksi. Jala kiyyaan gadi liqimfamuu irraas sittin maganfadha."[204]

85-(11) ((اللَّهُمَّ عَالِمَ الغَيْبِ وَالشَّـهَادَةِ فَاطِرَ السَّـمَوَاتِ وَالْأَرْضِ، رَبَّ كُلِّ شَـيْءٍ وَمَلِيكَهُ، أَشْـهَدُ أَنْ لاَ إِلَهَ إِلاَّ أَنْتَ، أَعُوذُ بِكَ مِنْ شَـرِّ نَفْسِـي، وَمِنْ شَـرِّ الشَّيْطَانِ وَشِرْكِهِ، وَأَنْ أَقْتَرِفَ عَلَى نَفْسِي سُوءاً، أَوْ أَجُرَّهُ إِلَى مُسْلِمٍ))(205).

90- Yaa Rabbii beekaa fagoofi dhihoo! Uumaa samiifi dachii! Gooftaa waa hundaafi horataa isaa kan taate! 'Dhugaan gabbaramaan si malee hin jiruu' ragaan baha. Hamtuu lubbuu kiyyaa, hamtuu shayxaanaafi shirkii isaa irraa sittin maganfadha. Akkasumas lubbuu koo irratti hamtuu hojjachuu yookiin Muslima kamittuu harkisuu irraa sittin maganfadha."[206]

86-(12) ((بِسْـمِ اللَّهِ الَّذِي لاَ يَضُـرُّ مَعَ اسْـمِهِ شَـيْءٌ فِي الْأَرْضِ

[204] Abuu Daawudiifi Ibn Maajaatu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

[206] Tirmiziifi Abuu Daawudtu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

وَلاَ فِي السّمَاءِ وَهُوَ السَّمِيعُ الْعَلِيمُ)) (ثلاثَ مرَّاتٍ)(207).

91- Maqaa Rabbii isa wanti tokkollee samiifi dachii keessatti maqaa Isaa waliin hin miineetiin. Inni argaa beekaadha." (si'a sadii jedha).[208]

87-(13) ((رَضِيتُ بِاللَّهِ رَبّاً، وَبِالْإِسْلاَمِ دِيناً، وَبِمُحَمَّدٍ × نَبِيّاً)) (ثلاثَ مرَّاتٍ)(209).

92- Rabbiin gabbaramaa ta'uu, Islaamni amantii kiyya ta'uufi Muhammad (saw) Nabiyyii naaf ta'uu jaaladheera." (si'a sadii jedha).[210]

88-(14) ((يَا حَيُّ يَا قَيُّومُ بِرَحْمَتِكَ أَسْتَغِيثُ أَصْلِحْ لِي شَأْنِيَ كُلَّهُ وَلاَ تَكِلْنِي إِلَى نَفْسِي طَرْفَةَ عَيْنٍ))(211).

93- Yaa Rabbii jiraataa waan hunda to'ataa! Rahmata keen birmachiifadha. Dhimma kiyya

---

208 Nama ganama si'a sadii jedhee galgalas si'a sadii jedhe homaa isa hin miidhu. Abuu Daawud, Tirmiziifi Ahmadtu gabaasan.

210 Nama ganama si'a sadii jedhee galgalas si'a sadii jedhe Rabbiin Guyyaa Qiyaamaa [mindaa isaaf kennuudhaa] isa jaalachiisuuf waadaa seene. Ahmadiifi Nasaa'iitu gabaasan. Ibn Baaz sanada Isaa Tuhfat Al-Akhbaar keessatti Hasan godhan.

hunda naaf tolchi. Milluu ijaa tokkollee gara lubbuu kiyyaatti na hin hirkisin."[212]

89-(15) ((أَصْـبَحْنَا وَأَصْـبَحَ الْمُلْكُ لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ(213)، اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْـأَلُكَ خَيْرَ هَذَا اليَوْمِ(214): فَتْحَهُ، وَنَصْـرَهُ، وَنورَهُ، وَبَرَكَتَهُ، وَهُدَاهُ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّ مَا فِيهِ وَشَرِّ مَا بَعْدَهُ))(215).

94- Bariisifanne[216]. Mootummaanis kan Rabbii mootii aalamaa ta'ee bariisifate. Yaa Rabbi ani khayrii guyyaa kanaan si kadha: injifannoo isaa, tumsa isaa, ifaa isaa, barakaa isaafi qajeeluma isaa. Sherrii isa keessa jiruufi sherrii booda isaa jiru irraa sittin maganfadha."[217]

---

212 Alhaakimtu gabaase. Sahiiha godheeras. Zahabiinis isa deeggare. Albaaniin sahiiha godheera.

216 Galgala immoo akkana jedha: "dhiisifanne. Mootummaanis kan Rabbii mootii aalamaa ta'ee dhiisifate. Yaa Rabbi ani khayrii halkan kanaan si kadha: injifannoo ishee, tumsa ishee, ifaa ishee, barakaa isheefi qajeeluma ishee. Sherrii ishee keessa jiruufi sherrii booda ishee jiru irraa sittin maganfadha.

217 Abuu Daawudtu gabaase. Shu'aybiifi Abdul Qaadir Al-Arnaa'uuxiin sahiiha godhaniiru.

90-(16) ((أَصْـــبَحْنـا عَلَى فِطْرَةِ الْإِسْــلاَمِ(218)، وَعَلَى كَلِمَـةِ الْإِخْلاَصِ، وَعَلَى دِينِ نَبِيِّنَـا مُحَمَّدٍ ﷺ، وَعَلَى مِلَّةِ أَبِينَا إِبْرَاهِيمَ، حَنِيفاً مُسْــلِماً وَمَا كَانَ مِنَ الْمُشرِكِينَ))(219).

95- Uumama Islaamaa irratti, jecha ikhlaasaa irratti, amantii Nabiyyii keenya muhammad irrattiifi karaa abbaa keenyaa Ibraahiim irratti Muslima sirrii taanee bariisifanne[220]. Ibraahiim mushrika irraa hin taane."[221]

91-(17) ((سُبْحَانَ اللَّهِ وَبِحَمْدِهِ)) (مائة مرَّةٍ)(222).

96- "Faaruu isaa waliinin qulqullina Rabbiin malu [isa qulqulleessa]." (si'a dhibba jedha).[223]

[220] Galgala immoo dhiisifanne jedha.
[221] Ahmadiifi Ibn Assunniitu gabaasan. Albaaniin Sahiih Aljaami'iin keessatti sahiiha godheera.

[223] Namni ganamaafi galgala si'a dhibba kana jedhe namni tokkollee Guyyaa Qiyaamaa isa caalee hin dhufu nama fakkaataa isaa yookiin kan isa caalu jedhe malee. Muslimtu gabaase.

92-(18) ((لاَ إِلَهَ إلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ، وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَـيْءٍ قَدِيرٌ)) (عشـرَ مرَّات)[224]، أَوْ (مرَّةً واحدةً عندَ الكَسَلِ)[225].

97- Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Inni tokkicha hiriyaa hin qabneedha. Mootummaan kan isaati. Faaruunis kan Isaati. Inni waan hunda irratti danda'aadha." (si'a kudhan[226] jedha yeroo dadhabbii tokkicha[227] jedha).

93-(19) ((لاَ إِلَهَ إلاَّ اللَّهُ، وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ)) (مائةَ مرَّةٍ إذا أصبحَ)[228].

98- Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Inni tokkicha hiriyaa hin qabneedha. Mootummaan kan isaati. Faaruunis kan Isaati. Inni waan hunda irratti danda'aadha." (Ganama si'a dhibba jedha).[229]

.

226 Nasaa'iitu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

227 Abuu Daawudiifi Ibn Maajaatu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

229 Namni kana ganama si'a dhibba jedhe mindaa nama kudhan bilisoomsuu isaaf ta'eeti mindaan dhibbi isaaf barreeffama. Yakki dhibbi irraa haqama. Guyyaa gaafasii hanga dhihutti shayxaana irraa

94-(20) ((سُبْحَانَ اللَّهِ وَبِحَمْدِهِ: عَدَدَ خَلْقِهِ، وَرِضَا نَفْسِهِ، وَزِنَةَ عَرْشِهِ، وَمِدَادَ كَلِمَاتِهِ)) (ثلاثَ مرَّاتٍ إذا أصبحَ)(230).

99- Faaruu isaa waliin qulqullina Rabbiin malun [isa qulqulleessa]: hanga baay'ina uumama isaatiin, hanga jaalala lubbuu isaatiin, hanga madaala arshii isaatiifi maddii barreeffama jecha isaatiin." (Ganama si'a sadii jedha).[231]

95-(21) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ عِلْماً نَافِعاً، وَرِزْقاً طَيِّباً، وَعَمَلاً مُتَقَبَّلاً)) (إذا أصبحَ)(232).

100- Yaa Rabbi ani barumsa fayyadu, soorata gaariifi hojii qeebalamtuun si kadha." (Ganama)[233]

96-(22) ((أَسْتَغْفِرُ اللَّهَ وَأَتُوبُ إِلَيْهِ)) (مِائَةَ

101- Araaraman Rabbiin kadha. Badii irraas gara Isaattin deebi'a." (Guyyaatti si'a dhibba jedhe)[234]

97-(23) ((أَعُوذُ بِكَلِمَاتِ اللَّهِ التَّامَّاتِ مِنْ شَرِّ مَا خَلَقَ)) (ثلاثَ

isa tiksa. Namni tokkollee isa caalee hin dhufu kan isaa caalu hojjate malee. Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

231 Muslimtu gabaase.

233 Ibn Assunniifi Ibn Maajaatu gabaasan. Shu'aybiin sahiiha godheera.
234 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

مرَّاتٍ إذا أمسى)[(235)].

102- Hamtuu waan inni uumee irraa jecha Rabbii guutuuttin maganfadha.” (Galgala si’a sadii)[236]

98-(24) ((اللَّهُمَّ صَـــلِّ وَسَـــلِّمْ عَلَى نَبَيِّنَـا مُحَمَّدٍ)) (عشـــرَ مرَّاتٍ)[(237)].

103- Yaa Rabbi rahmataafi nageenya Nabiyyii keenya Muhammad irratti buusi.” (si’a kudhan)[238]

236 Nama galgala ishee kana si’a sadii jedhe halkan sana summii bofaafi kkf irraa tikfama. Ahmadiifi Nasaa’iitu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

238 Namni ganamaafi galgala si’a kudhan narratti rahmata buuse Guyyaa Qiyaamaa shafaa’aa kiyya argata.” Axxabraaniitu sanada lamaan gabaase. Inni tokko gaariidha. Albaaniin sahiiha godheera.

## 28 – أَذْكَارُ النَّوْمِ

## 35. Zikriiwwan hirribaa

يجمع كفيه

اية الكرسي\\

امن الرسول

104- Harka isaa lamaan walitti qabee isaan keessatti qara'ee afuufa: "Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa Akkaan Rahmata Godhaa Ta'eetiin. Jedhi: "Inni Allaah (gabbaramaa dhugaa) tokkicha. Allaahn hirkoo waa hundaati. Hin dhalle hin dhalannes. Wanti tokkollee fakkaataa Isaaf hin taane."

Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa Akkaan Rahmata Godhaa Ta'eetiin. Jedhi: "Gooftaa bariittin maganfadha. Hamtuu waan Inni uumee irraa, Hamtuu dukkanaa yeroo dukkanaa'e irraas, Hamtuu guduunfaa keessatti tuftu irraas, Hamtuu haasidii yeroo inni hassadu (waanyu) irraas (Rabbittin maganfadha jedhi)."

Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa Akkaan Rahmata Godhaa Ta'eetiin. Jedhi: "Gooftaa namaattin maganfadha. Mootii namaatti,

Gabbaramaa namaatti, Hamtuu waswaasii dhokatuufi mul'atuu[239] irraa, Isa qoma namaa keessa waswaasu irraa, Jinniifi nama irraa kan ta'e (irraan maganfadha)." (Hundaawuu si'a sadii qara'a)[240]

105- "Rabbiin Isa malee haqaan gabbaramaan hin jiru. Inni jiraataadha; waan hundaan dhaabbataadha. Mugaatiis ta'ee hirribni Isa hin qabatu. Wanti samii keessa jiruufi wanti dachii keessa jiru hundi kan Isaati. Inni hayyama Isaatiin ala Isa biratti araarsu eenyuma? Waan fuuldura isaaniitiifi waan duuba isaaniis ni beeka. Beekumsa Isaa irraas waan Inni fedhetti malee hin marsanu. Kursiin Isaa samiifi dachii irra bal'ateera. Isaan lamaan tiksuun Isa hin dadhabsiisu. Inni ol ta'aa, guddaadha."[241]

---

239 Nama hunda irrattuu shayxaanni qalbii isaa irratti luugama godhatee taa'u qindeeffameera. Yeroo namni Rabbiin dagate isa waswaasee badiitti kakaasa. Yeroo inni Rabbiin yaadatee zikrii adda addaa godhe irraa fagaatee dhokata. Kan Nabiyyii (saw) qofatu islaama'ee inni toltuutti malee isaan hin ajaju. "Khannaas" jechuun isa yeroo namni Rabbiin yaadate dhokatu.

240 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

241 Namni yeroo gara firaashii isaa dhaqu isaan qara'e tiksaan Rabbiin biraa ta'e isa bira hin dhibamu. Hanga bariisifatutti shayxaanni isatti hin siqatu. Bukhaariitu gabaase.

امن الرسول

106- Ergamichi waan Gooftaa isaa irraa gara isaatti buufametti amaneera; mu'uminoonnis amananiiru. Hundumtuu Rabbitti, malaa'ikoota Isaatti, kitaabota Isaafi ergamoota Isaatti amananiiru.[242] "Nuti ergamoota Isaa irraa tokkollee adda hin baafnu" [jedhan]. "Nuti dhageenye; ajajamnes. Gooftaa keenya! Araarama kee [barbaanna]. Deebiinis garuma keeti" jedhan.

Rabbiin lubbuu tokkollee dandeettii isheetiin ala hin dirqisiisu. [Toltuu irraa] wanti isheen carraaqqate isheedhumaafi; [hamtuu irraa] wanti isheen carraaqqattes ishee irratti ta'a. "Gooftaa keenya! Yoo daganne yookiin dogoggorre nu hin qabin. Gooftaa keenya! Ba'aa guddaa akka warra nuun duraa irratti baachifte nurratti hin baachisin. Gooftaa keenya! Waan isatti dandeettiin nuuf hin jirre nu hin baachisin. Irras nuuf dabri; nuuf

[242] Amanuu jechuun dhugoomsuudha. Rabbitti amanuu jechuun tokkummaa isaa dhugoomsuu yoo ta'u, Malaa'ikootatti amanuun immoo isaan gabroota Rabbii gaggaarii ajaja isaa hin dinne kan ifaa irraa isaan uume ta'uu isaanii dhugoomsuudha; Ergamootaafi kitaabotatti amanuun immoo haqaan Rabbiin biraa dhufuu isaanii dhugoomsuudha.

araarami. Rahmatas nuuf godhi. Ati gargaaraa keenya. Ummata kaafirootaa irrattis nuuf tumsi.”[243]

102-(4) ((بِاسْـمِكَ[244] رَبِّي وَضَـعْتُ جَنْبِي، وَبِكَ أَرْفَعُهُ، فَإِن أَمْسَـكْتَ نَفْسِـي فارْحَمْهَا، وَإِنْ أَرْسَـلْتَهَا فَاحْفَظْهَا، بِمَا تَحْفَظُ بِهِ عِبَادَكَ الصَّالِحِينَ))[245].

107- “Yaa Rabbi maqaa keetiinin cinaacha kiyya keeyyadhe. Siinin ol kaasa. Yoo lubbuu kiyya fuuteef ishee mararfadhu. Yoo ishee deebiftee ergiteef waan gabroottan kee gaggaarii tiksituun ishee tiksi.”

103-(5) ((اللَّهُمَّ إِنَّكَ خَلَقْتَ نَفْسِـي وَأَنْتَ تَوَفَّاهَا، لَكَ مَمَاتُهَا وَمَحْيَاهَا، إِنْ أَحْيَيْتَهَا فَاحْفَظْهَا، وَإِنْ أَمَتَّهَا فَاغْفِرْ لَهَا. اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ العَافِيَةَ))[246].

108- Yaa Rabbi ati lubbuu kiyya uumteetta. Situ ishee ajjeesa. Duutiifi jireenyi ishee kan keeti. Yoo ishee jiraachifteef ishee tiksi. Yoo ishee

243 Albaqaraa: 285-286. Bukhaariifi Muslimtu gabaasan. Halkan keessa nama isaan qara’eef waan hundarra isaaf gaha.

ajjeefteef isheef araarami. Yaa Rabbi ani nageenyan si kadha."[247]

104-(6) ((اللَّهُمَّ قِنِي(248) عَذَابَكَ يَوْمَ تَبْعَثُ عِبَادَكَ))(249).

109- Yaa Rabbi guyyaa gabroottan kee kaaftu ibidda kee irraa na tiksi." (si'a sadii)[250]

105-(7) ((بِاسْمِكَ اللَّهُمَّ أَمُوتُ وَأَحْيَا))(251).

110- Yaa Rabbi maqaa keetiinin du'a; isaanin jiraadhas."[252]

106-(8) ((سُـــبْحَـانَ اللَّهِ (ثلاثـاً وثلاثين) وَالْحَمْدُ لِلَّهِ (ثلاثاً وثلاثين) وَاللَّهُ أَكْبَرُ (أربعاً وثلاثينَ)))(253).

111- Rabbiin qulqullina isaan malu qulqullaa'e. Faaruun kan Rabbiiti." (si'a soddomii sadii) "Rabbiin hundarra guddaadha." (si'a soddomii afur).[254]

---

[247] Muslimiif Ahmadtu gabaase.

[250] Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

[252] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

[254] Namni yeroo gara hirribaa deemu kana jedhe khaadima qabaachuurra isaaf caala. Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

107-(9) ((اللَّهُمَّ رَبَّ السَّمَوَاتِ السَّبْعِ وَرَبَّ الأَرْضِ، وَرَبَّ الْعَرْشِ الْعَظِيمِ، رَبَّنَا وَرَبَّ كُلِّ شَيْءٍ، فَالِقَ الْحَبِّ وَالنَّوَى، وَمُنْزِلَ التَّوْرَاةِ وَالْإِنْجِيلِ، وَالْفُرْقَانِ، أَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّ كُلِّ شَيْءٍ أَنْتَ آخِذٌ بِنَاصِيَتِهِ. اللَّهُمَّ أَنْتَ الأَوَّلُ فَلَيْسَ قَبْلَكَ شَيْءٌ، وَأَنْتَ الآخِرُ فَلَيسَ بَعْدَكَ شَيْءٌ، وَأَنْتَ الظَّاهِرُ فَلَيْسَ فَوْقَكَ شَيْءٌ، وَأَنْتَ الْبَاطِنُ فَلَيْسَ دُونَكَ شَيْءٌ، اقْضِ عَنَّا الدَّيْنَ وَأَغْنِنَا مِنَ الْفَقْرِ))(255).

112- Yaa Allaah gooftaa samii torbaniifi gooftaa arshii guddaa, gooftaa keenyaafi gooftaa waa hundaa, yaa Rabbii keenyaafi Rabbii waa hundaa! Biqilchaa midhaaniifi nakhlii! Yaa buusaa Tawraat, Injiiliifi Furqaan! Sherrii waa hundaa kan ati sammuu isaa qabde irraa sittin maganfadha. Yaa Rabbi ati jalqaba; si dura homaa hin jiru. Ati booda jiraataadha; si booda homaa hin jiru. Ati hundaa oli; gubbaa kee homaa hin jiru. Ati iccitii beekaadha; wanti sirraa dhokatu hin jiru. Hidaa nurraa kaffalii hiyyummaa irraa nu duroomsi.”[256]

[256] Muslimtu gabaase.

108-(10) ((الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي أَطْعَمَنَا وَسَقَانَا، وَكَفَانَا، وَآوَانَا، فَكَمْ مِمَّنْ لاَ كَافِيَ لَهُ وَلاَ مُؤْوِيَ))(257).

113- Faaruun kan Rabbii isa nu nyaachisee, nu obaasee, nuuf gaheefi nu qubsiiseeti. Meeqaatamatu waan isaaf gahuufi isa qubsiisu hin qabne!”[258]

109-(11) ((اللَّهُمَّ عَالِمَ الغَيْبِ وَالشَّهَادَةِ فَاطِرَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ، رَبَّ كُلِّ شَيْءٍ وَمَلِيكَهُ، أَشْهَدُ أَنْ لاَ إِلَهَ إِلاَّ أَنْتَ، أَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّ نَفْسِي، وَمِنْ شَرِّ الشَّيْطَانِ وَشِرْكِهِ، وَأَنْ أَقْتَرِفَ عَلَى نَفْسِي سُوءاً، أَوْ أَجُرَّهُ إِلَى مُسْلِمٍ))(259).

114- Yaa Rabbii beekaa fagoofi dhihoo! Uumaa samiifi dachii! Gooftaa waa hundaafi horataa isaa kan taate! ‘Dhugaan gabbaramaan si malee hin jiruu’ ragaan baha. Hamtuu lubbuu kiyyaa, hamtuu shayxaanaafi finyoo (haada) isaa irraa sittin maganfadha. Akkasumas lubbuu koo irratti hamtuu hojjachuu yookiin Muslima kamittuu harkisuu irraa sittin maganfadha.”[260]

---

258 Muslimtu gabaase.

260 Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

110-(12) ((يَقْرَأُ (الـــــــم) تَنْزِيلَ السَّجْدَةِ، وَتَبَارَكَ الَّذي بِيَدِهِ الْمُلْكُ))(261).

115- Suurat Assajdaafi suurat Almulk qara’a.[262]

111-(13) ((اللَّهُمَّ(263) أَسْـلَمْتُ نَفْسِـي إِلَيْكَ، وَفَوَّضْـتُ أَمْرِي إِلَيْكَ، وَوَجَّهْتُ وَجْهِي إِلَيْكَ، وَأَلْجَأْتُ ظَهْرِي إِلَيْكَ، رَغْبَةً وَرَهْبَةً إِلَيْكَ، لاَ مَلْجَأَ وَلاَ مَنْجَا مِنْكَ إِلاَّ إِلَيْكَ، آمَنْتُ بِكِتَابِكَ الَّذِي أَنْزَلْتَ، وَبِنَبِيِّكَ الَّذِي أَرْسَلْتَ))(264).

116- Yaa Rabbi lubbuu kiyya sitti kenneera. Dhimma kiyyas gara keetti hirkiseera. Fuula kiyyas gara keetti deebiseera. Dugda kiyyas gara keetti hirkiseera. Rahmata kee kajeelaa adabbii kee sodaataa. Bakki sirraa itti dabaniifi itti bilisa ta’an gara kee malee hin jiru. Kitaaba kee ati buufteefi Nabiyyii kee ati ergitetti amaneera.”[265]

---

262 Tirmiziifi Nasaa’iitu gabaasan. Albaaniin Sahiih Aljaami’iin keessatti sahiiha godheera.

265 Nabiyyiin (saw) nama kana jedheen ni jedhan: “yoo duuteef Islaama irratti duuta.” Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

## 29 – الدُّعَاءُ إِذَا تَقَلَّبَ لَيْلاً

## 36. Du’aa’ii yeroo hirriba keessa gara galanii

112- ((لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ الْوَاحِدُ الْقَهّارُ، رَبُّ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ وَمَا بَيْنَهُمَا الْعَزِيزُ الْغَفَّارُ))(266).

117- Dhugaan gabbaramaan Rabbii tokkicha injifataa malee hin jiru. Inni Rabbii samii, dachiifi waan jidduu isaaniiti. Injifataa araaramaadha.”[267]

## 30 – دُعَاءُ الْفَزَعِ فِي النَّوْمِ وَمَنْ بُلِيَ بِالْوَحْشَةِ

## 37. Du’aa’ii naasuu hirriba keessaafi nama bineensa wahiitiin rifatee

113- ((أَعُوذُ بِكَلِمَاتِ اللَّهِ التَّامَّاتِ مِنْ غَضَبِهِ وَعِقَابِهِ، وَشَرِّ عِبَادِهِ، وَمِنْ هَمَزَاتِ الشَّياطِينِ وَأَنْ يَحْضُرُونِ))(268).

118- Dallansuu Rabbii, adabbii isaa, hamtuu gabroottan isaa, nama maraachisuu shayxaanaafi natti dhufuu irraa jecha Rabbii guutuu ta’ettin maganfadha.”[269]

---

[267] Kana yeroo halkan keessa cinaacha tokko irraa kan biraatti jijjiirrate jedha. Alhaakimtu gabaase. Sahiiha goonaan Zahabiin isa deeggare.

[269] Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

## 31 – مَا يَفْعَلُ مَنْ رَأَى الرُّؤْيَا أَوِ الْحُلْمَ

(1)-114Waan namni abjuu fokkataa arge hojjatu ((يَنْفُثُ عَنْ يَسَارِهِ)) (ثلاثاً)(270).

119- Bitaa isaa irraan yeroo sadii afuufa.[271]

(2) ((يَسْتَعِيذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيطَانِ وَمِنْ شَرِّ مَا رَأَى)) (ثَلاَثَ مَرَّاتٍ)(272).

Si'a sadii shayxaanaafi hamtuu arge irraa Rabbitti maganfata.[273]

(3) ((لاَ يُحَدِّثْ بِهَا أَحَداً))(274).

Nama tokkottuu isa hin himu.[275]

(4) ((يَـتَحَوَّلُ عَنْ جَنْبِهِ الَّذِي كَانَ عَلَيْهِ))(276).

Cinaacha irra ture irraa ni jijjiirrata.[277]

---

271 Muslimtu gabaase.

273 Muslimtu gabaase.

275 Muslimtu gabaase.

277 Muslimtu gabaase.

115-(5) ((يَقُومُ يُصَلِّي إِنْ أَرَادَ ذَلِكَ))(278).

120- Yoo fedheef ol ka'ee salaata.[279]

## 32 - دُعاءُ قُنُوتِ الوِتْرِ

## 38. Du'aa'ii qunuutii witrii

116-(1) ((اللَّهُمَّ اهْدِنِي فِيمَنْ هَدَيْتَ، وَعَافِنِي فِيمَنْ عَافَيْتَ، وَتَوَلَّنِي فِيمَنْ تَوَلَّيْتَ، وَبَارِكْ لِي فِيمَا أَعْطَيْتَ، وَقِنِي شَرَّ مَا قَضَيْتَ؛ فَإِنَّكَ تَقْضِي وَلاَ يُقْضَى عَلَيْكَ، إِنَّهُ لاَ يَذِلُّ مَنْ وَالَيْتَ، [وَلاَ يَعِزُّ مَنْ عَادَيْتَ]، تَبَارَكْتَ رَبَّنَا وَتَعَالَيْتَ))(280).

121- Yaa Rabbi warra qajeelchitee wajjin na qajeelchi; warra nagaa gootee wajjin nagaa na godhi; warra jaalalloo godhattee wajjin jaalalloo na godhadhu. Waan kennite keessa barakaa naaf godhi. Hamtuu waan murteessite irraa na tiksi. Ati ni murteessita sirratti hin murteeffamu waan ta'eef. Dubbiin, nama ati jaalalloo godhatte wanti xiqqeessu hin jiru. [Nama ati diina godhatte kan kabaju hin jiru]. Yaa Rabbii keenya tolli kee baay'ateera; ol taateettas."[281]

---

279 Muslimtu gabaase.

281 Khamsaatu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

117-(2) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِرِضَاكَ مِنْ سَخَطِكَ، وَبِمُعَافَاتِكَ مِنْ عُقُوبَتِكَ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْكَ، لاَ أُحْصِي ثَنَاءً عَلَيْكَ، أَنْتَ كَمَا أَثْنَيْتَ عَلَى نَفْسِكَ))(282).

122- Yaa Rabbi ani dallansuu keerraa jaalala keetti, adabbii kee irraa nageenya keettin maganfadha. Faaruu kee lakkaa'ee hin fixu. Ati akkuma lubbuu kee faarsiteedha."[283]

118-(3) ((اللَّهُمَّ إِيَّاكَ نَعْبُدُ، وَلَكَ نُصَلِّي وَنَسْجُدُ، وَإِلَيْكَ نَسْعَى وَنَحْفِدُ، نَرْجُو رَحْمَتَكَ، وَنَخْشَى عَذَابَكَ، إِنَّ عَذَابَكَ بِالْكَافِرِينَ مُلْحَقٌ. اللَّهُمَّ إِنَّا نَسْتَعِينُكَ، وَنَسْتَغْفِرُكَ، وَنُثْنِي عَلَيْكَ الْخَيْرَ، وَلاَ نَكْفُرُكَ، وَنُؤْمِنُ بِكَ، وَنَخْضَعُ لَكَ، وَنَخْلَعُ مَنْ يَكْفُرُكَ))(284).

123- Yaa Rabbi si qofa gabbarra. Siif salaannee siif sujuunna. Gara keetti fiigna jaalala keetti ariifanna. Rahmata kee kajeellaa. Adabbii kee sodaanna. Adabbiin kee kaafiroota qunnamaadha. Yaa Rabbi si gargaarsifanna. Araaramas sirra barbaanna. Gaariidhaan si

[283] Khamsaatu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

faarsina. Si hin morminu. Sitti amanna siif ajajamna. Nama si mormu irraa ni fagaanna.”[285]

## 33 – الذِّكْرُ عَقِبَ السَّلاَمِ مِنَ الْوِتْرِ

## 39. Zikrii yeroo witrii irraa salaamtaa bahanii

119- ((سُـبْحَانَ المَلِكِ القُدُّوسِ)) ثلاثَ مرَّاتٍ والثَّالِثَةُ يَجْهَرُ بها ويَمُدُّ بها صَوتَهُ يقولُ: [رَبِّ الْمَلاَئِكَةِ وَالرُّوحِ]))(286).

124- Mootii qulqulluu, qulqullina isaan malun [qulqulleessa]. Si’a sadii jedha. Ishee sadaffaa sagalee ol fuudhee dheeressee jedha. Ergasii “Rabbii maleykaafi Jibriil” jechuu dabala.[287]

## 34 – دُعَاءُ الْهَمِّ وَالْحُزْنِ

## 40. Du’aa’ii yaaddoofi gaddaa

120-(1) ((اللَّهُمَّ إِنِّي عَبْدُكَ، ابْنُ عَبْدِكَ، ابْنُ أَمَتِكَ، نَاصِيَتِي بِيَدِكَ، مَاضٍ فِيَّ حُكْمُكَ، عَدْلٌ فِيَّ قَضَاؤُكَ، أَسْأَلُكَ بِكُلِّ اسْمٍ هُوَ لَكَ، سَمَّيْتَ بِهِ نَفْسَكَ، أَوْ أَنْزَلْتَهُ فِي كِتَابِكَ، أَوْ عَلَّمْتَهُ أَحَداً مِنْ خَلْقِكَ، أَوِ اسْتَأْثَرْتَ بِهِ فِي عِلْمِ الغَيْبِ عِنْدَكَ، أَنْ تَجْعَلَ القُرْآنَ رَبِيعَ قَلْبِي، وَنُورَ صَدْرِي، وَجَلاَءَ حُزْنِي، وَذَهَابَ هَمِّي))(288).

---

285 Albayhaqiitu sunana guddaa keessatti gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

287 Nasaa’iifi Addaaraquxniitu gabaasan. Shu’ayb Al-Arnaa’uuxiin sahiiha godhe.

125- Yaa Rabbi ani gabricha keeti. Ilma gabricha keetiiti. Ilma gabrittii keetiiti. Sammuun kiyya sirka jira. Murtiin kee narratti raawwatamaadha. Murtiin kee anaaf haqa. Maqaa kee hundaa kan ati ittiin of moggaafte, yookiin kitaaba kee keessatti buufte, yookiin uumama kee irraa tokko barsiifte yookiin beekumsa fagoo si bira jiru keessatti filatteenin akka ati Qur'aana boqonnaa qalbii kiyyaa, ifaa qoma kootii, dhabamsiisaa gadda kiyyaatiifi deemsisaa yaaddoo kiyyaa taasiftun Si kadha."[289]

121-(2) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِـكَ مِنَ الْهَمِّ وَالْحَزَنِ، وَالْعَجْزِ وَالْكَسَـــلِ، وَالْبُخْلِ وَالْجُبْنِ، وَضَلَعِ الدَّيْنِ وَغَلَبَةِ الرِّجَالِ))(290).

126- Yaa Rabbi ani yaaddoofi gadda, dadhabbiifi taatiyoo, doynummaafi luynummaa, hidaan ulfaachuufi namootaan mo'atamuu irraa sittin maganfadha."[291]

[289] Ahmadtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

[291] Bukhaariitu gabaase. Ergamaan Rabbii (saw) du'aa'ii kana baay'isu turan.

## 35 - دُعَـــــاءُ الْكَـــرْبِ

## 41. Du’aa’ii Yeroo Cinqii

122-(1) ((لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ الْعَظِيمُ الْحَلِيمُ، لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ رَبُّ الْعَرْشِ الْعَظِيمِ، لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ رَبُّ السَّمَوَاتِ وَرَبُّ الأَرْضِ وَرَبُّ الْعَرْشِ الْكَرِيمِ))(292).

127- Dhugaan gabbaramaan Rabbii guddaa obsaa malee hin jiru. Dhugaan gabbaramaan Rabbii arshii guddaa malee hin jiru. Dhugaan gabbaramaan Rabbii samii, dachiifi Rabbii arshii guddaa malee hin jiru.”[293]

123-(2) ((اللَّهُمَّ رَحْمَتَكَ أَرْجُو، فَلاَ تَكِلْنِي إِلَى نَفْسِي طَرْفَةَ عَيْنٍ، وَأَصْلِحْ لِي شَأْنِي كُلَّهُ، لاَ إِلَهَ إِلاَّ أَنْتَ))(294)

128- Yaa Rabbi rahmata keen kajeelaa milluu ijaatiif lubbuu kiyyatti na hin hirkisin. Dhimma kiyya hundaa naaf gaaromsi. Dhugaan gabbaramaan si malee hin jiru.”[295]

124-(3) ((لاَ إِلَهَ إِلاَّ أَنْتَ سُبْحَانَكَ إِنِّي كُنْتُ مِنَ الظَّالِمِينَ))(296).

---

293 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

295 Abuu Daawudiifi Ahmadtu gabaasan. Albaaniin Hasan godheera.

129- Dhugaan gabbaramaan si malee hin jiru. Sin qulqulleessa. Ani miidhaa raawwattoota irraa ta'eera."[297]

125-(4) ((اللَّهُ اللَّهُ رَبِّي لاَ أُشْرِكُ بِهِ شَيْئاً))(298).

130- Allaahn gooftaa kiyya homaa Isatti hin qindeessu."[299]

36 – دُعَاءُ لِقَاءِ الْعَدُوِّ وَذِي السُّلْطَانِ

## 42. Du'aa'ii yeroo diinaafi abbaa taayitaa qunnaman godhamu

126-(1) ((اللَّهُمَّ إِنَّا نَجْعَلُكَ فِي نُحُورِهِم، وَنَعُوذُ بِكَ مِنْ شُرُورِهِمْ))(300).

131- Yaa Rabbi nuti qoma isaanii keessa si godhanna. Hamtuu isaanii irraa sitti maganfanna."[301]

127-(2) ((اللَّهُمَّ أَنْتَ عَضُدِي، وَأَنْتَ نَصِيرِي، بِكَ أَحُولُ وَبِكَ أَصُولُ، وَبِكَ أُقَاتِلُ))(302).

---

297 Tirmiziifi Alhaakimtu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

299 Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

301 Abuu Daawudtu gabaase. Alhaakim sahiiha godhe. Zahabiinis isa deeggare.

132- Yaa Rabbi ati irree kooti. Ati gargaaraa kooti. Siinin tooftaa baafadha. Siinin diina injifadha. Siinin diinaan lola.”[303]

128-(3) ((حَسْبُنا اللَّهُ وَنِعْمَ الْوَكِيلُ))(304).

133- Gahaan keenya Rabbii isarratti hirkachuun waa tole!”[305]

## 37 - دُعَاءُ مَنْ خَافَ ظُلْمَ السُّلْطَانِ

## 43. Du’aa’ii nama miidhaa mootii sodaatee

129-(1) ((اللَّهُمَّ ربَّ السَّمَوَاتِ السَّبْعِ، وَرَبَّ الْعَرْشِ الْعَظِيمِ، كُنْ لِي جَاراً مِنْ فُلاَنِ بْنِ فُلاَنٍ، وَأَحْزَابِهِ مِنْ خَلاَئِقِكَ، أَنْ يَفْرُطَ عَلَيَّ أَحَدٌ مِنْهُمْ أَوْ يَطْغَى، عَزَّ جَارُكَ، وَجَلَّ ثَنَاؤُكَ، وَلاَ إِلَهَ إِلاَّ أَنْتَ))(306).

134- Yaa Allaah gooftaa samii torbanii! Gooftaa arshii guddaa! Abalu ilma abaluufi humnoota isaa, tokkoon isaanii daangaa natti taruu yookiin na miidhuu irraa tiksaa naaf ta’i. Tiksaan kee guddate. Faaruun keetis guddate. Dhugaan gabbaramaan si malee hin jiru.”[307]

---

303 Abuu Daawudiifi Tirmiziitu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

305 Bukhaariitu gabaase.

307 Bukhaariitu Adab Almufrad keessatti gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

130-(2) ((اللَّهُ أَكْبَرُ، اللَّهُ أَعَزُّ مِنْ خَلْقِهِ جَمِيعاً، اللَّهُ أَعَزُّ مِمَّا أَخَافُ وَأَحْذَرُ، أَعُوذُ بِاللَّهِ الَّذِي لاَ إِلَهَ إِلاَّ هُوَ، الْمُمْسِكِ السَّمَوَاتِ السَّبْعِ أَنْ يَقَعْنَ عَلَى الْأَرْضِ إِلاَّ بِإِذْنِهِ، مِنْ شَرِّ عَبْدِكَ فُلاَنٍ، وَجُنُودِهِ وَأَتْبَاعِهِ وَأَشْيَاعِهِ، مِنَ الْجِنِّ وَالإِنْسِ، اللَّهُمَّ كُنْ لِي جَاراً مِنْ شَرِّهِمْ، جَلَّ ثَنَاؤُكَ وَعَزَّ جَارُكَ، وَتَبَارَكَ اسْمُكَ، وَلاَ إِلَهَ غَيْرُكَ)) (ثلاث مرَّاتٍ)(308).

135- Rabbiin hundarra guddaadha. Rabbiin uumama isaa hundarra guddaadha. Rabbiin waan ani sodaadhu hundarra injifataadha. Rabbii isa dhugaan gabbaramaan isa malee hin jirre, kan akka samiin torban eeyyama isaatiin malee dachii irra hin buune qabettin hamtuu gabricha kee abaluu, loltoota isaa, hordoftootaafi jaalalloo isaa jinniifi namoota irraa ta'an irraa maganfadha. Yaa Rabbi hamtuu isaanii irraa nagaa baasaa naaf ta'i. Faaruun kee guddate; nagaa godhuun keetis guddate. Maqaan kee toltuun isaa baay'ate. Dhugaan gabbaramaan si malee hin jiru." (si'a sadii)[309]

[309] Bukhaariitu Adab Almufrad keessatti gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

38 – الدُّعَاءُ عَلَى الْعَدُوِّ

## 44. Du’aa’ii Diina irratti godhamu

131- ((اللَّهُمَّ مُنْزِلَ الْكِتَابِ، سَرِيعَ الْحِسَابِ، اهْزِمِ الأَحْزَابَ، اللَّهُمَّ اهزِمْهُمْ وَزَلْزِلْهُمْ))(310).

136- Yaa Rabbii buusaa kitaabaa! Qorannoo ariifataa! Garee diinaa bittinneessi. Yaa Rabbi isaan bittinneessii isaan urgufi.”[311]

39 – مَا يَقُولُ مَنْ خَافَ قَوْماً

## 45. Waan namni ummata wahii sodaate jedhu

132- ((اللَّهُمَّ اكْفِنِيهِمْ بِمَا شِئْتَ))(312).

137- Yaa Rabbi waan feeteen isaan narraa gahi.”[313]

[311] Muslimtu gabaase.

[313] Muslimtu gabaase.

## 40 – دُعَاءُ مَنْ أَصَابَهُ وَسْوَسَةٌ فِي الإِيمَانِ

## 46. Du’aa’ii nama shakkiin iimaana keessatti isa mudatee

133-(1) ((يَسْتَعِيذُ بِاللَّهِ))(314).

(2) ((يَنْتَهِي عَمَّا وَسْوَسَ فِيهِ))(315).

134-(3) ((يَقُولُ: ((آمَنْتُ بِاللَّهِ وَرُسُلِهِ))(316).

135-(4) ((يَقْرَأُ قَوْلَهُ تَعَالَى: ( )))(317).

138- Rabbitti maganfata.”[318]

Waan shakke sana irraa ni dhaabbata.”[319]

139- “Rabbiifi ergamoota isaatti amaneera” jedha.[320]

140- Jecha Rabbii kana qara’a: “Inni duruma jira; kan boodaatis; mul’ataadha; dhokataas

---

[318] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.
[319] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.
[320] Muslimtu gabaase.

[argaadha]; Inni waan hunda beekaadha.”[321]

## 41 – دُعَاءُ قَضَاءِ الدَّيْنِ

## 47. Du’aa’ii hidaa kaffaluu

136-(1) ((اللَّهُمَّ اكْفِنِي بِحَلاَلِكَ عَنْ حَرَامِكَ، وَأَغْنِنِي بِفَضْلِكَ عَمَّنْ سِوَاكَ))(322).

141- Yaa Rabbi halaala keetiin haraama kee irraa na tiksi. Tola keetiin waan si malee jiru irraa of na geessisi.”[323]

137-(2) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنَ الْهَمِّ وَالْحَزَنِ، وَالْعَجْزِ وَالْكَسَلِ، وَالْبُخْلِ وَالْجُبْنِ، وَضَلَعِ الدَّيْنِ وَغَلَبَةِ الرِّجَالِ))(324).

142- Yaa Rabbi ani yaaddoofi gadda, dadhabbiifi taatiyoo, doynummaafi lunnummaa, ulfina hidaafi namootaan mo’atamoo irraa sittin maganfadha.”[325]

[321] Suurat Alhadiid: 3. Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin hasan godheera.

[323] Tirmiziitu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

[325] Bukhaariitu gabaase.

## 42 – دُعَاءُ الوَسْوَسَةِ فِي الصَّلاَةِ وَالْقِرَاءَةِ

## 48. Du’aa’ii woswaasii salaataafi Qur'aana keessatti nama mudateef godhamu

138- ((أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّـــيطَانِ الرَّجِيمِ، وَاتْفُلْ عَلَى يَسَـــارِكَ (ثلاثاً)))(326).

143- Shayxaana abaaramaa irraa Rabbittin maganfadha.” Ergasii gara bitaatti yeroo sadii tufa.[327]

## 43 – دُعَاءُ مَنِ اسْتَصْعَبَ عَلَيْهِ أَمْرٌ

## 49. Du’aa’ii nama dhimmi wahii itti ulfaate

139- ((اللَّهُمَّ لاَ سَهْلَ إِلاَّ مَا جَعَلْتَهُ سَهْلاً، وَأَنْتَ تَجْعَلُ الْحَزْنَ إِذَا شِئْتَ سَهْلاً))(328).

**(326) مسلم، 4/ 1729، برقم 2203، من حديث عثمان بن أبي العاص رضي الله عنه، وفيه ففعلت ذلك، فأذهبه الله عني.**

327 Muslimtu hadiisa Usmaan bin Abil Aas keessatti gabaase. Hadiisicha keessa kana raawwannaan woswaasiin narraa deeme jechuutu jira.

**(328) رواه ابن حبان في صحيحه، برقم 2427 (موارد)، وابن السني، برقم 351، وقال الحافظ: ((هذا حديث**

144- Yaa Rabbi waan ati laaffifte malee laafaan hin jiru. Ati yeroo feete gadda laafaa taasifta.”[329]

44 – مَا يَقُولُ وَيَفْعَلُ مَنْ أَذْنَبَ ذَنْباً

## 50. Waan namni yakka hojjate jedhuufi hojjatu

140- ((مَا مِنْ عَبْدٍ يُذنِبُ ذَنْباً فَيُحْسِنُ الطُّهُورَ، ثُمَّ يَقُومُ فَيُصَلِّي رَكْعَتَيْنِ، ثُمَّ يَسْتَغْفِرُ اللَّهَ إِلاَّ غَفَرَ اللَّهُ لَهُ))(330).

145- Gabrichi tokko yoo yakka wahii raawwatee wuduu gaaromfatee ergasii dhaabbatee raka’aa lama salaatee sana booda araarama Rabbiin kadhate Rabbiin isaaf araaramu malee hin hafu.”[331]

45 – دُعَاءُ طَرْدِ الشَّيطَانِ وَوَسَاوِسِهِ

## 51. Du’aa’ii shayxaanaafi woswaasii isaa ari’u

141-(1) ((الاْستِعَاذَةُ بِاللَّهِ مِنْهُ))(332).

[329] Ibn Hibbaantu sahiiha isaa keessatti gabaase. Haafiz hadiisni kun sahiiha jedhe.

[331] Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

142-(2) ((الْأَذَانُ))(333).

143-(3) ((الْأَذْكَارُ وَقِرَاءَةُ الْقُرْآنِ))(334).

146- Isarraa Rabbitti maganfachuu.[335]

147- Azaana godhuu.[336]

148- Zikriiwwan gochuufi Qur'aana qara'uu.[337]

46 – الدُّعَاءُ حِينَمَا يَقَعُ مَا لاَ يَرْضَاهُ أَوْ غُلِبَ عَلَى أَمْرِهِ

## 52. Du'aa'ii namni wanti inni hin feene itti argame godhu

144- ((قَدَرُ اللَّهِ وَمَا شَاءَ فَعَلَ))(338).

---

[335] Abuu Daawudiifi Tirmiziitu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

[336] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

[337] Mana keessan awwaala hin taasisinaa. Shayxaanni mana Suurat Albaqaraan keessatti qara'amu irraa ni baqata." Muslimtu gabaase. Waan shayxaana ari'u keessaa kan biroo zikrii ganamaafi galgalaa, zikrii hirribaafi dammaqqii, zikrii yeroo mana seenaniifi bahanii, yeroo hirribaa aayat Alkursiyyiifi aayata dhuma suuraa Albaqaraa lamaan qara'uu, namni "Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Inni tokkicha hiriyaa hin qabneedha. Mootummaan kan isaati. Faaruunis kan Isaati. Inni waan hunda irratti danda'aadha" si'a dhibba jedhe guyyaa isaa guutuu shayxaana irraa tika isaaf taati; akkuma kana azaaniinis shayxaana ari'a.

149- [Kun] murtii Rabbiiti. Waan fedhe hojjata.”[339]

## 47 – تَهْنِئَةُ الْمَوْلُودِ لَهُ وَجَوَابُهُ

## 53. Waan nama daa’imni dhalateef ittiin eebbisaniifi deebii isaa

145- ((بَارَكَ اللَّهُ لَكَ فِي الْمَوْهُوبِ لَكَ، وَشَكَرْتَ الْوَاهِبَ، وَبَلَغَ أَشُدَّهُ، وَرُزِقْتَ بِرَّهُ))(340). وَيَرُدُّ عَلَيْهِ الْمُهَنَّأُ فَيَقُولُ: ((بَارَكَ اللَّهُ لَكَ وَبَارَكَ عَلَيْكَ، وَجَزَاكَ اللَّهُ خَيْراً، وَرَزَقَكَ اللَّهُ مِثْلَهُ، وَأَجْزَلَ ثَوَابَكَ))(341).

150- “Waan siif kenname keessa Rabbiin barakaa siif haa kaa’u. Isa siif kenne kan galateeffattu ta’i. Ga’eessuma irras haa ga’u. Toltuu isaas Rabbiin siif haa kennu.” Inni eebbifamu immoo ni jedha: “Rabbiin barakaa siif haa godhu. Barakaa sirras haa godhu. Mindaa toltuu siif haa godhu. Fakkaataa isaa Rabbiin siifis haa kennu. Mindaa kee haa guddisu.”[342]

[339] Mu’uminni cimaan caalaafi gama Rabbiitti mu’umina dadhabaa irra filatamaadha. Hunda keessaawuu khayriin ni jira. Waan si fayyadu irratti jabaadhu. Rabbiin gargaarsifadhu. Hin dadhabin. Yoo waa tokko si tuqe “osoo ani akkana hojjadhee waan akkanaa akkanaa ta’a” hin jedhin. Garuu “Rabbitu murteesse inni waan fedhe hojjata” jedhi. Muslimtu gabaase.

[342] Kitaaba Azkaaraa kan Annawawii ilaali.

## 48 – ما يُعوَّذُ بِهِ الأَوْلاَدُ

## 54. Waan ilmaan ittiin tiksan

146- كَانَ رَسُولُ اللَّهِ صـيُعَوِّذُ الحَسَنَ وَالحُسَينَ ^ ((أُعِيذُكُمَا بِكَلِمَاتِ اللَّهِ التَّامَّةِ مِنْ كُلِّ شَيْطَانٍ وَهَامَّةٍ، وَمِنْ كُلِّ عَيْنٍ لاَمَّةٍ))(343).

151- Nabiyyiin (saw) Hasaniifi Huseeniin kan armaan gadiitiin tiksu ture: "jecha Rabbii guutuu ta'eenin shayxaanaafi summii ajjeeftu hunda irraa, ija (budaa) hamtuu deddeebitu irraa isin tiksa."[344]

## 49 – الدُّعَاءُ لِلْمَرِيضِ فِي عِيَادَتِهِ

## 55. Du'aa'ii yeroo dhukkubsataa gaafatan godhamuuf

147-(1) ((لاَ بأْسَ طَهُورٌ إِنْ شَاءَ اللَّهُ))(345).

148-(2) ((أَسْأَلُ اللَّهَ الْعَظيمَ رَبَّ الْعَرْشِ الْعَظِيمِ أَنْ يَشْفيَكَ)) (سبع مرات)(346).

152- Homaa miti; yoo Rabbiin fedhe qulqulleessituudha."[347]

---

344 Bukhaariitu hadiisa Ibn Abbaas keessatti gabaase.

347 Bukhaariitu gabaase.

153- Rabbii guddaa abbaa arshii guddaan si fayyisuu kadha.” (si’a torba jedha)[348]

## 50 – فَضْلُ عِيَادَةِ المَرِيضِ

## 56. Sadarkaa dhukkubsataa gaafachuu

149- قَالَ النَّبِيُّ ص: ((إِذَا عَادَ الرَّجُلُ أَخَاهُ الْمُسْلِمَ مَشَى فِي خِرَافَةِ الْجَنَّةِ حَتَّى يَجْلِسَ، فَإِذَا جَلَسَ غَمَرَتْهُ الرَّحْمَةُ، فَإِنْ كَانَ غُدْوَةً صَلَّى عَلَيْهِ سَبْعُونَ أَلْفَ مَلَكٍ حَتَّى يُمْسِيَ، وَإِنْ كَانَ مَسَاءً صَلَّى عَلَيْهِ سَبْعُونَ أَلْفَ مَلَكٍ حَتَّى يُصْبِحَ))(349).

154- Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “namni tokko yeroo obboleessa isaa Muslimaa gaafate hanga taa’utti fuduraa jannataa funaannachuu keessa deemaa jira. Yeroo taa’e rahmanni isa haguugdi. Yoo ganama ta’eef hanga dhihutti maleykaan kumni torbaatamni rahmata isaaf kadhatti. Yoo galgala ta’e immoo hanga ifutti maleykaan kumni torbaatamni rahmata isaaf kadhatti.”[350]

---

348 Gabricha Muslimaa kamuu haa ta’uu yeroo dhukkubsataa duuti isaa hin geenye gaafatee si’a torba kana jedhe Rabbiin isa fayyisu malee hin hafu.” Tirmiziitu gabaase. Albaaniin Sahiih Aljaami’iin keessatti sahiiha godheera.

350 Tirmizii, Ibn Maajaafi Ahmadtu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

51 – دُعَاءُ المَرِيضِ الَّذِي يَئِسَ مِنْ حَيَاتِهِ

## 57. Du’aa’ii dhukkubsataa jireenya irraa abdii kutee

150-(1) ((اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِي، وَارْحَمْنِي، وَأَلْحِقْنِي بِالرَّفِيقِ الْأَعْلَى))(351).

155- Yaa Rabbi naaf araarami; na mararfadhu. Hiriyootii ol aanootti na dhaqqabsiisi.”[352]

151-(2) ((جَعَلَ النَّبِيُّ ص عِنْدَ مَوْتِهِ يُدْخِلُ يَدَيْهِ فِي الْمَاءِ فَيَمْسَحُ بِهِمَا وَجْهَهُ، وَيَقُولُ: لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ إِنَّ لِلْمَوْتِ سَكَرَاتٍ))(353).

156- Nabiyyiin (saw) yeroo du’an harka isaanii bishaan keessa galchanii fuula isaanii ittiin haxaa’anii “dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Duuti dhugumatti machii qaba.”[354]

152-(3) ((لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَاللَّهُ أَكْبَرُ، لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ، لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ لَهُ المُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ، لاَ إِلَهَ

352 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

354 Bukhaariitu gabaase. Hadiisicha siwaakkachuunis ni jira.

إِلاَّ اللَّهُ وَلاَ حَوْلَ وَلاَ قُوَّةَ إِلاَّ بِاللَّهِ))(355).

157- Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Rabbiin guddates. Dhugaan gabbaramaan Rabbii tokkicha malee hin jiru. Dhugaan gabbaramaan Rabbii tokkicha hiriyaa hin qabne malee hin jiru. Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Mootummaan kan Isaati; faaruunis kan isaati. Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Tooftaafi humni Rabbiin biraa malee hin jiru."[356]

## 52 - تَلْقِينُ الْمُحْتَضَرِ

## 58. Nama duuti itti dhufe laqqansiisuu

153- ((مَنْ كَانَ آخِرُ كَلاَمِهِ لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ دَخَلَ الْجَنَّةَ))(357).

158- Namni dhumti haasaa isaa "dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru" jechuu ta'e jannata gala.[358]

---

356 Tirmiziifi Ibn Maajaatu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

358 Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin Sahiih Aljaami'iin keessatti sahiiha godheera.

53 – دُعَاءُ مَن أُصِيبَ بِمُصِيبَةٍ

## 59. Du’aa’ii nama rakkoon isa mudatee

154- ((إِنَّا لِلَّهِ وَإِنَّا إِلَيْهِ رَاجِعُونَ، اللَّهُمَّ أْجُرْنِي فِي مُصِيبَتِي، وَأَخْلِفْ لِي خَيْرًا مِنْهَا))(359).

159- Nuti kan Rabbiiti. Nuti gara Isaa deebi’oodhas. Yaa Rabbi rakkoo kiyya keessatti na mindeessi. Kan isa caalu bakka naaf buusi.”[360]

54 – الدُّعَاءُ عِنْدَ إِغْمَاضِ المَيِّتِ

## 60. Du’aa’ii yeroo ija du’aa gadi qaban jedhamu

155- ((اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِفُلاَنٍ (بِاسْمِهِ) وَارْفَعْ دَرَجَتَهُ فِي الْمَهْدِيِّينَ، وَاخْلُفْهُ فِي عَقِبِهِ فِي الْغَابِرِينَ، وَاغْفِرْ لَنَا وَلَهُ يَا رَبَّ الْعَالَمِينَ، وَافْسَحْ لَهُ فِي قَبْرِهِ، وَنَوِّرْ لَهُ فِيهِ))(361).

160- Yaa Rabbi abaluuf araarami. Sadarkaa isaa qajeeltota keessatti ol kaasi. Booda isaatii warra hafan keessatti bakka buusiif. Yaa Rabbii aalamaa nuufi isaafis araarami. Qabrii isaa keessa isaaf ballisi; keessa isaa isaaf ibsi.”[362]

---

360 Muslimtu gabaase.

362 Muslimtu gabaase.

## 55 – الدُّعَاءُ لِلمَيِّتِ فِي الصَّلاَةِ عَلَيْهِ

## 61. Du’aa’ii yeroo janaazaa irratti salaatanuu

156-(1) ((اللَّهُمَّ اغْفِرْ لَهُ وَارْحَمْهُ، وَعَافِهِ، وَاعْفُ عَنْهُ، وَأَكْرِمْ نُزُلَهُ، وَوَسِّعْ مُدْخَلَهُ، وَاغْسِلْهُ بِالْمَاءِ وَالثَّلْجِ وَالْبَرَدِ، وَنَقِّهِ مِنَ الْخَطَايَا كَمَا نَقَّيْتَ الثَّوْبَ الأَبْيَضَ مِنَ الدَّنَسِ، وَأَبْدِلْهُ دَاراً خَيْراً مِنْ دَارِهِ، وَأَهْلاً خَيْراً مِنْ أَهْلِهِ، وَزَوْجاً خَيْراً مِنْ زَوْجِهِ، وَأَدْخِلْهُ الْجَنَّةَ، وَأَعِذْهُ مِنْ عَذَابِ الْقَبْرِ [وَعَذَابِ النَّارِ]))(363).

161- Yaa Rabbi isaaf araarami. Isa mararfadhu. Nagaa isa godhi. Irra dabriif. Qubsuma isaa kabaji. Seensa isaa ballisiif. Bishaan, bishaan qabbanaafi cabbiin isa miici. Akka huccuu adii xurii irraa qulqulleessitetti yakka irraa isa qulqulleessi. Mana mana isaa caalu, maatii maatii isaa caalaniifi niitii niitii isaa caaltu bakka buusiif. Jannata isa seensisi. Adabbii qabriitiifi adabbii ibiddaa irraa isa tiksi.”[364]

157-(2) ((اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِحَيِّنَا وَمَيِّتِنَا، وَشَاهِدِنَا وَغَائِبِنَا، وَصَغِيرِنَا وَكَبِيرِنَا، وَذَكَرِنَا وَأُنْثَانَا. اللَّهُمَّ مَنْ أَحْيَيْتَهُ مِنَّا فَأَحْيِهِ عَلَى الإِسْلاَمِ، وَمَنْ تَوَفَّيْتَهُ مِنَّا فَتَوَفَّهُ عَلَى الإِيمَانِ، اللَّهُمَّ لاَ تَحْرِمْنَا أَجْرَهُ، وَلاَ

[364] Muslimtu gabaase.

تُضِلَّنَا بَعْدَهُ))(365).

162- Yaa Rabbi jiraataafi du’aa keenyaaf, dhihoofi fagoo keenyaaf, xiqqoofi guddaa keenyaaf, dhiiraafi dhalaa keenyaaf araarami. Yaa Rabbi nama nurraa jiraachifte Islaama irratti jiraachisi. Nama nurraa ajjeefte immoo iimaana irratti ajjeesi. Yaa Rabbi mindaa isaa nu hin hongeessin. Booda isaatiis nu hin jallisin.”[366]

158-(3) ((اللَّهُمَّ إِنَّ فُلاَنَ بْنَ فُلاَنٍ فِي ذِمَّتِكَ، وَحَبْلِ جِوَارِكَ، فَقِهِ مِنْ فِتْنَةِ الْقَبْرِ، وَعَذَابِ النَّارِ، وَأَنْتَ أَهْلُ الْوَفَاءِ وَالْحَقِّ، فَاغْفِرْ لَهُ وَارْحَمْهُ إِنَّكَ أَنْتَ الْغَفُورُ الرَّحِيمُ))(367).

163- Yaa Rabbi abalu ilma abaluu eegumsa keetiifi waadaa nageenya keetii keessa jira. Mokkkoroo qabriifi adabbii ibiddaa irraa isa tiksi. Ati abbaa waadaa guutuufi haqaati. Isaaf araarami. Isa mararfadhu. Ati simatu araaramaa mararfataadha.”[368]

159-(4) ((اللَّهُمَّ عَبْدُكَ وَابْنُ أَمَتِكَ احْتَاجَ إِلَى رَحْمَتِكَ، وَأَنْتَ غَنِيٌّ عَنْ عَذَابِهِ، إِنْ كَانَ مُحْسِناً فَزِدْ فِي حَسَنَاتِهِ، وَإِنْ كَانَ مُسِيئاً

366 Ibn Maajaafi Ahmadtu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

368 Ibn Maajaatu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

فَتَجَاوَزْ عَنْهُ))(369).

164- Yaa Rabbi gabrichi keetiifi ilmi gabrittii keetii rahmata keetti haajomeera. Ati adabbii isaa irraa dureessa. Yoo inni gaarii hojjataa ta'e gaarii isaa dabaliif. Yoo yakkamaa ta'e irra dabriif."[370]

## 56 – الدُّعَاءُ لِلْفَرَطِ فِي الصَّلاةِ عَلَيْهِ

## 62. Du'aa'ii ilmoo du'eef godhamu salaata irratti salaatamu keessatti.

160-(1) ((اللَّهُمَّ أَعِذْهُ مِنْ عَذَابِ القَبْرِ))(371).

وإن قال: ((اللَّهُمَّ اجْعَلْهُ فَرَطاً وَذُخْراً لِوَالِدَيْهِ، وَشَفِيعاً مُجَاباً، اللَّهُمَّ ثَقِّلْ بِهِ مَوَازِينَهُمَا، وَأَعْظِمْ بِهِ أُجورَهُمَا، وَأَلْحِقْهُ بِصَالِحِ الْمُؤْمِنِينَ، وَاجْعَلْهُ فِي كَفَالَةِ إِبْرَاهِيمَ، وَقِهِ بِرَحْمَتِكَ عَذَابَ الْجَحِيمِ، وَأَبْدِلْهُ دَاراً خَيْراً مِنْ دَارِهِ، وَأَهْلاً خَيْراً مِنْ أَهْلِهِ، اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِأَسْلاَفِنَا، وَأَفْرَاطِنَا، وَمَنْ سَبَقَنَا بِالْإِيمَانِ)) فَحَسَنٌ(372).

161-(2) ((اللَّهُمَّ اجْعَلْهُ لَنَا فَرَطاً، وَسَلَفاً، وَأَجْراً))(373).

165- Yaa Rabbi adabbii qabrii irraa isa tiksi."[374]

---

[370] Alhaakimtu gabaase. Sahiiha godhee Zahabiin isa deeggare.

[374] Sa'iid bin Almusayyib ni jedhe: "Abuu Hurayraa boodaanin daa'ima yakka homaa hin hojjanne irratti salaate. Kan inni du'aa'ii kana

Yoo “yaa Rabbi maatii isaatiif dursaafi kuusaa, manguddoo Rabbiin isaaf qeebalu taasisi. Yaa Rabbi madaala isaanii ittiin ulfeessii mindaa isaanii ittiin guddisiif. Mu’uminoota gaariitti isa dhaqqabsiisi. Wabii Ibraahiim keessa isa godhi. Rahmata keetiin adabbii jahannamaa irraa isa tiksi. Mana mana isaa caaluufi maatii maatii isaa caalu bakka buusiif. Yaa Rabbi warra nu durseef araarami. Kan iimaanaan nu dura bu’aniifis” jedhe gaarii ta’a.[375]

166- Yaa Rabbi kan jannata keessatti dursee nu eeguufi mindaa nuuf taasisi.”[376]

## 57 - دُعَــــاءُ التَّعْـــــــزِيَةِ

## 63. Du’aa’ii taaziyaa (gaddaa)

162- ((إِنَّ لِلَّهِ مَا أَخَذَ، وَلَهُ مَا أَعْطَى، وَكُلُّ شَيْءٍ عِنْدَهُ بِأَجَلٍ مُسَمَّى... فَلْتَصْبِرْ وَلْتَحْتَسِبْ))[377].

وَإِنْ قَالَ: ((أَعْظَمَ اللَّهُ أَجْرَكَ، وَأَحْسَنَ عَزَاءَكَ، وَغَفَرَ

---

kadhatun dhagahe.” Maaliktu Muwaxxa’i keessatti gabaase. Shu’aybiin sanada isaa sahiiha godheera.

[375] Mughnii Ibn Qudaamaafi Duruus Almuhimmaa kan Ibn Baaz Ilaali.

[376] Hasan daa’ima irratti Faatihat Alkitaabiin qara’a ture.

لِمَيِّتِكَ)) فَحَسَنٌ(378).

167- Wanti Rabbiin fudhate kan Isaati. Kan Inni kennes kan Isaati. Wanti hunduu Isa biratti baallama beekamaadhaani. … haa obsitu mindaa Rabbirratti haa herreggattu.”[379]

Yoo “Rabbiin mindaa kee haa guddisu. Obsa kee siif haa gaaromsu. Du'aa keetiif haa araaramu” jedhe gaariidha.[380]

## 58 – الدُّعَاءُ عِنْدَ إِدْخَالِ الميِّتِ الْقَبْرَ

## 64. Du'aa'ii yeroo du'aa qabrii galchan godhamu

163- ((بِسْمِ اللَّهِ وَعَلَى سُنَّةِ رَسُولِ اللَّهِ))(381).

168- Maqaa Rabbiitiin; karaa Ergamaa Rabbii (saw) irratti.”[382]

379 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.
380 Azkaara Nawawii ilaali.

382 Abuu Daawudiifi Ahmadtu gabaasan.

## 59 – الدُّعَاءُ بَعْدَ دَفْنِ المَيِّتِ

## 65. Du’aa’ii erga du’aa awwaalanii godhamu

164- ((اللَّهُمَّ اغْفِرْ لَهُ، اللَّهُمَّ ثَبِّتْهُ))(383).

169- Yaa Rabbi araaramiif. Yaa Rabbi gadi isaa dhaabi.”[384]

## 60 – دُعَاءُ زِيَارَةِ الْقُبُورِ

## 66. Du’aa’ii yeroo qabrii ziyaaranii

165- ((السَّلاَمُ عَلَيْكُمْ أَهْلَ الدِّيَارِ، مِنَ الْمُؤْمِنِينَ وَالْمُسْلِمِينَ، وَإِنَّا إِنْ شَاءَ اللَّهُ بِكُمْ لاَحِقُونَ، [وَيَرْحَمُ اللَّهُ الْمُسْتَقْدِمِينَ مِنَّا وَالْمُسْتَأْخِرِينَ] أَسْأَلُ اللَّهَ لَنَا وَلَكُمُ الْعَافِيَةَ))(385).

170- Yaa warra ganda mu’umintootaafi muslimoota irraa taatan nagaan isin irra haa jiraatu. Nuti yoo Rabbiin fedhe isinitti dhaqqaboodha. Rabbiin nurraa warra durseefis

---

[384] Nabiyyiin (saw) yeroo du’aa awwaalanii raawwatan bira dhaabbatanii “obboleessa keessaniif araarama kadhaa. Sabaata kadhaafii. Inni amma ni gaafatama” jedhu. Abuu Daawudiifi Alhaakimtu gabaasan. Alhaakim sahiiha godhee Zahabiin isa deeggare.

ta'ee kan boodaatiif haa araaramu. Nuufi isiniif nageenyan kadha."[386]

## 61 - دُعَـــــاءُ الرِّيــــــــح

## 67. Du'aa'ii yeroo qilleensaa

166-(1) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْــأَلُـكَ خَيْرَهَـا، وَأَعُوذُ بِـكَ مِنْ شَرِّهَا))(387).

171- Yaa Rabbi ani toltuu isheen si kadha. Hamtuu ishee irraa sittin maganfadha."[388]

167-(2) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْـأَلُكَ خَيْرَهَا، وَخَيْرَ مَا فِيهَا، وَخَيْرَ مَا أُرْسِلَتْ بِهِ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّهَا، وَشَرِّ مَا فِيهَا، وَشَرِّ مَا أُرْسِلَتْ بِهِ))(389).

172- Yaa Rabbi ani toltuu ishee, toltuu ishee keessa jiruufi toltuu isheen ittiin ergamten si kadha. Hamtuu ishee, hamtuu ishee keessa jiruufi hamtuu isheen ittiin ergamte irraa sittin maganfadha."[390]

---

386 Muslimtu gabaase.

388 Abuu Daawudiifi Ibn Maajaatu gabaasan.

390 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

62 – دُعَــــاءُ الرَّعْــــــدِ

## 68. Du’aa’ii kakawwee (mandiisuu)

168- ((سُــبْحَـانَ الَّـذِي يُسَــبِّحُ الرَّعْـدُ بِحَمْـدِهِ وَالْمَلاَئِكَـةُ مِنْ خِيفَتِهِ))[391].

173- Rabbiin inni kakawween faaruu isaa waliin, maleykaanis sodaa isaatiin isa qulqulleessan qulqullaa’eera.”[392]

63 – مِنْ أَدْعِيَةِ الاسْتِسْقَاءِ

## 69. Du’aa’ii istisqaa’ii (rooba barbaachaa)

169-(1) ((اللَّهُمَّ اسْقِنَا غَيْثاً مُغِيثاً مَرِيئاً مَرِيعاً، نَافِعاً غَيْرَ ضَارٍّ، عَاجِلاً غَيْرَ آجِلٍ))[393].

174- Yaa Rabbi bokkaa roobu, gaarii, waa biqilchu, kan fayyadu hin miine, ariifataa kan hin turre nu obaasi.”[394]

170-(2) ((اللَّهُمَّ أَغِثْنَا، اللَّهُمَّ أَغِثْنَا، اللَّهُمَّ أَغِثْنَا))[395].

---

392 Abdullaah bin Azzubeer yeroo kakawwee dhaga’e haasaa dhiisee kana jedha. Muwaxxa’i keessatti gabaafame. Albaaniin sahiiha godheera.

394 Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

175- Yaa Rabbi nuuf roobsi. Yaa Rabbi nuuf roobsi. Yaa Rabbi nuuf roobsi.”[396]

171-(3) ((اللَّهُمَّ اسْقِ عِبَادَكَ، وَبَهَائِمَكَ، وَانْشُرْ رَحْمَتَكَ، وَأَحْيِي بَلَدَكَ الْمَيِّتَ))(397).

176- Yaa Rabbi gabroottan keetiifi bineensota obaasi. Rahmata kee ballisi. Biyya kee du’e fayyisi.”[398]

### 64 – الدُّعَاءُ إِذَا رَأَى المَطَرَ

## 70. Du’aa’ii yeroo roobni roobu godhamu

172- ((اللَّهُمَّ صَيِّباً نَافِعاً))(399).

177- Yaa Rabbi rooba fayyadu [taasisi].”[400]

### 65 – الذِّكْرُ بَعْدَ نُزُولِ المَطَرِ

## 71. Zikrii booda roobni roobee jedhamu

396 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

398 Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

400 Bukhaariitu gabaase.

173- ((مُطِرْنَا بِفَضْلِ اللَّهِ وَرَحْمَتِهِ))(401).

178- Tola Rabbiitiifi rahmata isaatiin nuuf roobe.”[402]

## 66 – مِنْ أَدْعِيَةِ الاسْتِصْحَاءِ

## 72. Du’aa’ii rooba sirreessuuf godhamu

174- ((اللَّهُمَّ حَوَالَيْنَا وَلاَ عَلَيْنَا، اللَّهُمَّ عَلَى الآكَامِ وَالظِّرَابِ، وَبُطُونِ الْأَوْدِيَةِ، وَمَنَابِتِ الشَّجَرِ))(403).

179- Yaa Rabbi naannoo keenyatti roobsi malee nurratti hin roobsin. Yaa Rabbi sibboofi gaara, garaa laggeeniifi hundee biqilootaa irratti godhi.”[404]

## 67 – دُعَاءُ رُؤيَةِ الهِلاَلِ

## 73. Du’aa’ii yeroo baatii arganii

175- ((اللَّهُ أَكْبَرُ، اللَّهُمَّ أَهِلَّهُ عَلَيْنَا بِالْأَمْنِ وَالْإِيمَانِ، وَالسَّلاَمَةِ وَالْإِسْلاَمِ، وَالتَّوْفِيقِ لِمَا تُحِبُّ رَبَّنَا وَتَرْضَى، رَبُّنَا وَرَبُّكَ اللَّهُ))(405).

---

[402] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

[404] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

180- Rabbiin hundarra guddate. Yaa Rabbi nageenyaafi iimaanaan, nageenyaafi Islaamaan, waan ati jaalattuufi feetuuf waffaqamuu waliin nurratti baasi. Rabbiin keenyaafi Rabbiin kee Allaahdha.”[406]

## 68 – الدُّعَاءُ عِنْدَ إِفْطَارِ الصَّائِمِ

## 74. Du’aa’ii yeroo fixrii godhamu

176-(1) ((ذَهَبَ الظَّمَأُ وَابْتَلَّتِ الْعُرُوقُ، وَثَبَتَ الْأَجْرُ إِنْ شَاءَ اللَّهُ))[407].

181- Dheebuun deeme. Hiddi dhiigaa jiidheera. Yoo Rabbiin fedhe mindaanis mirkanaa’eera.”[408]

177-(2) ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ بِرَحْمَتِكَ الَّتِي وَسِعَتْ كُلَّ شَيْءٍ أَنْ تَغْفِرَ لِي))[409].

182- Yaa Allaah ani rahmata kee kan waan hunda wal gaheenin naaf araaramuu si kadha.”[410]

---

406 Tirmiziitu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

408 Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin Sahiih Aljaami’iin keessatti sahiiha godheera.

410 Ibn Maajaatu gabaase. Haafiz hasan godheera.

## 69 – الدُّعَاءُ قَبْلَ الطَّعَامِ

## 75. Du’aa’ii nyaata duraa

178-(1) ((إِذَا أَكَلَ أَحَدُكُمْ طَعَاماً فَلْيَقُلْ بِسْمِ اللَّهِ، فَإِنْ نَسِيَ فِي أَوَّلِهِ فَلْيَقُلْ بسمِ اللَّهِ فِي أَوَّلِهِ وَآخِرِهِ))(411).

183- Tokkoon keessan yeroo nyaachuuf ka’e “maqaa Rabbiitiin” haa jedhu. Yoo jalqaba irratti dagate “jalqaba isaatiifi dhuma isaas maqaa Rabbiitiin [eegale]” haa jedhu.

179-(2) ((مَنْ أَطْعَمَهُ اللَّهُ الطَّعَامَ فَلْيَقُلْ: اللَّهُمَّ بَارِكْ لَنَا فِيهِ وَأَطْعِمْنَا خَيْراً مِنْهُ، وَمَنْ سَقَاهُ اللَّهُ لَبَناً فَلْيَقُلْ اللَّهُمَّ بَارِكْ لَنَا فِيهِ وَزِدْنَا مِنْهُ))(412).

184- Namni Rabbiin nyaata wahii isa nyaachise “yaa Rabbi barakaa isa keessa nuuf godhi. Kan isa caalu nu nyaachisi” haa jedhu. Namni Rabbiin aannan isa obaase “yaa Rabbi barakaa isa keessa nuuf kaa’i. Isarraa nuuf dabalis” haa jedhu.[413]

---

413 Tirmiziitu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

## 70 – الدُّعَاءُ عِنْدَ الْفَرَاغِ مِنَ الطَّعَامِ

## 76. Du’aa’ii yeroo nyaata xumuranii

180-(1) ((الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي أَطْعَمَنِي هَذَا، وَرَزَقَنِيهِ، مِنْ غَيْرِ حَوْلٍ مِنِّي وَلاَ قُوَّةٍ))(414).

185- Faaruun kan Rabbii kana na nyaachiseeti. Tooftaafi humna na biraa hin ta’iniin isa na soore.”[415]

181-(2) ((الْحَمْدُ لِلَّهِ حَمْداً كَثِيراً طَيِّباً مُبَارَكاً فِيهِ، غَيْرَ [مَكْفِيٍّ وَلاَ ] مُوَدَّعٍ، وَلاَ مُسْتَغْنَىً عَنْهُ رَبَّنَا))(416).

186- Faaruun kan Rabbiiti. Faaruu baay’ee gaarii barakaa qabu kan irraa of hin geenye, isa hin dhiifneefi irraa hin duroomnen [si faarsa] yaa Rabbii keenya.”[417]

---

415 Nasaa’iin qofti odoo hafuu arba’aatu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

417 Bukhaariitu gabaase.

71 – دُعَاءُ الضَّيْفِ لِصَاحِبِ الطَّعَامِ

## 77. Du'aa'ii keessummaan abbaa nyaataatiif godhu

182- ((اللَّهُمَّ بَارِكْ لَهُمْ فِيمَا رَزَقْتَهُمْ، وَاغْفِرْ لَهُمْ وَارْحَمْهُمْ))(418).

187- Yaa Rabbi waan isaan soorte keessa barakaa kaa'iif. Isaaniif araaramii isaan mararfadhu."[419]

72 – التَّعْرِيضُ بِالدُّعَاءُ لِطَلَبِ الطَّعَامِ أَوِ الشَّرَابِ

## 78. Du'aa'ii nama isa obaaseef godhamu

183- ((اللَّهُمَّ أَطْعِمْ مَنْ أَطْعَمَنِي، وَاسْقِ مَنْ سَقَانِي))(420).

188- Yaa Rabbi nama na nyaachise nyaachisi. Nama na obaases obaasi."[421]

73 – الدُّعَاءُ إِذَا أَفْطَرَ عِنْدَ أَهْلِ بَيْت

## 79. Du'aa'ii maatii biratti faxiraniif godhamu

184- ((أَفْطَرَ عِنْدَكُمُ الصَّائِمُونَ، وَأَكَلَ طَعَامَكُمُ الْأَبْرَارُ،

---

[419] Muslimtu gabaase.

[421] Muslimtu gabaase.

وَصَلَّتْ عَلَيْكُمُ الْمَلاَئِكَةُ))(422).

189- Soomtotatu isin biratti fure. Gaggaariitu nyaata keessan nyaate. Maleykaanis du'aa'ii isiniif kadhatti."[423]

74 – دُعَاءُ الصَّائِمِ إِذَا حَضَرَ الطَّعَامُ وَلَمْ يُفْطِرْ

## 80. Du'aa'ii namni ogga nyaanni itti dhufee furuu dhiise godhu

185- ((إِذَا دُعِيَ أَحَدُكُم فَلْيُجِبْ، فَإِنْ كَانَ صَــائِماً فَلْيُصَــلِّ، وَإِنْ كَانَ مُفْطِراً فَلْيَطْعَمْ))(424)، وَمَعْنَى فَلْيُصَلِّ أَيْ فَلْيَدْعُ.

190- Tokkoon keessan yeroo affeerame haa owwaatu. Yoo kan soomu ta'eef du'aa'ii haa godhu. Yoo furee jiraateef haa nyaatu."[425]

[423] Abuu Daawudiifi Ibn Maajaatu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

[425] Muslimtu gabaase.

### 75 – مَا يَقُولُ الصَّائِمُ إِذَا سَابَّهُ أَحَدٌ

## 81. Waan namni soomu yeroo arrabsame jedhu

186- ((إِنِّي صَائِمٌ، إِنِّي صَائِمٌ))(426).

191- Ani nan soomaara; ani nan soomaara."[427]

### 76 – الدُّعَاءُ عِنْدَ رُؤْيَةِ بَاكُورَةِ الثَّمَرِ

## 82. Du'aa'ii yeroo fuduraa haaraa arganii

187- ((اللَّهُمَّ بَارِكْ لَنَا فِي ثَمَرِنَا، وَبَارِكْ لَنَا فِي مَدِينَتِنَا، وَبَارِكْ لَنَا فِي صَاعِنَا، وَبَارِكْ لَنَا فِي مُدِّنَا))(428).

192- Yaa Rabbi fuduraa keenya keessa barakaa nuuf kaa'i. Yaa Rabbi Madiinaa keenya keessas barakaa nuuf kaa'i. Saa'ii keenya keessas barakaa nuuf kaa'i. Konyee keenya keessas barakaa nuuf kaa'i."[429]

---

427 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

429 Muslimtu gabaase.

## 77 – دُعَاءُ الْعُطَاسِ

## 83. Du’aa’ii axxiffoo

188-(1) ((إِذَا عَطَسَ أَحَدُكُم فَلْيَقُلِ الْحَمْدُ لِلَّهِ، وَلْيَقُلْ لَهُ أَخُوهُ أَوْ صَــاحِبُهُ: يَرْحَمُكَ اللَّهُ، فَإِذَا قَالَ لَهُ: يَرحَمُكَ اللَّهُ، فَلْيَقُلْ: يَهْدِيكُمُ اللَّهُ وَيُصْلِحُ بَالَكُمْ))(430).

193- Tokkoon keessan yeroo axxiffate “faaruun kan Rabbiiti” haa jedhu. Obboleessi yookiin hiriyaan isaa immoo “Rabbiin si haa mararfatu” haa jedhuun. Ogga inni “Rabbiin si haa mararfatu” jedhe immoo “Rabbiin sin haa qajeelchu; haala keessanis haa tolchu” haa jedhuun.[431]

## 78 – مَا يُقَالُ لِلْكَافِرِ إِذَا عَطَسَ فَحَمِدَ الله

## 84. Waan yeroo kaafirri axxiffatee Rabbiin faarse jedhamuun

189-(2) ((يَهْدِيكُمُ اللَّهُ وَيُصْلِحُ بَالَكُمْ))(432).

194- “Rabbiin sin haa qajeelchu.”[433]

---

[431] Bukhaariitu gabaase.

[433] Tirmizii, Ahmadiifi Abuu Daawudtu gabaasan.

## 79 – الدُّعَاءُ لِلْمُتَزَوِّجِ

## 85. Du’aa’ii nama fuudheef godhamu

190- ((بَـارَكَ اللَّهُ لَـكَ، وَبَـارَكَ عَلَيْـكَ، وَجَمَعَ بَيْنَكُمَـا فِي خَيْرٍ))(434).

195- Rabbiin barakaa siif haa godhu. Barakaa sirrattis haa godhu. Toltuudhaan jidduu keessan walitti haa qabu.”[435]

## 80 – دُعَاءُ الْمُتَزَوِّجِ وَشِرَاءِ الدَّابَّةِ

## 86. Du’aa’ii nama fuudheefi beellada bitee

191- إِذَا تَزَوَّجَ أَحَدُكُمُ امْرَأَةً، أَوْ إِذَا اشْـتَرَى خَـادِماً فَلْيَقُلْ: ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْـأَلُكَ خَيْرَهَا، وَخَيْرَ مَا جَبَلْتَهَا عَلَيْهِ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ شَـرِّهَا، وَشَـرِّ مَا جَبَلْتَهَا عَلَيْهِ، وَإِذَا اشْـتَرَى بَعِيراً فَلْيَأْخُذْ بِذِرْوَةِ سَنَامِهِ وَلْيَقُلْ مِثْلَ ذَلِكَ))(436).

196- Tokkoon keessan yeroo dubartii fuudhe yookiin tajaajilaa bite kana haa jedhu: “yaa Rabbi ani toltuu isheetiifi toltuu waan ati irratti ishee uumteen si kadha. Hamtuu isheetiifi hamtuu waan ati irratti ishee uumtee irraa sittin

[435] Nasaa’iin qofti odoo hafuu arba’aatu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

maganfadha.” Yeroo gaala bite gooba isaa qabee fakkii kanaa haa jedhu.[437]

## 81 – الدُّعَاءُ قَبْلَ إِتْيَانِ الزَّوْجَةِ

## 87. Du’aa’ii haadha manaatiin wal qunnamuun dura godhamu

192- ((بِسْــمِ اللَّهِ، اللَّهُمَّ جَنِّبْنَا الشَّــيْطَانَ، وَجَنِّبِ الشَّــيْطَانَ مَا رَزَقْتَنَا))(438).

197- Maqaa Rabbiitiin; yaa Rabbi shayxaana irraa nu fageessi. Waan nuuf arjoomte irraas shayxaana fageessi.”[439]

## 82 – دُعَـــاءُ الْغَضَــــــبِ

## 88. Du’aa’ii yeroo dallansuu

193- ((أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ))(440).

198- Shayxaana abaaramaa irraa Rabbittin maganfadha.”[441]

---

[437] Abuu Daawudiifi Ibn Maajaatu gabaasan.

[439] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

[441] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

## 83 – دُعَاءُ مَنْ رَأَى مُبْتَلَىً

## 89. Du’aa’ii namni nama mokkoramaa arge godhu

194- ((الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي عَافَانِي مِمَّا ابْتَلاَكَ بِهِ، وَفَضَّلَنِي عَلَى كَثِيرٍ مِمَّنْ خَلَقَ تَفْضِيلاً))(442).

199- Faaruun kan Rabbii waan ittiin si mokkore irraa nagaa na godheefi waan uume baay’ee irra na caalchiseeti.”[443]

## 84 – مَا يُقَالُ فِي الْمَجْلِسِ

## 90. Waan taa’icha keessatti jedhamu

195- ((عَنِ ابْنِ عُمَرَ رضي الله عنه قَالَ: كَانَ يُعَدُّ لِرَسُولِ اللَّهِ ﷺ فِي الْمَجْلِسِ الْوَاحِدِ مِائَةُ مَرَّةٍ مِنْ قَبْلِ أَنْ يَقُومَ: ((رَبِّ اغْفِرْ لِي، وَتُبْ عَلَيَّ، إِنَّكَ أَنْتَ التَّوَّابُ الْغَفُورُ))(444).

200- Ibn Umar irraa odeeffamee (ra) ni jedhe: Ergamaa Rabbiitiif (saw) taa’icha tokko keessatti si’a dhibba tokko “yaa Rabbi naaf araarami; tawbaa kiyya qeebali. Ati simatu akkaan tawbaa qeebalaa araaramaadha waan taateef” jechuu lakkoofna ture.[445]

---

[443] Tirmiziitu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

[445] Tirmiziitu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

## 85 – كَفَّارَةُ المَجْلِسِ

## 91. Waan badii taa'ichaa harcaasu

196- ((سُبْحَانَكَ اللَّهُمَّ وَبِحَمْدِكَ، أَشْهَدُ أَنْ لاَ إِلَهَ إِلاَّ أَنْتَ، أَسْتَغْفِرُكَ وَأَتُوبُ إِلَيْكَ))(446).

201- Yaa Rabbi faaruu keetii waliinin si qulqulleessa. Dhugaan gabbaramaan si malee hin jiruu ragaan baha. Araaraman si kadha. Gara keettin deebi'as."[447]

## 86 – الدُّعَاءُ لِمَنْ قَالَ غَفَرَ اللهُ لَك

## 92. Du'aa'ii nama 'Rabbiin siif haa araaramu' jedheef godhamu

197- ((وَلَكَ))(448).

202- "Siifis haa araaramu."[449]

## 87 – الدُّعَاءُ لِمَنْ صَنَعَ إِلَيْكَ مَعْرُوفاً

## 93. Du'aa'ii nama toltuu sii ooleef gootu

198- ((جَزَاكَ اللَّهُ خَيْراً))(450).

---

447 Warra sunanaatu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera. Ergamaan Rabbii (saw) yeroo taa'icha kamuu taa'an kanaan xumuru turan.

449 Ahmadiifi Nasaa'iitu gabaasan.

203- Rabbiin toltuu si haa mindeessu.”[451]

88 – مَا يَعْصِمُ اللَّهُ بِهِ مِنَ الدَّجَّـــــالِ

## 94. Waan Rabbiin ittiin Dajjaal irraa nama tiksu

199- ((مَنْ حَفِظَ عَشْــرَ آيَاتٍ مِنْ أَوَّلِ سُــورَةِ الْكَهْفِ عُصِــمَ مِنَ الدَّجَّالِ))(452)، وَالاسْتِعَاذَةُ بِاللَّهِ مِنْ فِتْنَتِهِ عَقِبَ التَّشَـهُّدِ الْأَخِيرِ مِنْ كُلِّ صَلاَةٍ(453).

204- Namni jalqaba suuraa Kahf irraa aayata kudhan haffaze Dajjaal irraa tikfama.”[454]

Akkuma kana salaata hunda keessatti tashahhuda dhumaa keessatti fitnaa isaa irraa maganfachuudha.

89 – الدُّعَاءُ لِمَنْ قَالَ إِنِّي أُحِبُّكَ فِي اللَّهِ

## 95. Waan nama ‘Rabbiif jechan si jaaladha’ jedheen jedhamu

200- ((أَحَبَّكَ الَّذِي أَحْبَبْتَنِي لَهُ))(455).

451 Tirmiziitu gabaase. Albaaniin Sahiih Aljaami’iin keessatti sahiiha godheera.

454 Muslimtu gabaase. Gabaasa biraa keessatti immoo “dhuma suuraa Kahf irraa” jedha.

205- Inni ati isaaf jecha na jaalatte si haa jaalatu.”[456]

### 90 – الدُّعَاءُ لِمَنْ عَرَضَ عَلَيْكَ مَالَهُ

## 96. Du’aa’ii nama qabeenya isaa sii kenneef gootu

201- ((بَارَكَ اللَّهُ لَكَ فِي أَهْلِكَ وَمَالِكَ))(457).

206- Rabbiin maatii keetiifi qabeenya kee keessa barakaa siif haa godhu.”[458]

### 91 – الدُّعَاءُ لِمَنْ أَقْرَضَ عِنْدَ الْقَضَاءِ

## 97. Du’aa’ii yeroo hidaan kaffalamu nama kaffaluuf godhamu

202- ((بـارَكَ اللَّهُ لَـكَ فِي أَهْلِكَ وَمَـالِكَ، إِنَّمَا جَزَاءُ السَّـلَفِ الْحَمْدُ وَالأَدَاءُ))(459).

207- Rabbiin maatii keetiifi qabeenya kee keessa barakaa siif haa kaa’u. Mindaan hidaa galataafi kafaltiidha.”[460]

---

456 Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin Hasan godheera.

458 Bukhaariitu gabaase.

460 Nasaa’iifi Ibn Maajaatu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

## 92 – دُعَاءُ الْخَوْفِ مِنَ الشِّرْكِ

## 98. Du'aa'ii nama shirkii irraa sodaatee

203- ((اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ أَنْ أُشْرِكَ بِكَ وَأَنَا أَعْلَمُ، وَأَسْتَغْفِرُكَ لِمَا لاَ أَعْلَمُ))(461).

208- Yaa Rabbi ani osoon beekuu sitti qindeessuu irraa sittin maganfadha. Waan hin beekneef immoo araaraman si kadha."[462]

## 93 – الدُّعَاءُ لِمَنْ قَالَ بَارَكَ اللَّهُ فِيكَ

## 99. Du'aa'ii nama 'Rabbiin barakaa si keessa haa godhu' jedheen godhamu

204- ((وَفِيكَ بَارَكَ اللَّهُ))(463).

209- Si keessas barakaan haa godhamu."[464]

## 94 – دُعَاءُ كَرَاهِيَةِ الطِّيَرَةِ

## 100. Du'aa'ii namni hixaa fokkataa sodaate godhu

205- ((اللَّهُمَّ لاَ طَيْرَ إِلاَّ طَيْرُكَ، وَلاَ خَيْرَ إِلاَّ خَيْرُكَ، وَلاَ إِلَـهَ

---

462 Ahmadtu gabaase. Albaaniin Sahiih Aljaami'iin keessatti sahiiha godheera.

464 Ibn Assunniitu gabaase.

غَيْرُكَ))(465).

210- Yaa Rabbi hixaan hixaa kee malee hin jiru. Toltuunis toltuu kee malee hin jiru. Dhugaan gabbaramaan si malee hin jiru.”466

## 95 - دُعَاءُ الرُّكُوبِ

## 101. Du’aa’ii nama geejjiba yaabbatee

206- ((بِسْمِ اللَّهِ، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ ))﴿ سُبْحانَ الَّذِي سَخَّرَ لَنَا هَذَا وَمَا كُنَّا لَهُ مُقْرِنِينَ * وَإِنَّا إِلَى رَبِّنَا لَمُنقَلِبُونَ﴾، ((الْحَمْدُ لِلَّهِ، الْحَمْدُ لِلَّهِ، الْحَمْدُ لِلَّهِ، اللَّهُ أَكْبَرُ، اللَّهُ أَكْبَرُ، اللَّهُ أَكْبَرُ، سُبْحَانَكَ اللَّهُمَّ إِنِّي ظَلَمْتُ نَفْسِي فَاغْفِرْ لِي؛ فَإِنَّهُ لاَ يَغْفِرُ الذُّنُوبَ إِلاَّ أَنْتَ))(467).

211- Maqaa Rabbiitiin. Faaruun kan Rabbiiti. “Inni kana nuuf laaffise qulqullaa’e; nuti isa danda’oo hin turre. Nuti gara Gooftaa keenyaa deebi’oodha.”468 Faaruun kan Rabbiiti. Faaruun kan Rabbiiti. Faaruun kan Rabbiiti. Rabbiin hundarra guddaadha. Rabbiin hundarra guddaadha. Rabbiin hundarra guddaadha. Yaa Rabbi ati qulqulloofte. Yaa Rabbi ani lubbuu

466 Ahmadiifi Ibn Assunniitu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

468 Azzukhruf 13-14.

kiyya miidheeraa naaf araarami. Dubbiin, si malee kan yakka araaramu hin jiru.”[469]

## 96 - دُعَـــاءُ السَّـــــفَرِ

## 102. Du’aa’ii imalaa

207- اللَّهُ أَكْـــــــــبَرُ، اللَّهُ أَكْـــــــــبَرُ، اللَّهُ أَكْبَرُ،

{سُبْحانَ الَّذِي سَخَّرَ لَنَا هَذَا وَمَا كُنَّا لَهُ مُقْرِنِينَ * وَإِنَّا إِلَى رَبِّنَا لَمُنقَلِبُونَ}

((اللَّهُـمَّ إِنَّـا نَسْـأَلُكَ فِي سَـفَـرِنَا هَـذَا البِـرَّ وَالتَّـقْوَى، وَمِـنَ الْعَـمَلِ مَـا تَرْضَى، اللَّهُـمَّ هَـوِّنْ عَلَيْـنَا سَـفَرَنَا هَذَا وَاطْوِ عَنَّا بُعْدَهُ، اللَّهُـمَّ أَنْتَ الصَّـاحِبُ فِي السَّـفَرِ، وَالْخَلِيفَةُ فِي الْأَهْلِ، اللَّهُـمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنْ وَعْـثَاءِ السَّـفَرِ، وَكَآبَةِ الْمَنْـظَرِ، وَسُوءِ الْمُنْـقَلَبِ فِي الْمَالِ وَالْأَهْلِ))، وإذا رَجَعَ قَالَهُنَّ وَزَادَ فِيـهِنَّ: ((آيِبُـونَ، تائِبُـونَ، عَابِدُونَ، لِرَبِّنَا حَامِدُونَ))[(470)].

212- Rabbiin hundarra guddaadha. Rabbiin hundarra guddaadha. Rabbiin hundarra guddaadha. “Inni kana nuuf laaffise qulqullaa’e; nuti isa danda’oo hin turre. Nuti gara Gooftaa keenyaa deebi’oodha.”[471] Yaa Rabbi nuti imala keenya kana keessatti toltuufi tika, hojii irraa waan ati jaallattun si kadha. Yaa Rabbi imala

---

[469] Abuu Daawudiifi Tirmiziitu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

[471] Azzukhruf 13-14.

keenya kana nuuf laaffisi. Fageenya isaa nurraa mari. Yaa Rabbi imala keessatti situ shariika; maatii keessatti situ bakka bu’aadha. Yaa Rabbi cinqii imalaa, ilaalcha gaddisiisaafi deebii hamaa qabeenyaafi maatii keessatti arguu irraa sittin maganfadha.” Yeroo deebi’es kana jedhee kan armaan gadii itti ida’a: “nuti deebi’oodha; yoo Rabbiin fedhe toobbataa, Rabbiin gabbaraa, Rabbii keenya faarsaadha.”[472]

97 – دُعاءُ دُخُولِ القريَةِ أَوِ البَلْدَةِ

## 103. Du’aa’ii yeroo magaalaa yookiin biyya seenanii

208- ((اللَّهُمَّ رَبَّ السَّمَوَاتِ السَّبْعِ وَمَا أَظْلَلْنَ، وَرَبَّ الأَرَضِينَ السَّبْعِ وَمَا أَقْلَلْنَ، وَرَبَّ الشَّياطِينِ وَمَا أَضْلَلْنَ، وَرَبَّ الرِّيَاحِ وَمَا ذَرَيْنَ، أَسْأَلُكَ خَيْرَ هَذِهِ الْقَرْيَةِ، وَخَيْرَ أَهْلِهَا، وَخَيْرَ مَا فِيهَا، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّهَا، وَشَرِّ أَهْلِهَا، وَشَرِّ مَا فِيهَا))[473].

213- Yaa Allaah gooftaa samii torbaniifi waan isaan gaaddisiisanii, gooftaa dachii torbaniifi waan isaan baatanii, gooftaa shayxaanaafi waan isaan jallisanii, gooftaa qilleensaafi waan inni

[472] Muslimtu gabaase.

faffacaasee! Toltuu magaalaa kanaa, toltuu jiraattota isheefi toltuu ishee keessa jirun si kadha. Hamtuu ishee, hamtuu jiraattota isheefi hamtuu ishee keessa jiru irraa sittin maganfadha.”[474]

## 98 - دُعاءُ دُخُولِ السُّوقِ

## 104. Du’aa’ii yeroo gabaa (magaalaa) seenanii

209- ((لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَــرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ، وَلَهُ الْحَمْدُ، يُحْيِي وَيُمِيـتُ، وَهُوَ حَيٌّ لاِ يَمُوتُ، بِيَـدِهِ الْخَيْرُ، وَهُوَ عَلَى كُـلِّ شَـيْءٍ قَدِيرٌ))(475).

214- Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Inni tokkicha hiriyaa hin qabneedha. Mootummaan kan isaati. Faaruunis kan Isaati. Inni ni jiraachisa ni ajjeesa. Inni jiraataa hin duuneedha. Toltuun harka isaa jira. Inni waan hunda irratti danda’aadha.”[476]

[474] Alhaakimtu gabaasee sahiiha godhe. Zahabiinis isa deeggare. Ibn Baaz sanada Isaa Tuhfat Al-Akhbaar keessatti Hasan godhan.

[476] Tirmiziifi Alhaakimtu gabaasan. Albaaniin hasan godheera.

## 99 – الدُّعَاءُ إِذَا تَعِسَ المَرْكُوبُ

## 105. Du’aa’ii nama geejjibni duraa dadhabee.

210- ((بِسْمِ اللَّهِ))(477).

215- Maqaa Rabbiitiin.”[478]

## 100 – دُعَاءُ المُسَافِرِ لِلْمُقيم

## 106. Du’aa’ii musaafirri nama biyyaatiif godhu

211- ((أَسْتَوْدِعُكُمُ اللَّهَ الَّذِي لاَ تَضِيعُ وَدَائِعُهُ))(479).

216- Rabbii isa amaanaan biratti hin bannettin amaanaa isin kenna.”[480]

## 101 – دُعَاءُ المُقِيمِ لِلْمُسَافِرِ

## 107. Du’aa’ii namni biyyaa musaafiraaf godhu

212-(1) أَسْتَوْدِعُ اللَّهَ دِينَكَ، وَأَمَانَتَكَ، وَخَوَاتِيمَ عَمَلِكَ))(481).

---

[478] Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

[480] Ahmadiifi Ibn Maajaatu gabaasan.

217- Amantii kee, amaanaa keetiifi dhuma hojii keetii Rabbittin amaanaa kenna.”[482]

213-(2) ((زَوَّدَكَ اللَّهُ التَّقْوَى، وَغفَرَ ذَنْبَكَ، وَيَسَّرَ لَكَ الخَيْرَ حَيْثُ ما كُنْتَ))(483).

218- Rabbiin taqwaa galaa siif haa godhu. Badii kee siif haa araaramu. Bakka jirtu hundatti toltuu siif haa laaffisu.”[484]

## 102 – التَّكبيرُ والتَّسبِيحُ في سَيْرِ السَّفَر

## 108. Adeemsa imalaa keessatti takbiiraafi tasbiiha gochuu

214- قَالَ جَابِرٌ ﷺ: ((كُنَّا إِذَا صَعَدْنَا كَبَّرْنَا، وَإِذَا نَزَلْنَا سَبَّحْنَا))(485).

219- Jaabir (ra) ni jedhe: “yeroo gaaratti ol baane takbiiraa jenna. Yeroo buune immoo tasbiiha goona.”[486]

482 Ahmadiifi Tirmiziitu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

484 Tirmiziitu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

486 Bukhaariitu gabaase.

## 103 – دُعاءُ المُسَافِرِ إِذَا أَسْحَرَ

## 109. Du’aa’ii musaafirri yeroo assuhrii godhu

215- ((سَمَّعَ سَامِعٌ بِحَمْدِ اللَّهِ، وَحُسْنِ بَلاَئِهِ عَلَيْنَا، رَبَّنَا صاحِبْنَا، وَأَفْضِلْ عَلَيْنَا، عَائِذاً بِاللَّهِ مِنَ النَّارِ))(487).

220- Faaruu nuti Rabbiin faarsinuufi ni’imaa isaa gaarii nurra jiru amanuu dhagahaan dhagahee [ragaa baha]. Yaa Rabbii keenya nuun saahiboomi. Tola kee nurratti dhangalaasi. Ibidda irraa Rabbittin maganfadha.”[488]

## 104 – الدُّعَاءُ إِذَا نَزَلَ مَنْزِلاً فِي سَفَرٍ أَوْ غَيْرِهِ

## 110. Du’aa’ii yeroo imala yookiin kan biroo keessatti qubatte gootu

216- ((أَعُوذُ بِكَلِمَاتِ اللَّهِ التَّامَّاتِ مِنْ شَرِّ مَا خَلَقَ))(489).

221- Hamtuu Rabbiin uume irraa jecha Rabbii guutuuttin maganfadha.”[490]

---

[488] Muslimtu gabaase.

[490] Muslimtu gabaase.

## 105 - ذِكْرُ الرُّجُوعِ مِنَ السَّفَرِ

## 111. Zikrii yeroo imalaa deebi’anuu

217- ((يُكَبِّرُ عَلَى كُلِّ شَرَفٍ ثَلاَثَ تَكْبِيرَاتٍ ثُمَّ يَقُولُ: لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ، وَلَهُ الْحَمْدُ، وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ، آيِبُونَ، تَائِبُونَ، عَابِدُونَ، لِرَبِّنَا حَامِدُونَ، صَدَقَ اللَّهُ وَعْدَهُ، وَنَصَرَ عَبْدَهُ، وَهَزَمَ الْأَحْزَابَ وَحْدَهُ))(491).

222- Gaara hundarratti takbiiraa sadii jedha. Ergasii ni jedha: “Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Inni tokkicha hiriyaa hin qabneedha. Mootummaan kan isaati. Faaruunis kan Isaati. Inni waan hunda irratti danda’aadha. Nuti deebi’oodha; yoo Rabbiin fedhe toobbataa, Rabbiin gabbaraa, Rabbii keenya faarsaadha. Rabbiin waadaa isaa dhugoomseera. Gabricha isaa tumseera. Kophaa isaa garee diinaa bittinneesseera.”[492]

## 106 – مَا يَقُولُ مَنْ أَتَاهُ أَمْرٌ يَسُرُّهُ أَوْ يَكْرَهُهُ

## 112. Waan namni dhimmi isa gammachiisu yookiin jibbisiisu mudate jedhu

218- ((كَانَ النَّبِيُّ ص إِذَا أَتَاهُ الْأَمْرُ يَسُرُّهُ قَالَ: ((الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي بِنِعْمَتِهِ تَتِمُّ الصَّالِحَاتُ)) وَإِذَا أَتَاهُ الْأَمْرُ يَكْرَهُهُ قَالَ: ((الْحَمْدُ لِلَّهِ

[492] Nabiyyiin (saw) yeroo hajjii yookiin umraa irraa deebi’an jedhu ture. Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

عَلَى كُلِّ حَالٍ))(493).

223- Nabiyyiin (saw) yeroo dhimmi isaan gammachiisu isaan mudate ni jedhu: “faaruun kan Rabbii ni’imaa isaatiin wanti gaggaariin guuttuuti.” Yeroo wanti isaan jibban isaan mudate immoo “haala hundarrattuu faaruun kan Rabbiiti” jedhu.[494]

107 – فَضْلُ الصَّلاَةِ عَلَى النَّبيِّ ﷺ

## 113. Sadarkaa Nabiyyii (saw) irratti salawaata buusuun qabu

219-(1) قَالَ النَّبِيُّ ﷺ: ((مَنْ صَلَّى عَلَيَّ صَلاَةً صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ بِهَا عَشْراً))(495).

224- Nama si’a tokko salawaata narratti buuse Rabbiin isheedhaan si’a kudhan rahmata isarratti buusa.”[496]

220-(2) وَقَالَ ﷺ: ((لاَ تَجْعَلُوا قَبْرِي عِيداً وَصَلُّوا عَلَيَّ؛ فَإِنَّ

[494] Ibn Assunniitu gabaase. Albaaniin Sahiih Aljaami’iin keessatti sahiiha godheera.

[496] Muslimtu gabaase.

صَلاَتَكُم تَبْلُغُنِي حَيْثُ كُنْتُمْ))(497).

225- Nabiyyiin (saw) ni jedhan: "awwaala kiyya iida hin taasisinaa. Rahmata narratti buusaa. Salawaanni keessan bakkuma isin jirtan irraa natti dhaqqaba. "[498]

221-(3) وَقَـالَ ﷺ: ((الْبَخِيـلُ مَنْ ذُكِرْتُ عِنْـدَهُ فَلَمْ يُصَـــلِّ عَلَيَّ))(499).

226- Doyna namaa jechuun nama ani biratti dubbatamee salawaata narratti hin buufneedha."[500]

222-(4) وَقَـالَ ﷺ:((إِنَّ لِلَّهِ مَلاَئِكَـةً سَــيَّاحِينَ فِي الْأَرْضِ يُبَلِّغُونِي مِنْ أُمَّتِي السَّلاَمَ))(501).

227- Nabiyyiin (saw) ni jedhan: "Rabbiin maleykota dachii keessa deeman kan salaamtaa ummata kiyyaa natti dhaqqabsiisan qaba."[502]

223-(5) ((وَقَـالَ ﷺ: ((مَـا مِنْ أَحَدٍ يُسَــلِّمُ عَلَيَّ إِلاَّ رَدَّ اللَّهُ عَلَيَّ

498 Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

500 Tirmiziitu gabaase. Albaaniin Sahiih Aljaami'iin keessatti sahiiha godheera.

502 Nasaa'iifi Alhaakimtu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

رُوحِيَ حَتَّى أَرُدَّ عَلَيْهِ السَّلاَمَ))(503).

228- Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “namni tokko salaamtaa naan jedhee yoo Rabbiin ruuhii kiyya natti deebisee salaamtaa isatti deebise malee hin hafu.”[504]

## 108 - إِفْشَـــــاءُ السَّـــــــلاَمِ

## 114. Salaamtaa babal’isuu

224-(1) قَـالَ رَسُــولُ اللَّهِ ﷺ: ((لاَ تَـدْخُلُوا الْجَنَّـةَ حَتَّى تُؤْمِنُوا، وَلاَ تُؤْمِنُوا حَتَّى تَحَابُّوا، أَوَلاَ أَدُلُّكُم عَلَى شَــيْءٍ إِذَا فَعَلْتُمُوهُ تَحَابَبْتُم، أَفْشُــوا السَّلاَمَ بَيْنَكُمْ))(505).

229- Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “hanga amantanutti jannata hin seentanu. Hanga wal jaalattanitti hin amantanu. Waan isin hojjattanii wal jaalattan isin akeekuu? Salaamtaa jidduu keessanitti babal’isaa.”[506]

225- (2) ((ثَلاَثٌ مَنْ جَمَعَهُنَّ فَقَدْ جَمَعَ الْإِيمَانَ: الْإِنْصَـافُ مِنْ نَفْسِـكَ، وَبَذْلُ السَّلاَمِ لِلْعَالَمِ، وَالْإِنْفَاقُ مِنَ الإِقْتَارِ))(507).

---

[504] Abuu Daawudtu gabaase. Albaaniin hasan godheera.

[506] Muslimtu gabaase.

230- “Namni waa sadii walitti qabate dhugumatti iimaana walitti qabateera: lubbuu kee irratti haqa hojjachuu, aalamaaf salaamtaa baay’isuufi hiyyummaa irraa kennachuudha.”[508]

226- (3) وَعَنْ عَبْدِ اللَّهِ بْنِ عُمَرَ رَضِـيَ اللَّهُ عَنْهُمَا: أَنَّ رَجُلاً سَـأَلَ النَّبِيَّ ص أَيُّ الْإِسْــلاَمِ خَيْرٌ قَالَ: ((تُطْعِمُ الطَّعَامَ، وَتَقْرأُ السَّــلاَمَ عَلَى مَنْ عَرَفْتَ وَمَنْ لَمْ تَعْرِفْ))(509).

231- Abdullaah bin Umar irraa odeeffamee (ra) ni jedhe: namichi tokko Islaama kamtu caala jedhee Nabiyyii (saw) gaafate. Nabiyyiin (saw) ni jedhan: “nyaata nyaachifta. Nama beektuufi hin beekne irratti salaamtaa qaraata.”[510]

### 109 – كَيْفَ يَرُدُّ السَّلاَمَ عَلَى الْكَافِرِ إِذَا سَلَّمَ

## 115. Yeroo kaafirri salaamtaa jedhe akkaataa ittiin deebisan

227- ((إِذَا سَلَّمَ عَلَيْكُمْ أَهْلُ الْكِتَابِ فَقُولُوا: وَعَلَيْكُمْ))(511).

[508] Bukhaariitu Ammaar irraa mawquufa godhee mu’allaqaan gabaase.

[510] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

232- Yeroo warreen kitaabaa salaamtaa isiniin jedhan “isin irras haa jiraatu” jedhaa.[512]

110 – الدُّعاءُ عِنْدَ سَمَاعِ صِياحِ الدِّيكِ ونَهِيقِ الْحِمَارِ

## 116. Du’aa’ii yeroo lukkuun iyyeefi harreen halaake godhamu

228- ((إِذَا سَمِعْتُمْ صِيَاحَ الدِّيَكَةِ فَاسْأَلُوا اللَّهَ مِنْ فَضْلِهِ؛ فَإِنَّهَا رَأَتْ مَلَكاً وَإِذَا سَمِعْتُمْ نَهِيقَ الْحِمَارِ فَتَعَوَّذُوا بِاللَّهِ مِنَ الشَّيطَانِ؛ فَإِنَّهُ رَأَى شَيْطَاناً))(513).

233- Yeroo iyya lukkuu dhageessan tola Rabbii isa kadhaa. Isheen maleykaa argite waan taateef. Yeroo halaaka harree dhageessan shayxaana irraa Rabbitti maganfadhaa. Inni shayxaana arge waan ta’eef.

111 – الدُّعَاءُ عِنْدَ سَمَاعِ نُبَاحِ الْكِلاَبِ بِاللَّيْلِ

## 117. Du’aa’ii halkan yeroo sareen dutte godhamu

229- ((إِذَا سَمِعْتُمْ نُبَاحَ الْكِلاَبِ وَنَهِيقَ الْحَمِيرِ بِاللَّيْلِ فَتَعَوَّذُوا بِاللَّهِ مِنْهُنَّ؛ فَإِنَّهُنَّ يَرَيْنَ مَا لاَ تَرَوْنَ))(514).

512 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

234- Yeroo halkan dutaa sareefi halaaka harree dhageessan isaan irraa Rabbitti maganfadhaa. Isaan waan isin hin argine argu.”[515]

## 112 – الدُّعَاءُ لِمَنْ سَبَبْتَه

## 118. Du’aa’ii nama arrabsiteef gootu

230- قَالَ النَّبِيُّ ص: ((اللَّهُمَّ فَأَيُّمَا مُؤْمِنٍ سَبَبْتُهُ فَاجْعَلْ ذَلِكَ لَهُ قُرْبَةً إِلَيْكَ يَوْمَ الْقِيَامَةِ))(516).

235- Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “yaa Rabbi mu’umina ani arrabse hundaawuu arraba sana Guyyaa Qiyaamaa si biratti dhiheenya taasisiif.”[517]

## 113 – مَا يَقُولُ الْمُسْلِمُ إِذَا مَدَحَ الْمُسْلِمَ

## 119. Waan Muslimni yeroo Muslima faarse jedhu

231- قَالَ النَّبِيُّ ﷺ: ((إِذَا كَانَ أَحَدُكُمْ مَادِحاً صَاحِبَهُ لاَ مَحَالَةَ فَلْيَقُلْ: أَحْسِبُ فُلاَناً وَاللَّهُ حَسِيبُهُ، وَلاَ أُزَكِّي عَلَى اللَّهِ أَحَداً، أَحْسِبُهُ – إِنْ كَانَ يَعْلَمُ ذَاكَ – كَذَا وَكَذَا))(518).

236- Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “tokkoon keessan yeroo hiriyaa isaa faarsuun

[515] Abuu Daawudiifi Ahmadtu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

[517] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

dirqama itti ta’e ‘abalu akkanaan yaada; garuu Rabbitu isa qormaata. Nama tokkollee Rabbirratti hin qulqulleessu. Yoo waan irraa beeku ta’eef akkana akkana ta’aan yaada’ haa jedhu.”[519]

## 114 – مَا يَقُولُ الْمُسْلِمُ إِذَا زُكِّيَ

## 120. Waan Muslimni ogga qulqulleeffame jedhu

232- ((اللَّهُمَّ لاَ تُؤَاخِذْنِي بِمَا يَقُولُونَ، وَاغْفِرْ لِي مَا لاَ يَعْلَمُونَ، [وَاجْعَلْنِي خَيْراً مِمَّا يَظُنُّونَ])) (520).

237- Yaa Rabbi waan isaan jedhaaranuun na hin qabin. Waan isaan hin beekne naaf araarami. Waan isaan yaadaaran irra gaarii na taasisi.”[521]

## 115 – كَيْفَ يُلَبِّي الْمُحْرِمُ فِي الْحَجِّ أَوِ الْعُمْرَةِ

## 121. Muhrimni hajjiifi umraa keessatti akkamiin talbiyaa jedha

233- ((لَبَّيْكَ اللَّهُمَّ لَبَّيْكَ، لَبَّيْكَ لاَ شَـــرِيكَ لَكَ لَبَّيْكَ، إِنَّ الْحَمْدَ، وَالنِّعْمَةَ، لَكَ وَالْمُلْكَ، لاَ شَرِيكَ لَكَ)) (522).

---

519 Muslimtu gabaase.

521 Bukhaariitu Adab Almufrad keessatti gabaase. Albaaniin sahiiha godheera.

238- Siif owwaadhe yaa Rabbi siif owwaadhe! Shariikni siif hin jiruu siif owwaadhe. Faaruun, qananiifi mootummaan kan keeti. Shariikni siif hin jiru."[523]

116 – التَّكْبِيرُ إِذَا أَتَى الْحَجَرَ الأَسْوَدَ

## 122. Takbiiraa yeroo rukn al-aswaditti dhufanii

234- ((طَافَ النَّبِيُّ ﷺ بِالْبَيْتِ عَلَى بَعِيرٍ كُلَّمَا أَتَى الرُّكْنَ أَشَارَ إِلَيْهِ بِشَيْءٍ عِنْدَهُ وَكَبَّرَ))(524).

239- Nabiyyiin (saw) gaala irra taa'anii ka'abaa irra naanna'an. Hanguma ruknal aswaditti dhufanuun, wahiin itti akeekanii takbiiraa godhu.[525]

117 – الدُّعَاءُ بَيْنَ الرُّكْنِ الْيَمَانِيِّ وَالْحَجَرِ الأَسْوَدِ

## 123. Du'aa'ii jidduu Rukn Alyamaaniifi Hajar Al-aswaditti godhamu

235- (((رَبَّنَا آتِنَا فِي الدُّنْيَا حَسَنَةً وَفِي الْآخِرَةِ حَسَنَةً وَقِنَا عَذَابَ النَّارِ)))(526).

---

[523] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

[525] Bukhaariitu gabaase. Wahiin itti akeekan kan jedhame keezzaraadha.

240- Gooftaa keenya! addunyaatti toltuu, Aakhirattis toltuu nuuf kenni; adabbii ibiddaa irraa nu baraari."[527]

### 118 –دُعَاءُ الْوُقُوفِ عَلَى الصَّفَا وَالمَرْوَةِ

## 124. Du’aa’ii Safaafi Marwaa irratti godhamu

236- ((لَمَّا دَنَا النَّبِيُّ ﷺ مِنَ الصَّفَا قَرَأَ: ( نَّ الصَّفَا وَالْمَرْوَةَ مِنْ شَعَائِرِ اللَّهِ فَمَنْ حَجَّ الْبَيْتَ أَوِ اعْتَمَرَ فَلَا جُنَاحَ عَلَيْهِ أَنْ يَطَّوَّفَ بِهِمَا وَمَنْ تَطَوَّعَ خَيْرًا فَإِنَّ اللَّهَ شَاكِرٌ عَلِيمٌ}.. {البقرة : 158} ((أَبْدَأُ بِمَا بَدَأَ اللَّهُ بِهِ)) فَبَدَأَ بِالصَّفَا فَرَقِيَ عَلَيْهِ حَتَّى رَأَى الْبَيْتَ، فَاسْتَقْبَلَ الْقِبْلَةَ، فَوَحَّدَ اللَّهَ وَكَبَّرَهُ وَقَالَ: ((لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ، لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ، أَنْجَزَ وَعْدَهُ، وَنَصَرَ عَبْدَهُ، وَهَزَمَ الأَحْزَابَ وَحْدَهُ، ثُمَّ دَعَا بَيْنَ ذلكَ. قَالَ مِثْلَ هَذَا ثَلاَثَ مَرَّاتٍ)) الْحَدِيثُ. وَفِيهِ: ((فَفَعَلَ عَلَى الْمَرْوَةِ كَمَا فَعَلَ عَلَى الصَّفَا))(528).

241- Nabiyyiin (saw) yeroma Safaatti dhihaatanu "[gaarri] Safaafi Marwaa mallattoolee Rabbii irraayi" jechuu qara'an. "Waan Rabbiin jalqabeenin jalqaba" jedhan. Safaatti ol ba'anii Manicha (ka'abaa) argan. Qiblaatti gara galanii Rabbiin tokkoomsanii isa guddisan. Ni jedhan: "Laa Ilaaha Illallaah;

[527] Abuu Daawudiifi Ahmadtu gabaasan. Albaaniin hasan godheera.

Wahdahuu laa shariika lah. Lahul mulk, walahul hamdu wahuwa alaa kulli shay'iin qadiir. Laa'ilaaha illallaahu wahdah, anjaza wa'adah; wa nasara abdah. Wahazamal ahzaaba wahdah" hiikti isaas "Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru; inni tokkicha. Shariikni isaaf hin jiru. Mootummaan kan isaati; faaruunis kan isaati. Inni waan cufa irratti danda'aadha. Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Beellama isaa ni guute; garbicha isaas ni tumse; garee diinotaas kophaa isaa bittinneesse." Ergasii jidduu sanatti du'aa'ii godhanii fakkiidhuma isa kanaa yeroo sadii jedhan. Ergasii Safaa irraa gara Marwaatti bu'an. Yeroma miilli isaanii garaa dhiibuu keessa gadi dhaabbatu ni fiigan. Yeroo ol koran immoo gara Marwaa deeman. Marwaa irrattis fakkiidhuma waan Safaa irratti hojjatanii hojjatan."

## 119 – الدُّعَاءُ يَوْمَ عَرَفَةَ

## 125. Du’aa’ii guyyaa Arafaa

237- قَالَ النَّبِيُّ ﷺ: ((خَيْرُ الدُّعَاءِ دُعَاءُ يَوْمِ عَرَفَةَ، وَخَيْرُ مَا قُلْتُ أَنَا وَالنَّبِيُّونَ مِنْ قَبْلِي: لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ))(529).

242- Caalaan du’aa’ii, du’aa’ii guyyaa Arafaati. Caalaan waan aniifi nabiyyoonni ana duraa jedhanii "Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru; inni tokkicha. Shariikni isaaf hin jiru. Mootummaan kan isaati; faaruunis kan isaati. Inni waan cufa irratti danda'aadha.”[530]

## 120 – الذِّكْرُ عِنْدَ الْمَشْعَرِ الْحَرَامِ

## 126. Zikrii Mash’ar Alharaam biratti godhamu

238- ((رَكِبَ النَّبِيُّ ﷺ الْقَصْوَاءَ حَتَّى أَتَى الْمَشْعَرَ الْحَرَامَ فَاسْتَقْبَلَ الْقِبْلَةَ (فَدَعَاهُ، وَكَبَّرَهُ، وَهَلَّلَهُ، وَوَحَّدَهُ) فَلَمْ يَزَلْ وَاقِفاً حَتَّى أَسْفَرَ جِدّاً فَدَفَعَ قَبْلَ أَنْ تَطْلُعَ الشَّمسُ))(531).

243- Nabiyyiin (saw) geejjiba yaabbatanii mash'aral Haraamiin dhufanii qiblaatti deebi'uun du'aa godhan; Rabbiin guddisan. Laa Ilaaha

---

[530] Tirmiziitu gabaase. Albaaniin hasan godheera.

Illallaah jedhan. Isa tokkichoomsan. Hanga bareechee ifutti achi dhaabatan. Achumaan odoo biiftuun hin bahin deeman.[532]

121 – التَّكْبِيرُ عِنْدَ رَمْيِ الْجِمَارِ مَعَ كُلِّ حَصَاةٍ

## 127. Yeroo jamraa darbatan takbiiraan shafee hunda waliin jedhama

239- ((يُكَبِّرُ كُلَّمَا رَمَى بِحَصَاةٍ عِنْدَ الْجِمَارِ الثَّلاَث، ثُمَّ يَتَقَدَّمُ، ويَقِفُ يَدْعُو مُسْتَقْبِلَ الْقِبلَةِ، رَافِعاً يَدَيْهِ بَعْدَ الْجَمْرَةِ الْأُولَى وَالثَّانِيَةِ. أَمَّا جَمْرَةُ الْعَقَبَةِ فَيَرْمِيهَا وَيُكَبِّرُ عِنْدَ كُلِّ حَصَاةٍ وَيَنْصَرِفُ وَلاَ يَقِفُ عِنْدَهَا))[533].

244- Jamraa sadan birattuu hanguma shafee darbatuun takbiiraa godha. Jamraa tokkoffaafi lammaffaa booda gara fuulduraa deemee qiblaatti deebi’ee harka isaa ol fuudhee du’aa’ii godha. Jamrat Al-aqabaa biratti immoo ishee darbatee shafee hunda biratti takbiiraa jedha. Ergasii ni deema dhaabatee du’aa’ii hin godhu.”[534]

---

[532] Muslimtu gabaase.

[534] Bukhaariitu gabaase.

## 122 – دُعَاءُ التَّعَجُّبِ وَالأَمْرِ السَّارِّ

## 128. Du'aa'ii nama waa ajaa'ibsiifateefi wahitti gammadee

240-(1) ((سُبْحَانَ اللَّهِ!))(535).

245- Rabbiin qulqullaa'e!"[536]

241-(2) ((اللَّهُ أَكْبَرُ!))(537).

246- Rabbiin hundarra guddaadha."[538]

## 123 – مَا يَفْعَلُ مَنْ أَتَاهُ أَمْرٌ يَسُرُّه

## 129. Waan namni dhimmi isa gammachiisu itti dhufe hojjatu

242- ((كَانَ النَّبِيُّ ص إِذَا أَتَاهُ أَمْرٌ يَسُرُّهُ أَوْ يُسَرُّ بِهِ خَرَّ سَاجِداً شُكْراً لِلَّهِ تَبَارَكَ وَتَعَالَى))(539).

247- Nabiyyiin (saw) yeroo dhimmi isaan gammachiisu yookiin itti gammadamu isaanitti dhufe galata Rabbii guddatee ol ta'eetiif sujuudii bu'u turan."[540]

---

536 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

538 Bukhaariitu gabaase.

540 Arba'aatu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

124 – مَا يَفْعَلُ وَيَقُولُ مَنْ أَحَسَّ وَجَعاً فِي جَسَدِهِ

## 130. Waan namni dhukkubni qaama isaatti dhaga'ame jedhu

243- ((ضَعْ يَدَكَ عَلَى الَّذِي تَأَلَّمَ مِنْ جَسَدِكَ وَقُلْ: بِسْمِ اللَّهِ، ثَلاَثاً، وَقُلْ سَبْعَ مَرَّاتٍ: أَعُوذُ بِاللَّهِ وَقُدْرَتِهِ مِنْ شَرِّ مَا أَجِدُ وَأُحَاذِرُ))(541).

248- Qaama kee isa laalate irra harka kee kaa'ii si'a sadii "maqaa Rabbiitiin" jedhi. Ergasii si'a torba kan armaan gadii jedhi: "hamtuu natti dhaga'amaaruufi sodaadhu irraa Rabbiifi dandeettii isaattin maganfadha."[542]

125 – دُعَاءُ مَنْ خَشِيَ أَنْ يُصِيبَ شَيْئاً بِعَيْنِهِ

## 131. Du'aa'ii namni ija isaatiin waa tuquu sodaate godhu

244- ((إِذَا رَأَى أَحَدُكُم مِنْ أَخِيهِ، أَوْ مِنْ نَفْسِهِ، أَوْ مِنْ مَالِهِ مَا يُعْجِبُهُ [فَلْيَدْعُ لَهُ بِالْبَرَكَةِ] فَإِنَّ الْعَيْنَ حَقٌّ))(543).

249- Tokkoon keessan yeroo obboleessa isaa, lubbuu isaa yookiin qabeenya isaa irraa waan isa

[542] Muslimtu gabaase.

ajaa’ibsiise arge barakaa haa kadhatuuf. Ijji (budaan) dhugaadha.”[544]

## 126 – مَا يُقَالُ عِنْدَ الْفَزَعِ

## 132. Waan yeroo naasuu jedhamu

245- ((لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ!))[545].

250- Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru.”[546]

## 127 – مَا يَقُولُ عِنْدَ الذَّبْحِ أَوِ النَّحْرِ

## 133. Waan yeroo gorraasuu jedhamu

246- ((بِسْمِ اللَّهِ وَاللَّهُ أَكْبَرُ [اللَّهُمَّ مِنْكَ وَلَكَ] اللَّهُمَّ تَقَبَّلْ مِنِّي))[(547)]

251- Maqaa Rabbiitiin; Rabbiin hundarra guddaadha. Yaa Rabbi si biraayyi simaafin qalaaras. Yaa Rabbi narraa qeebali.

544 Ahmadiifi Maaliktu gabaasan. Albaaniin Sahiih Aljaami’iin keessatti sahiiha godheera.

546 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

128 – مَا يَقُولُ لِرَدِّ كَيْدِ مَرَدَةِ الشَّيَاطِينِ

## 134. Toftaa shayxaana fincilaa deebisuuf waan jedhamu

247- ((أَعُوذُ بِكَلِمَـاتِ اللَّهِ التَّـامَّـاتِ الَّتِي لاَ يُجَـاوِزُهُنَّ بَرٌّ وَلاَ فَـاجِرٌ: مِنْ شَـــرِّ مَـا خَلَقَ، وَبَرَأَ وَذَرَأَ، وَمِنْ شَـــرِّ مَـا يَنْزِلُ مِنَ السَّـمَاءِ، وَمِنْ شَـرِّ مَا يَعْرُجُ فِيهَا، وَمِنْ شَـرِّ مَا ذَرَأَ فِي الْأَرْضِ، وَمِنْ شَـرِّ مَا يَخْرُجُ مِنْهَا، وَمِنْ شَـرِّ فِتَنِ اللَّيْلِ وَالنَّهَارِ، وَمِنْ شَـرِّ كُلِّ طَارِقٍ إِلاَّ طَارِقاً يَطْرُقُ بِخَيْرٍ يَا رَحْمَنُ))[(548)].

252- Hamtuu Rabbiin uume, khallaqeefi facaase irraa, hamtuu samii bu'uufi hamtuu ol koru irraa, hamtuu inni dachii keessa facaaseefi hamtuu ishee irraa bahu irraa, hamtuu mokkoroo guyyaafi halkanii irraa, hamtuu waan halkan dhufuu kan khayriin hin dhufnee irraa jechoolee Rabbii guutuu kan warri gaggaariifi hamaanillee bira hin tarreenin maganfadha yaa Rahmaan."[549]

129 – الاستِغْفَارُ والتَّوبَةُ

## 135. Araarama kadhachuufi tawbachuu

248-(1) قَالَ رَسُــولُ اللَّهِ ص: ((وَاللَّهِ إِنِّي لأَسْــتَغفِرُ اللَّهَ وَأَتُوبُ

[549] Ahmadtu gabaase. Shu'ayb Al-Arnaa'uuxiin sanada isaa sahiiha godheera.

إِلَيْهِ فِي الْيَوْمِ أَكْثَرَ مِنْ سَبْعِينَ مَرَّةٍ))(550).

253- Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “wallaahii ani guyyaa tokko keessatti si’a torbaatamaa olin araarama Rabbiin kadhee tawbaa gara isaatti deebi’a.”[551]

249-(2) وَقَالَ ﷺ: ((يَا أَيُّهَا النَّاسُ تُوبُوا إِلَى اللَّهِ فَإِنِّي أَتُوبُ فِي الْيَوْمِ إِلَيْهِ مِائَةَ مَرَّةٍ))(552).

254- Nabiyyiin (saw) ni jedhan: “yaa namootaa tawbaa godhaa gara Rabbii deebi’aa. Ani guyyaa tokko keessatti si’a dhibban tawbadha.”[553]

250-(3) وَقَالَ ﷺ: ((مَنْ قَالَ أَسْتَغْفِرُ اللَّهَ الْعَظِيمَ الَّذِي لاَ إِلَهَ إِلاَّ هُوَ الْحَيُّ الْقَيُّومُ وَأَتُوبُ إِلَيهِ، غَفَرَ اللَّهُ لَهُ وَإِنْ كَانَ فَرَّ مِنَ الزَّحْفِ))(554).

255- Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “namni ‘Rabbii guddaa isa dhugaan gabbaramaan isa malee hin jirre, jiraataa, waan hunda to’ataan araarama kadha; tawbadheen gara isa deebi’a’

---

551 Bukhaariitu gabaase.

553 Muslimtu gabaase.

jedhe, odoma lola irraa baqateera ta'ee Rabbiin isaaf araarama."[555]

251-(4) وَقَالَ ﷺ: ((أَقْرَبُ مَا يَكُونُ الرَّبُّ مِنَ الْعَبْدِ فِي جَوْفِ اللَّيْلِ الآخِرِ فَإِنِ اسْتَطَعْتَ أَنْ تَكُونَ مِمَّنْ يَذْكُرُ اللَّهَ فِي تِلْكَ السَّاعَةِ فَكُنْ))(556).

256- Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: "yeroon Rabbiin akkaan gabrichatti dhihaatu dhuma halkanii keessa. Yoo nama yeroo sana keessa Rabbiin faarsuu danda'u taateef isaan irraa ta'i."[557]

252-(5) وَقَالَ ﷺ: ((أَقْرَبُ مَا يَكُونُ الْعَبْدُ مِنْ رَبِّهِ وَهُوَ سَــاجِدٌ فَأَكْثِرُوا الدُّعَاءَ))(558).

257- Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: "yeroon gabrichi akkaan Rabbii isaatti dhihaatu ogga sujuudiiti. Kanaafuu du'aa'ii baay'isaa."[559]

253-(6) وَقَالَ ﷺ: ((إِنَّهُ لَيُغَانُ عَلَى قَلْبِي وَإِنِّي لأَسْتَغْفِرُ اللَّهَ فِي الْيَوْمِ مِائَةَ مَرَّةٍ))(560).

555 Abuu Daawudiifi Tirmiziitu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

557 Tirmiziifi Nasaa'iitu gabaasan. Albaaniin sahiiha godheera.

559 Muslimtu gabaase.

258- Nabiyyiin (saw) ni jedhan: “yeroo garii qalbii kiyya irra haguuga. Ani guyyaa keessatti si’a dhibban Rabbiin araarama kadha.”[561]

## 130 –فَضْلُ التَّسْبِيحِ وَالتَّحْمِيدِ، وَالتَّهْلِيلِ، وَالتَّكْبِيرِ

## 136. Sadarkaa tasbiihiin, Rabbiin faarsuun, tahliilliifi takbiiraan qabu[562]

254-(1) ((قَالَ ﷺ مَنْ قَالَ: سُبْحَانَ اللَّهِ وَبِحَمْدِهِ فِي يَوْمٍ مِائَةَ مَرَّةٍ حُطَّتْ خَطَايَاهُ وَلَوْ كَانَتْ مِثْلَ زَبَدِ الْبَحْرِ))(563).

259- Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “namni guyyaatti si’a dhibba “faaruu isaa waliin Rabbiin qulqullaa’e” jedhe badiin isaa odoma fakkii oomocha bahrii ta’eeyyuu irraa harca’a.”[564]

255-(2) وَقَالَ ﷺ: ((مَنْ قَالَ لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ، وَلَهُ الْحَمْدُ، وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ عَشْرَ مِرَارٍ، كَانَ كَمَنْ أَعْتَقَ أَرْبَعَةَ أَنْفُسٍ مِنْ وَلَدِ إِسْمَاعِيلَ))(565).

260- Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “namni si’a kudhan ‘dhugaan gabbaramaan Rabbiin

[561] Muslimtu gabaase. Akka Ibn Al-Asiir jedhatti haguuguun itti fedhame yeroo garii gosa zikrii wahii irraa dagachuudha.
[562] Tasbiiha jechuun Rabbiin qulqulleessuu, tahliilli ‘laa ilaaha illallaah’ jechuu yoo ta’u takbiiraan immoo Rabbiin guddisuudha.

[564] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

malee hin jiru. Inni tokkicha. Shariikni isaaf hin jiru. Mootummaan kan isaati; faaruunis kan isaati. Inni waan cufa irratti danda'aadha’ jedhe akka nama ilmaan Ismaa’iil irraa nama kudhan bilisoomsee ta’a.”[566]

256-(3) وَقَالَ ﷺ: ((كَلِمَتَانِ خَفِيفَتَانِ عَلَى اللِّسَـــانِ، ثَقِيلَتَانِ فِي الْمِيزَانِ، حَبِيبَتَانِ إِلَى الرَّحْمَنِ: سُـبْحَانَ اللَّهِ وَبِحَمْدِهِ، سُـبْحَانَ اللَّهِ الْعَظِيمِ))(567).

261- Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “himoonni lama arraba irratti sasalphoo, madaala keessatti gurguddoo, gara Arrahmaanitti jaallatamtuun ‘Rabbiin faaruu isaa waliin qulqullaa’e. Rabbiin guddaan qulqullaa’e’ kan jedhuudha.”[568]

257-(4) وَقَالَ ﷺ: ((لَأَنْ أَقُولَ سُـبْحَانَ اللَّهِ، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ، وَلاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ، وَاللَّهُ أَكْبَرُ، أَحَبُّ إِلَيَّ مِمَّا طَلَعَتْ عَلَيْهِ الشَّمسُ))(569).

262- Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: “ani ‘Rabbiin qulqullaa’e; faaruun kan Rabbiiti. Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru.

566 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

568 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

Rabbiin hundarra guddaadha’ jechuutu waan biiftuun irratti baate irra na biratti jaalatama.”[570]

258-(5) وَقَالَ ﷺ: ((أَيَعْجِزُ أَحَدُكُم أَنْ يَكْسِبَ كُلَّ يَوْمٍ أَلْفَ حَسَنَةٍ)) فَسَأَلَهُ سَائِلٌ مِنْ جُلَسَائِهِ كَيْفَ يَكْسِبُ أَحَدُنَا أَلْفَ حَسَنَةٍ؟ قَالَ: ((يُسَبِّحُ مِائَةَ تَسْبِيحَةٍ، فَيُكْتَبُ لَهُ أَلْفُ حَسَنَةٍ أَوْ يُحَطُّ عَنْهُ أَلْفُ خَطِيئَةٍ))(571).

263- Nabiyyiin (saw) ni jedhan: “tokkoon keessan guyyaa hundaa toltuu kuma hojjachuu dadhabaa?” Namni tokko “tokkoon keenya akkamitti toltuu kuma hojjachuu danda’a?” jedhe. Nabiyyiin (saw) ni jedhan: “tasbiihaa dhibba jedha. Kanaan toltuun kumni isaaf barreeffama yookiin badiin kumni isarraa harcaafama.”[572]

---

570 Muslimtu gabaase.

572 Muslimtu gabaase.

259-(6) ((مَنْ قَالَ: سُبْحَانَ اللَّهِ الْعَظِيمِ وَبِحَمْدِهِ غُرِسَتْ لَهُ نَخْلَةٌ فِي الْجَنَّةِ))(573).

264- Nama "Rabbiin guddaan faaruu isaa waliin qulqullaa'e" jedhe, jannata keessatti nakhliin isaaf dhaabamti.[574]

260-(7) وَقَالَ ﷺ: ((يَا عَبْدَ اللَّهِ بْنَ قَيْسٍ أَلاَ أَدُلُّكَ عَلَى كَنْزٍ مِنْ كُنُوزِ الْجَنَّةِ))؟ فَقُلْتُ: بَلَى يَا رَسُولَ اللَّهِ، قَالَ: ((قُلْ لاَ حَوْلَ وَلاَ قُوَّةَ إِلاَّ بِاللَّهِ))(575).

265- Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: "Yaa Abdullaah bin Qays kuusaa kuusaalee jannataa irraa ta'e si akeekuu?" Eeyyeen yaa Ergamaa Rabbiin jedhe. Nabiyyiin (saw) ni jedhan: "tooftaafi humni Rabbiin biraa malee hin jiru' jedhi."[576]

---

574 Tirmiziitu gabaase. Albaaniin Sahiih Aljaami'iin keessatti sahiiha godheera.

576 Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

261-(8) وَقَـالَ ﷺ: ((أَحَـبُّ الْكَلاَمِ إِلَى اللَّهِ أَرْبَعٌ: سُــبْحَـانَ اللَّهِ، وَالْحَمْـدُ لِلَّهِ، وَلاَ إِلَـهَ إِلاَّ اللَّهُ، وَاللَّهُ أَكْبَرُ، لاَ يَضُـــرُّكَ بِـأَيِّهِنَّ بَدَأْتَ))(577).

266- Nabiyyiin (saw) ni jedhan: "haasaan Rabbiin biratti akkaan jaallatamaan afuri: Rabbiin qulqullaa'e; faaruun kan Rabbiiti. Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Rabbiin hundarra guddaadha.' Isaan keessaa kamiinuu eegaltu si hin miidhu."[578]

262-(9) جَاءَ أَعْرَابِيٌّ إِلَى رَسُــولِ اللَّهِ ﷺ فَقَالَ: عَلِّمْنِي كَلاماً أَقُولُـهُ: قَـالَ: ((قُلْ: لاَ إِلَـهَ إِلاَّ اللَّهُ وَحْدَهُ لاَ شَـــرِيكَ لَـهُ، اللَّهُ أَكْبَرُ كَبِيراً، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ كَثِيراً، سُــبْحَانَ اللَّهِ رَبِّ العَالَمِينَ، لاَ حَوْلَ وَلاَ قُوَّةَ إِلاَّ بِـاللَّهِ الْعَزِيزِ الْحَكِيمِ)) قَـالَ: فَهَؤُلاَءِ لِرَبِّي، فَمَـا لِي؟ قَـالَ: ((قُلْ: اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِي، وَارْحَمْنِي، وَاهْدِنِي، وَارْزُقْنِي))(579).

267- Namni baadiyyaa tokko gara Ergamaa Rabbii (saw) dhufee ni jedhe: 'jecha ani jedhu na barsiisi.' Nabiyyiin (saw) ni jedhan: ""Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Inni tokkicha. Shariikni isaaf hin jiru. Rabbiin guddina isaan malu guddate. Faaruun baay'een

---

578 Muslimtu gabaase.

kan Rabbiiti. Rabbiin gooftaan aalamaa qulqullaa'e. Tooftaafi humni, Rabbii injifataa ogeessa biraa malee hin argamu' jedhi." Namichis "kuni Rabbii kootiifi. Anaahoo?" jedhe. Nabiyyiin (saw) ni jedhan: "yaa Rabbi naaf araarami. Na mararfadhu. Na qajeelchi. Na soori" jedhi.[580]

263-(10) كَانَ الرَّجُلُ إِذَا أَسْـلَمَ عَلَّمَهُ النَّبِيُّ ﷺ الصَّـلاَةَ ثُمَّ أَمَرَهُ أَنْ يَدْعُوَ بِهَؤُلاَءِ الْكَلِمَاتِ: ((اللَّهُمَّ اغْفِرِ لِي، وَارْحَمْنِي، وَاهْدِنِي، وَعَافِنِي وَارْزُقْنِي))(581).

268- Namni tokko yeroo inni islaama'e Nabiyyiin (saw) salaata isa barsiisu. Ergasii jechoota armaan gadiitiin kadhachuu isa barsiisu: "yaa Rabbi naaf araarami. Na mararfadhu. Na qajeelchi. Nagaa na godhi. Na soori."[582]

264-(11) ((إِنَّ أَفْضَـلَ الدُّعَاءِ الْحَمْدُ لِلَّهِ، وَأَفضَـلَ الذِّكْرِ لاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ))(583).

580 Muslimtu gabaase. Abuu Daawud dabalee yeroo namichi deemu "toltuu harka isaa guuttateera" jedhaniin.

582 Muslimtu gabaase. Gabaasa Muslim keessatti "himoonni kun addunyaafi aakhiraa kee walitti siif qabdi."

269- Caalaan du’aa’ii ‘faaruun kan Rabbiiti’ jechuu yoo ta’u zikriin caalaan ‘dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru’ kan jedhuudha.’’[584]

265-(12) ((الْبَاقِيَاتُ الصَّالِحَاتُ: سُبْحَانَ اللَّهِ، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ، وَلاَ إِلَهَ إِلاَّ اللَّهُ، وَاللَّهُ أَكْبَرُ، وَلاَ حَوْلَ وَلاَ قُوَّةَ إِلاَّ بِاللَّهِ))(585).

270- Jechooleen haftuun gaggaariin ‘Rabbiin qulqullaa’e. Faaruun kan Rabbiiti. Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru. Rabbiin hundarra guddaadha. Tooftaafi humni Rabbiin biraa malee hin jiru’’ kan jedhuudha[586]

131 – كَيْفَ كَانَ النَّبِيُّ ﷺ يُسَبِّحُ؟

## 137. Nabiyyiin (saw) akkamitti tasbiiha godhu

266- عَنْ عَبْدِ اللَّهِ بْنِ عَمْرٍو رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُمَا قَالَ: ((رَأَيْتُ النَّبِيَّ ﷺ يَعْقِدُ التَّسْبِيحَ)) وفي زيادةٍ: ((بِيَمِينِهِ))(587).

[584] Tirmiziifi Ibn Maajaatu gabaasan. Albaaniin Sahiih Aljaami’iin keessatti sahiiha godheera.

[586] Ahmadtu gabaase. Sananni isaa sahiiha.

271- Abdullaah bin Amr irraa odeeffamee (ra) ni jedhe: "kan Nabiyyiin (saw) quba mirgaa isaaniitiin tasbiiha godhanin arge."[588]

132 – مِنْ أَنْــوَاعِ الْخَــيْرِ وَالآدَابِ الْجَـــامِعَةِ

## 138. Gosoota toltuufi naamuusa walii gala

267- قَالَ النَّبِيُّ ﷺ ((إِذَا كَانَ جُنْحُ اللَّيْلِ – أَوْ أَمْسَيْتُم – فَكُفُّوا صِبْيَانَكُم، فَإِنَّ الشَّيَاطِينَ تَنْتَشِرُ حِينَئِذٍ، فَإِذَا ذَهَبَ سَاعَةٌ مِنَ اللَّيْلِ فَخَلُّوهُمْ، وَأَغْلِقُوا الأَبْوَابَ وَاذْكُرُوا اسْمَ اللَّهِ؛ فَإِنَّ الشَّيطَانَ لاَ يَفْتَحُ بَاباً مُغْلَقاً، وَأَوْكُوا قِرَبَكُمْ، وَاذْكُرُوا اسْمَ اللَّهِ، وَخَمِّرُوا آنِيَتَكُم، وَاذْكُرُوا اسْمَ اللَّهِ، وَلَوْ أَنْ تَعْرُضُوا عَلَيْهَا شَيْئاً، وَأَطْفِئُوا مَصَابِيحَكُمْ))(589).

272- Yeroo sa'aatiin halkanii dhufe daa'imman keessan qabaa. Shayxaanni yeroo kana keessa faffaca'u. Yeroo sa'aatiin halkanii hanga ta'e deeme isaan lakkisaa. Hulaa cufaa. Maqaa Rabbii irratti dubbadhaa. Shayxaanni hulaa cufame hin banu. Qalqalloo keessan hidhaatii maqaa Rabbii irratti dubbadhaa. Meeshaa keessan odoma waan ta'e irra fiduu ta'ee qadaadaatii maqaa Rabbii irratti dubbadhaa. Ifaa keessanis dhaamsaa."[590]

[588] Abuu Daawudiifi Tirmiziitu gabaasan. Albaaniin Sahiih Aljaami'iin keessatti sahiiha godheera.

[590] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

وَصَلَّى اللَّهُ وَسَلَّمَ وَبَارَكَ عَلَى نَبِيِّنَا مُحَمَّدٍ وَعَلَى آلِهِ وَأَصْحَابِهِ أَجْمَعِينَ.

Rahmanni Rabbii, nageenyi isaatiifi barakaan isaa Nabiyyii keenya Muhammad, maatii isaaniitiifi sahaabota isaanii hundarra haa jiraatu.

IslamHouse.com